WAADAALEE IDIL-ADDUNYAA MIRGOOTA NAMOOMAA

KOMIISHINII MIRGOOTA NAMOOMAA
ITOOPHIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Sadaasa 1999
FINFINNEE

©2001 WAADAALEE IDIL-ADDUNYAA MIRGOOTA NAMOOMAA, KOMIISHINII MIRGOOTA NAMOOMAA ITOOPHIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Kutaa waa'ee Kuufama barreeffama adda addaa

Maxxansiisni kun yaada bu'uuraa Sagantaalee dhaabbilee dimookraatawaa ta'an irratti hundaa'uudhaan waajjira komiishinii Mirga Namummaa Itoophiyaa fi Komiishinii Ol'aanaa Mirga Namummaa Mootummoota Gamtaa'anii Waajjira Naannoo Afriikaa bahaatti argamutiin kan maxxansame dha

Seensa

Hojiin inni guddaan Komiishiniin Mirgoota Namoomaa Itoophiyaatiin raawwatamu inni guddaan mirgoota namoomaa ilaalchisuun barumsa bal'aa wal irraa hincinne kennuudha. Labsii hundeeffama Komiishinii Mirgoota Namoomaa irratti akka argisiifametti, ergamni Komiishinichaa inni bu'uraa hawaasni mirgoota isaa uumamaa haala gaariin akka hubatuufi hojii irra ooluu isaanii dammaqinaan akka hordofu dandeessisuudha.

Kanaafuu, Komiishinichi yeroo itti hundeeffamee eegalee hojiiwwan ergama isaa kana raawwachuu isa dandeessisu hojjetaa ture. Yeroo filannoo isa bara A.L.I 1997, hojii filannoofi mirgoota namoomaa akka walsimssiisanii adeemsisaniif hawaasa filannoo adeemsisuuf kitaabolee hubannoo kennan Amaariffaan, Afaan Oromoofi Tigiriffaan maxxansiisee raabseera. Meeshaaleen qunnamtii ummataa garaagaraa hojii barumsa kennu kan qindeeffameefi walirraa hincinne dhiyeessuuf qophii irratti argama.

Kutaalee hawaasaa xiyyeeffannaa guddaadhaan Komiisshniin kun keessatti hojjetaa jiru keessaa adda-dureeyyiin barattootadha. Barattoonni daa'imman, ijoolleeniifi dargaggoon sadarkaa kamirrattiyyuu jiran, sababni isaan xiyyeeffannoo komiishinichaa argataniif, abdiiwwan kan biyyattii bor ofitti fuudhan waan ta'aniifidha.

Barattoonni bor Itoophiyaa ofitti fuudhanii ijaaruufi sirna demokraatawaa isa cimaafi qaroomaa adeemsisuu akka itti fufan abdiin irra kaa'amu, barbaachisummaa mirgoota namoomaa gadi fageenyaan beekuu qabu.

Dhimmoota ciccimoo mirgoota namoomaa sirriitti hubatanii sammuu keessatti yoo qabatan, humnoota mirgoota kanaaf falman ta'uun isaanii hin-hafu. Deemsa hawaasa mirgoonni namoomaa isaa kabajameefiifi akka kabajamuuf ciminaan dhaabbatu ijaaruu keessatti

itti-gaafatamummaan barattootaa ol'aanaa ta'uu hubachuu barbaachisa.

Kanaaf jedhamees, kitaabni "Mirgoota Namoomaa, Fakkeenyummaa Qabsoo Ummatootaa" jedhu akka qophaa'u gooneerra. Kitaabni kun manneen barumsaa sadarkaa 2ffaa giddugaleessaafi sadarkaa 2ffaatti akkasumas dhaabbilee leenjii barsiisotaatti gargaaraa barumsaa kennuu ta'uun akka tajaajiluu danda'u abdii qabna.

Waan kana ta'eef, barsiisonniifi barattoonni kabajama mirgoota namoomaatiif murteessoo ta'uu isaanii gadi fageenyaan hubachuudhaan, qabiyyeewwan mirgoota namoomaa kitaaba kana keessatti ibsaman akka hojiirra oolchan ni amanna.

Ambaasaadar Kaasaa G/Hiywot (Dr.)
Muummicha Komiishinaraa
Komiishinii Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa

Baafata

Fuula

1. Labsii Mirgoota Namooma Waliigalaa…..…….. 6

2. Waadaa Idil-addunyaa Mirgoota Dinagdee,
Hawaasummaafi Aadaa ……..……..…… 17

3. Waadaa Mirgoota Siviiliifi Siyaasaa Idil-addunyaa ……... 36

4. Waliigaltee idil-addunyaa ilma namaa sanyiin adda
qooduu bihundaa dhabamsiisuuf taasifame ……... 69

5. Garaagartee Loogiidhaan Dubartootaarratti
Taasifamu Hunda Dhabamsiisuuf
Waliigaltee Taasifame……..... 90

6. Adaba ykn Qabiinsa Hammeenyaa Gidirsaa
ykn Salphisaa ta'eefi Hiraarsa Hamaa
Hambisuuf Waliigaltee Taasifame ..…….... 113

7. Waliigaltee Mirgoota Daa'immanii ……... 137

LABSII MIRGOOTA NAMOOMA WALIIGALAA
UNIVERSAL DECLARATION OF HUMAN RIGHTS (1948)

Ilmi namaa hundi uumaan nama tahuu isaanii, akkasumas mirgoota walqixaafi adda qoodamu hindandeenye kan qabaatan tahuu isaanii beekanii fudhachuun bilisummaa, haqaafi nageenya addunyaatiif bu'ura waan ta'eef;

Mirgoota namoomaa dhimmu dhisuuni fi tuffachuun hojii hammenyummaa sammuu ilma namaa cinqee waan fideefi, fedhiin guddaan namootaa addunyaa ilmi namaa hundi bilisumma haasawaafi amantii itti gonfatan akkasumas sodaafi rakkoo keessaa bilisummaa itti bahan uumuudha jedhamee waan labsameef;

Sirna bulchiinsa cunqursaa fi hacuuccaa dhabamsiisuuf namoonni filmaata isa maayii godhatanii fudhachuuf akka hin dirqamne mirgoonni namoomaa seeraan akka kabajaman gochuun barbaachisaa waan ta'eef;

Biyyootaafi ummatoota gidduutti walitti dhufeenyi obbolummaa akka babal'atu gochuun barbaachisaa waan ta'eef;

Ummattoonni Biyyoota Miseensa Motummoota Gamtoomanii mirgoota bu'uraawoo dhala namoomaa irratti, kabajaafi ulfina ilma namaatiif dhiiraafi dhalaan mirga walqixaa kan qaban tahuu amantaa isaanii ciminaan keessa deebi’anii waan mirkaneessaniifii jireenya hawaasummaatiifi sadarkaa jiruu fooyyoftee haala bilisummaa baldhina qabuun tarkaanfachiisuuf waan murteessaniif

Mootummoota Gamtooman waliin tahuun biyyoonni miseensotaaa hundi mirgoonni dhala namoomaatiifi bilisummaawawan bu’uraawaoon guutuu addunyaa keessatti akka kabajamaniifi hojiirra akka oolan gochuuf waadaa waan seenaniif;

Waadaan kun guutummaa guutuutti akka galma gahuuf waa'ee mirgoota fi bilisummaawwan kanneeniitiifi hubannoon walfakkaataan akka jiraatu taasisuun baayyee barbaachisaa waan ta'eef;

Tokko tokkoon namaatiifi tokkoon tokkoon kutaa hawaasaa Labsii kana yeroo hunda yaadachuudhaan barsiisuudhaaniifi beekuudhaan mirgoonni fi bilisummaawwan kunneen akka kabajaman biyya keessaafi sadarkaa idil addunyaattiis akka beekamaniifi hojiirra akka oolan; Biyyoota Miseensotaas ta'ee kutaalee to'annoo isaanii jala jiran keessa ummattoota jiraatan biratti sadarkaa sadarkaan akka beekamaniifi hojiitti akka hiikaman tattaaffii akka godhu;

Yaa'iin Waliigala Mootummoota Gamtoomanii Labsii Mirgoota Namooma Guutu Addunyaa kana biyyootaafi ummattoota hundaaf qajeelfama gamtaa akka tahu labseera.

Keewwata – 1

Namoonni hundi uumamaan kabajaafi mirgoota walqixaa qabaatanii bilisa tahaniiti uumaman. Dandeettii yaaduutiifii dubbii walbira qabanii madaaluu uumamaan waan argataniif akka obboleeyyaniitti wal ilaaluutu irra jiraata.

Keewwata – 2

Namoonni hundi, sanyiin, bifaan, qooqaan, amantiidhaan, siyaasaan ykn yaada birootiin, madda hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan ykn sababa ejjannoo birootiin garaagarummaan tokkolleen osoo hin taasifamne mirgootaafi bilisummaawwan Labsii kana keessatti eeramanitti fayyadamuuf mirga qaba.

Kana malees, namni tokko, biyya bilisa taate ykn biyya bulchiinsi imaanaa itti kennameen bulaa jirtu jala ykn biyya bilisa hin tahin ykn biyya birmadummaan isii daangeeffame keessa jiraata jechuudhaan aangoon naannoo, kutaa, siyaasaa biyya isaa, ykn ejjannoo idil addunyummaa isaa sababeeffachuudhaan garaagarummaan tokkollee irratti hin godhamu.

Keewwata – 3

Namni tokkoon tokkoonsaa mirga lubuun jiraachu, bilisumaafi nageenyummaa guutuu qaba.

Keewwata – 4

Namni kamiyyuu gabrummaan ykn dirqamaan nama tajaajiluuf hin qabamu; daldalli gabrummaa bifuma kamiiyyuu dhowwamaa dha.

Keewwata – 5

Namni kamiyyuu gochi gidiraa irratti raaw’atamu, ykn gochaa fi adaba gidirsaa ykn hammina garmalee, kan ulfina namummaa hir’isu ykn kan namaa gadi taasisuun dararamu ykn adabamu hin qabu.

Keewwata – 6

Namni kamiyyuu bakka fedhees tahu seera duratti nama tahee beekkamuuf mirga qaba.

Keewwata – 7

Namoonni hundi giddu isaaniitti garaagarummaan kamiyyuu osoo irratti hin godhamne eegumsa seeraa wal-qixa qabu. Labsii Mirgoota Namooma Waliigalaa kana mormuudhaan garaagarummaan akka irratti hin godhamne eegumsi seeraa wal qixxeetti ni godhamaaf.

Keewwata – 8

Namni tokkolleen heera mootummaatiinis tahee seera birootiin mirgoota bu'uraawoo kennameef gochi cabsu yeroo irratti raawwatamu manneen murtii biyyattii aangoo qabanitti iyyatee mirga isaa kabajsiisuu ni dandaha.

Keewwata – 9

Namni kamiyyuu garmalee qabamuu, hidhamuu ykn biyyaa baafamuu hin dandahu.

Keewwata – 10

Namni kamiyyuu murttoo mirgootaa fi dirqamoota isaa ilaalchisee kennamu akkasumas yakkii inni ittiin himatame kamiyyuu murtee akka inni argatuuf mirgi walqixxummaa isaa guutuutti eegamee mana murtii loogii hinqabnee fi bilisa tahetti murtee sirriifi ifa ta’e argachuuf mirga qaba.

Keewwata - 11

1. Namni hundi yakka itti himatametti mana murtii himatichi ifatti itti dhagahamutti seerarratti hundaawuun mirgi ofirraa ittisuu isaa eegameefii hanga yakkamaa tahuun isaa mirkanaawutti akka nama bilisaatti lakkaawamuuf mirga qaba.
2. Namni hundi seera biyya keessaatti ykn seera idil addunyaatti yakka tahuun isaa yeroo hintumaminitti gocha raawwate tokkolleefu ykn raaw'ii dhisee hundaaf yakkamaa taassifamu hindandahu. Akkasumas yeroo yakki kun raawwatametti adaba ture kan caalu adabni itti hin murtteeffamu.

Keewwata – 12

Jireenyi dhuunfaa nama hundaa maatiin, manni jireenyaa ykn quunnamttiin isaa karaa seeraan ala ta'een hintuqamu; kabajaafi maqaan isaa gaarinis akka badu hin ta'u. Mirrgoota akkanaa tuquufi gochoonni kabajaa namaa tuqan yemmu raawataman tokkoon tokkoon namaa mirga eegumsa seeraa argachuudhaa ni qaba.

Keewwata - 13

1. Namni kamiyyuu naannoo biyya isaa keessa bilisaan sossohuufi jiraachuuf mirga ni qaba.
2. Namni kamiyyuu biyya kamiyyuu keessaa bahu fi biyya isaatti deebi'uuf mirga qaba.

Keewwata – 14

1. Namni kamiyyuu miidhaa duraa baqachuu fi biyyoota biroo keessatti irkataa tahee jiraachuuf gaafachuuf mirga ni qaba.
2. Mirgi kun dhimmoota siyaasawaa hintahniin namoota ifatti himatamuun isaanii bekamaniin ykn namoota gochoota

kaayyoolee Mootummoota Gamtoomaniif yaadawwan bu’urawoo faallessan raawwataniif hin hojjatu.

Keewwata – 15

1. Namni kamiyyuu mirga lammummaa argachuudhaa ni qaba.
2. Namni kamiyyuu mirgi lammummaa isaa garmalee hin mulqamu; akkasumas mirga lamummaa isaa geeddaruus hin dhorkamu.

Keewwata – 16

1. Sababa sanyii lammummaa ykn amantiitiin utuu hin daangeffamin dubartootaafi dhiironni umuriin isaanii gaa’elaaf qaqqabe walfuudhanii maatii hundeessuuf mirga qabu. Fuudhaafi heeruma isaanii hoggaa hundeessan, walfuudhanii hoggaa jiraataniifi bultiin isaanii hoggaa diigamus mirga wal qixxee qabu.
2. Gaa’elli kan raawwatamu fedhii bilisaa fi guutuu namoota walfuuchuuf fedhanii qofaani.
3. Maatiin qaama uumamummaatiifi bu'ura hawaasaa waan ta'eef eegumsi hawaasaafi mootummaa godhamuufii qaba.

Keewwata – 17

1. Namni kamiyyuu dhuunfaatis tahee namoota biroo waliin tahee mirga abbaa qabeenyaa tahu ni qaba.
2. Namni kamiyyuu garmalee qabeenyaa isaa akka dhabu hin taasifamu.

Keewwata – 18

Namni kamiyyuu mirga yaadaa, sammuufi bilisummaa amantii ni qaba. Mirgi kun bilisummaa amantii isaa ykn amantaa isaa geeddaruu akkasumas kophaa isaa ykn namoota biroo waliin tahee gamtaan, dhuunfaan ykn waltajjiirratti amantii ykn amantaa isaa barsiisuu, hojiirra oolchuu, itti amanuufii seeroota isaa raawwachuudhaa ni dabalata.

Keewwata – 19

Namni kamiyyuu mirgaafi bilisummaa yaada fedhe qabaachuu fi yaada isaa ibsachuudhaa ni qaba. Mirgi kun tokkoon tokkoon namaa hundi dhiibbaa tokko malee yaada akka qabaatuufi daangaan osoo isa hin daangessine meeshaa fedhe hundaan odeeffannooleefi yaadoota bilisummaa barbaaduu kennuufi dabarsuudhaa ni dabalata.

Keewwata – 20

1. Namni kamiyyuu bilisummaa nagayaan walgahuufi mirga waldaya gurmeessuudhaa ni qaba.
2. Namni kamiyyuu miseensa waldaya tokkoo akka tahu hin dirqisiifamu.

Keewwata – 21

1. Namni kamiyyuu mootummaa biyya isaa keessatti kallattiidhaan ykn karaa bakka bu'oota isaa kanneen bilisaan filatamanii hirmaachuuf mirga ni qaba.
2. Namni kamiyyuu tajaajila mootummaa biyya isaa keessaatti namoota biroo waliin walqixa fayyadamuudhaaf mirga ni qaba.

3. Bu'uurri aangoo mootummaa fedhii ummataati; fedhiin ummataatiis kan ibsamu yeroolee murteeffamanitti filannoowwan adeemsifamaniin hoggaa ta'u; filannoowwan kunneen nama hundaaf carraa walqixaa kan kennaniifi iccitiidhaan ykn sirna filannoo walaba walfakkaatuun kan adeemsifaman tahuu qabu.

Keewwata – 22

Namni kamiyyuu akka miseensa hawaasichaatti wabii jireenyaa argachuuf mirga qaba. Karaa carraaqa biyyaa waliigaltee adunyaas, akkasumas akka qabeenyaa fi caasaa biya isaattis, ulfina guddina mataa isaaf waan barbaachisaa ta’an mirgoota dinagdee, hawaasummaa fi kan aadaa ni qaba.

Keewwata – 23

1. Namni kamiyyuu mirga hojii hojjachuu, hojii bilisummaan filachuu, haala hojiidhaa kan sirrii ta'eefi mijjaawaa tahe keessa hojjachuufi, hojii dhabdummaa irraa eegamuuf mirga ni qaba.
2. Namni kamiyyuu garaagartummaa tokkoon alatti hojii wal fakkaatuuf kaffaltii wal fakkaatu argachuuf mirga qaba.
3. Namni kamiyyuu gatii hojii isaatiif mindaa isaa fi maatii isaa ga’u argachu qaba. Kunis kan ulfina namummaa isaaf ga’u ta’e, yoo barbaachises, eegumsa hawaasaa kan biraas argachu ni danda’a.
4. Namni kamiyyuu dhaabbatoota hojjetootaa uummatee keessatti qooda fudhachuudhaan mirgoota isaa eegsisiifachu ni danda’a.

Keewwata – 24

Namni kamiyyuu mirga boqonnaafi yeroo bashannanaa argachuudhaa ni qaba; guyyaa keessa sa'aalee muraasa qofaaf hojjachuufi boqonnaa yeroo hunda kaffaltii waliin kennamu argachuuf mirga ni qaba.

Keewwata – 25

1. Namni kamiyyuu sadarkaa jireenyaa fayyaafi nageenyummaa mataa isaatiifi maatii isaatiif gahaa tahu keessa jiraachuuf mirga ni qaba; kuniis, nyaata, uffata, dahoo, tajaajila waldhaansaa, tajaajila hawaasummaa kanneen barbaachisaa tahan argachuufi hojii dhabdummaaf, dhukkubbiif, hir'ina qaamaatiif du'a haadha manaa ykn abbaa manaa, dullumaaf ykn haalleen biroo kanneen humnaa ol tahaniif akkasumas rakkoolee bu'ura jireenyaa diiganiif mirga wabii argachuudhaa ni dabalata.
2. Haadhummaaniifi ijoollummaan gargaarsaafi eegumsi adda ni barbaachisaaf; ijoolleen hundi fuudhaafi heerumaanis tahee kanaan alatti yoo dhalatan deggarsa hawaasummaa walqixxee argatu.

Keewwata – 26

1. Namni kamiyyuu mirga barachuudhaa ni qaba. Yoo xiqqaate sadarkaalee tokkoffaafi bu’uuraatti barnoonni kaffalttii malee taha. Barnoonni sadarkaa tokkoffaa dirqama taha. Barnoonni teeknikaafi ogummaa hunda akka wal gahu kan barbaachisu hoggaa tahu; barnoonni ol-aanaanis dandeettiirratti hundaa'ee nama hundaaf carraa walqixaa akka kennu tahuu qaba.

2. Barnoonni guddina ilma namaa kan guutummaa qabu tarkaanfachiisuufii mirgoota dhala namoomaatiifi bilisummaawwan bu'uraawoo kabajuuf tattaaffii godhamtu cimsuuf kan karoorfame tahuudha qaba. Barnoonni waliif galuu, sanyiifi amantiilee ummatootaa adda addaa gidduutti waldandahuu, obbolummaa cimsuufii tattaaffii Mootummoota Gamtoomanii nageenya eeguuf godhu kan tarkaanfachiisu tahuudha qaba.
3. Haadhaafi abbaan gosa barnoota ilmaan isaaniitiif kennamuu filachuuf mirga dursi kennamuufii ni qaban.

Keewwata - 27

1. Namni kamiyyuu jireenya aadaa hawaasichaa keessatti walabaan hirmaachuu, aartiilee isaatti gammaduu, guddina saayinsawaa isaatti hirmaachuufi mirga bu'aa isaatti fayyadamuutiis ni qaba.
2. Namni kamiyyuu bu'aa hog-barruu, ykn aartii ykn saayinsii mataa isaatiin uume irratti mirga qalbiitiifi faayidaa maallaqaa kabajsiisuu ni qaba.

Keewwata - 28

Namni kamiyyuu sadarkaa biyyoolessaatiifi idil-addunyaatti mirgootaafi bilisummaawwan Labsii kana keessatti tarreeffaman guutuurra guututti akka isaaf hojiirra oolan gaafachuuf mirga qaba.

Keewwata – 29

1. Namni kamiyyuu namummaan isaa haala guutummaafi bilisa taheen kan gabbatu hawaasicha keessa jiraachuu isaa qofaan waan ta'eef hawaasichaaf dirqamootaatu irra jira.
2. Namni kamiyyuu mirgootaafi bilisummaawwan mataa isaatti yeroo fayyadamu mirgootaafi bilisummaawwan namoota biroo beeksisuufi kabajsiisuuf jecha qofaaf daangessu seeraan tumamaniifi tasgabbii ummataatiifi gaaffiiwwan sirrii hawaasa dimokiraatawaa ilaalan qofaan mirgi isaa daangeffamuu ni dandaha.
3. Karaa kaayyooleefi yaadoota bu'uraawoo Mootummoota Gamtoomaniin faallaa taheen mirgootaafi bilisummaalee kanatti haala tokkolleenuu fayyadamuun hin dandahamu.

Keewwata – 30

Wanti Labsii kana keessatti eerame kamiyyuu akka mootummaa tokko, garee ykn nama gocha tokkollee mirgootaafi bilisummawwan as keessatti tarreeffaman kamiyyuu balleessuuf karoorfame ykn hojii raawwachuu mirga dandeessisu akka qabu taasifamee hiikamuu hin dandahu.

WAADAA IDIL-ADDUNYAA MIRGOOTA DINAGDEE, HAWAASUMMAA FI AADAA

(INTERNAATIONAL COVENANT ON ECONOMIC, SOCIAL AND CULTURAL RIGHTS)

Murtee Yaa'ii Waliigalaa lack. 2200 (AXXI) Muddee 16 bara 19966n kan raggaasifameefi biyyoonni miseensa ta'an akka mallatteessan, raggaasisanii fi fudhatan banaa kan ta'e. Akkaataa keewwata 27-tti Amajjii 3 bara 1976 kan murtaa'e.

Seensa

Biyyoonni Waadaa kanaan waliigalan:

Akkaataa duudhaalee Chaartara Mootummoota Gamtoomaniitiin labsametti ulfina, walqixxummaa fi mirgoota dhalli namaa hundi uumamaan qabuu fi isarraa gargar bahuu ykn sarbamuu hin dandeenyeef beekamummaa kennuun addunyaa kana keessatti bilisummaaf, haqaa fi nageenyaaf bu’uura ta’uu isaa hubachuudhaan;

Mirgoonni kunneen kabaja uumamaa dhala namaa irraa kan burqan tahuu isaanii beekuudhaan;

Namoonni sodaa fi hiyyummaa irraa bilisa ta’anii jiraachuu qabu jedhamee Ibsa Mirgoota Dhala Namaa Hunda-Galeessa keessatti kan tumame galma ga'uu kan dandahu, tokkoon tokkoon namaa mirgoota diinagdee, hawaasummaa, aadaa akkasumas mirgoota siiviilii fi siyaasaa qabaachuu haalleen dandeessisan yammu uumamaniif qofa tahuu isaa beekuudhaan;

Bilisummaawwanii fi mirgoonni namoomaa addunyaa guutuutti akka kabajamanii fi eeggaman taasisuun bu'uura Chaartarii Mootummoota Gamtoomaniin dirqama biyyootarra jiru ta'uu isaa hubachuudhaan;

Namni tokko namoota birootiifii hawaasa keessa jiraatuuf itti gaafatamummaan waan qabuuf mirgoonni Waadaa kanaan eegaman akka kabajamaniif akka eegamaniif tattaaffii gama isaa taasisuun kan irra jiraatu tahuu hubachuudhaan;

Tumaalee kanaa gaditti tarreeffaman irratti walta'aniiru.

KUTAA - 1

Keewwata- 1

1. Ummatoonni hundi hiree ofii ofiin murteeffachuuf mirga qabu. Mirga isaanii kanaan fayyadamanii siyaasarratti ejjannoo mataa isaanii bilisaan murteeffatu; guddina dinagdee, hawaasummaa fi aadaa isaanii bilisummaan adeemsifatu.
2. Ummatoonni hundi, faayidaa walii fi wajjinii eegsisuuf jecha dirqamoota isaanii kan walta'insa dinagdee fi seera idil-addunyaa irraa maddan kabajanii, qabeenya uumamaa isaanii dhiibbaa tokko malee bilisa ta'anii itti fayyadamuu ni danda'u. Haaluma kamiiyyuu keessatti, uummanni tokko faayidaalee mataa isaa kan jireenya isaatiif barbaachisaa tahan hin dhorkatamu.
3. Biyyoota ofiin of hin bulchinee fi bulchiinsota immaanaa jalatti bulaniif biyyoota itti gaafatamummaa qaban dabalatee, biyyoonni waadaa tana seenan hundi mirgi hiree ofii ofiin murteeffachuu hojiirra akka oolu ni carraaqu; tumaalee

Chaartara Mootummoota Gamtoomanii waliin haala wal-simatuun mirga kanas ni kabaju.

KUTAA – 2

Keewwata - 2

1. Tokkoon tokkoon biyyoota Waadaa kana seenan, karaa gargaarsa dhuunfaa fi idil-addunyaa, keessaattuu gama gargaarsa diinagdummaa fi teekiniikummaa taheen, hanga dandeettii qabeenya saatiin, mirgoonni Waadaa kanaan beekkamummaa argatan sadarkaa-sadarkaa dhaan hundi isaanii hujiirra kan oolan akka tahan, seera baasuu dabalatee tarkaanfiiwwan barbaachisan hunda fudhachuuf waliigalaniiru.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan sanyiin, bifaan, saalaan, qooqaan, amantiin, siyaasaan, ykn ilaalcha biraatiin, sabaan ykn madda hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan ykn sababa ejjannoo birootiin garaagarummaan tokkollee osoo hin taasifamne mirgoota Waadaa tanaan tumaman kabajsiisuuf waliigalaniiru.

3. Biyyoonni misoomaan guddachaa jiran mirgoota namoomaatii fi dinagdee biyyoolessa isaanii yaada keessa galchuun namoonni lammii isaanii hin tahin mirgoota diinagdee Waadaa kanaan beekkamummaa argatanitti sadarkaa fayyadamtoota itti tahan murteessuu ni danda’u.

Keewwata - 3

Dhiironnii fi dubartoonni biyyoota Waadaa kana seenan, mirgoota diinagdee, hawaasummaa fi aadaa kanneen Waadaa kanaan tumamanitti walqixa fayyadamtoota tahuu isaanii mirkaneessuuf waliigalaniiru.

Keewwata - 4

Biyyoonni miseensa ta’an, Waadaa kanaan akkattaa walsimatuun mirgoota adda addaa baasanii yemmuu itti fayydaman daangawwan seeraan murtaa’an kaa’uun, hanga amala mirgoota kanaatiin walsimatanii fi hawaasa dimokiraatawaa keessatti faayidaa waliigalaa eegsisuuf qofaaf tahanitti, fudhatamuufii ni danda’a.

Keewwata - 5

1. Seereffamni Waadaa kanaan eerame kamiyyuu, biyyi tokko, gareen ykn namni dhuunfaa tokko, mirgootaa fi bilisummaawwan Waadaa kanaan tumaman tokkollee mulquuf ykn akkaataa Waadaa kanaan tumameen olitti daangessuuf gocha karoorfamerratti hirmaachuu ykn raaw'achuu mirga dandeessisu akka qabutti fudhatamee hiikamuu hin danda'u.
2. Biyya kamiiyyuu keessatti, mirgoota namoomaa bu'uuraawoo seeraan, walta'iinsaan, danbiidhaan ykn barmaataan fudhatamummaa argatan, Waadaan kun beekkamummaa hin

kennuuf ykn beekkumsa xinnaa kennaaf sababa jedhuun daangeessuun ykn mormuun hin hayyamamu.

KUTAA – 3

Keewwata - 6

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirga hojii hojjachuudhaa, kan mirga namni hundi fedhii mataa isaatiin hojii filate ykn fudhate hojjatee jiruu isaa qajeelfachuu akka danda'u carraa uumuufii dabalatuuf beekumsa ni kennu; mirga kanas kabajsiisuuf tarkaanfilee barbaachisan ni fudhatu.
2. Biyya Waadaa kana seenteen tarkaanfiileen mirga kana guutummaatti hojiirra oolchuuf fudhatamanu, ittiinqajeelfama teekniikaa fi ogummaa fi sagantaalee leenjii, imaammattoota fi malawwan guddina diinagdee, hawaasummaa fi aadaa ittifufiinsa qabuu fi haallen bilisummaa bu'uuraa siyaasaa fi diinagdee nam-tokkee kabachiisuun ta'ee carraa hojii guutuu fi oomishtummaa akkaataa bilisummaawwan bu'uuraa siyaasaa fi dinagdee eegsisuu kan of keessatti ammate ta'uu qabu.

Keewwata – 7

Biyyoonni miseensa waadaa kanaa tahan namni kamiyyuu mirga haala hojii mijaahaa fi haqa qabeessa ta'etti fayyadamoo tahuu, keessaayuu:

a) Hojjettoota hundaaf miindaa ykn kafaltii yoo xinnaate: fi yoo xiqqaate haalleen armaan gadii kan mirkaneessu tahuu qaba:
   1. Garaagartummaa tokko malee hojii gatii walqixa qabuuf mindaa fi kaffaltii walqixaataa kanfaluu, keessaattuu

dubartooti dhiirotaa gadi haala hintane keessatti hojii walqixa hojjataniif kaffaltii walqixaa argachuu isaanii mirkaneesuu;

2. Akkaataa seereffamoota Waadaa kanaatiin mataasaanis ta’e maatiisaanii haala gaariin jiraachisuuf kaffaltii dandeessisu argachuu;

b) Haala hojii nagaa qabeessa fi balaarraa walaba ta’e,

c) Hojjataa kmiifuu hojii itti miindeffamerratti sadarkaa ol aanaatti guddachuuf muuxannoo fi dandeettii qabuun alatti ulaagaalee biroo yaada keessa kan hin galchine carraa walqixaaa uumuu;

d) Boqonnaa, yeroo bashannanaatii fi daangaa yeroo hojii fi guyyaa ayyaannanii sammuuf fudhatamaa ta'e, hayyama boqonnaa kan kaffaltii waliin yeroo murtaa’eef kennamu; akkasumas kaffaltii ayyaanota ummataatiif kennamu argachuuf mirga akka qabu biyyoonni Waadaa kana seenan fudhataniiru.

Keewwata - 8

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan mirgoota kanatti aanan kabajuuf waliigalaniiru:

   a. Mirga hojjataan kamiyyuu, dambiileen waajjirichaa akkuma jiranitti ta’ee, faaydaalee diinagdee fi hawaasummaa isaa eegsisuuf, waldaalee hojjataa ijaaruu fi miseensa waldaa filate kamiyyuu ta’uuf qabu; Hawaasa diimokiraatawaa keessatti tasgabbii biyyaalessa ykn nageenya ummataa ykn bilisummaa fi mirgoota ummattoota biroo kabajsiisuuf barbaachisaa waan tahaniif seeraan ifatti kan tumamaniin alatti mirga kana hojiirra oolfachuurraatti daangaan akaakuu kamiiyyuu hin godhamu.

   b. Mirga waldaaleen hojjattootaa Federeeshinoota biyyaalessa ykn konfedereeshinoota hundeessuudhaaf qaban fi mirga konfedereeshinoonni kunneeniis dhaabbattootii waldalee hojjattoota idil-addunyaa hundeessuudhaaf ykn miseensa tahuudhaaf qaban;

c. Mirga waldaaleen hojjattootaa, daangaa seeraan tumamee fi hawaasa dimokiraatawaa keessatti tasgabbii biyyaalessaa, nageenya ummataa, ykn bilisummaa fi mirga namoota biroo kabajsiisuuf daangeessuun barbaachisaa taheen alatti, daangaan akaakuu biraa kamiyyuu osoo irratti hin godhamne bilisummaan socho'uuf qaban;
d. Seera biyyi dhimmichi ilaalurratti hundaahuudhaan mirga hojii dhaabuu.

2. Keewwanni kun humna waraanaa, ykn miseensoota poolisii ykn hojjattoota bulchiinsa mootummaa ilaalchisee akkaataa itti fayyadama mirgoota kanneeniirratti daangaalee seera qabeessa tahan kaawuu hin dhowwu.
3. Bilisummaan Gurmaahuu fi Mirga Gurmaahuu Kabajchiisuu ilaalchisee Waadaa Dhaabbata Hojii Idil-addunyaa bara 1948 biyyoonni mallatteessan, tarkaanfilee seera mirgoota Waadaa kanaan wabii argatan faallessaa akka baasan ykn seericha hojiirra akka oolchan tumaaleen keewwata kanaa hin hayyamuuf.

Keewwata - 9

Biyyoonni Waadaa kana seenan namni kamiyyuu insuraansii hawaasumaas dabalatee wabii hawaasummaa argachuuf mirga kan qabu tahuu isaa fudhataniiru.

Keewwata - 10

Biyyoonni Waadaa kana seenan kanneen armaan gadii fudhataniiru:

1. Maatiin bu'ura hawaasaa waan taheef, keessattuu yeroo hundeeffamuu fi akkaataa guddina ijoollee fi barnoota isaaniif

maatiin itti gaafatummaan wayita irra jiruttis, hanga danda’ameen deeggarsaa fi kunuunsi bal’aan kennamuufii qaba. Gaa’elli fedhii jara lamaan wal fuudhaniirratti hundaa’uu qaba.

2. Haadholiif da'umsaan duraa fi da'umsaan booda yeroo gahaa taheef kunuunsi addaa godhamuufii qaba. Yeroo kanas haadholii hojjettoota ta’aniif mindaa waliin ykn kaffaltii wabii hawaasummaa gahaa waliin hayyamni kennamuufii qaba.
3. Daa'immanii fi dargaggoota qaamaan hin jabaatiin warra isaaniitiin ykn sababoota biroo kamiinuu garaagarummaan osoo irratti hin godhamin eegumsi addaa fi deeggarsi godhamuufii qaba. Daa’immanii fi dargaggoon saamicha diinagdee fi hawaasummaarra eegamuu qaban. Hojii miira isaanii ykn fayyaa isaanii miidhu ykn lubbuu isaaniirratti balaa geessisu ykn hojii guddina uumama isaanii gufachiisurratti akka bobbahan taasisuun seeraan kan nama adabsiisu tahuu qaba. Akkasumas daa’ima umurii hangamii gadi yoo ta’e miindessuun dhorkaa kan ta’uu fi miindessuun daa’ima akkanaallee seeraan kan nama adabsiisu ta’uu isaa biyyootiin seeraan murteessuu qabau.

Keewwata – 11

1. Biyyoonni Waadaa tana seenan namni kamiyyuu nyaata gahaa, uffataa fi mana jireenyaa dabalatee sadarkaa jireenyaa mataa isaanii fi maatii isaatiif gahaa ta’e jiraachuuf akkasumas jireenya isaa yeroo hunda fooyyessuuf mirga kan qabu tahuu isaa ni fudhatu. Biyyoonni miseensootiin kunneen fedhii mataa ofiirratti hundaawuun biyyoota addunyaa waliin walta’iinsi deeggarsaa barbaachisaa tahuu hubatanii mirga kana guutummaatti hojiirra oolchuuf tarkaanfii barbaachisu ni fudhatu.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan namni kamiyyuu osoo hin beelawin jiraachuuf mirga bu’uurawaa qabu hubachuudhaan dhuunfaatiinis tahe karaa deeggarsa idil-addunyaa sagantaa

ykn karoora addaa dabalatee, kanneen armaan gaditti ibsaman raawwachuu tarkaanfilee isaan dandeessisu ni fudhatu:

a) Qarooma saayinsaawaafi teekiniikaawatti guutummaan fayyadamuu, beekumsaa yaadota nyaata walqixaataa babal'isuu fi mala qonnaa akkaataa guddina amansiisaa fiduu fi qabeenya uumamaatti haalan fayyadamuu dandeessisuun mioomsuun ykn fooyyessuudhaan tooftaalee oomishaa, qusannaa fi raabsaa fooyyessuu;
b) Rakkoolee biyyoota nyaata gara biyya alaatti erganii fi kanneen gara biyyaatti fichisiisan muudatu hubannoo keessa galchuudhaan akkaataa fedhii isaaniitti dhiheessi nyaata addunyaa madaalawaa tahe akka jiraatu mirkaneessuuf.

Keewwata - 12

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan namni kamiyyuu sadarkaa fayyummaa olaanaa qaamaa fi sammuu irra gahuun danda'amu keessa jiraachuuf mirga kan qabu tahuu ni fudhatu;
2. Mirga kana guutummaatti hojiirra oolchuuf biyyoonni Waadaa kana seenaniin tarkaanfiileen fudhataman:
   a) Lakkoofsa daa'imman du'anii dhalataniitii fi eega dhalatanii booda du'an xiqqeessuuf guddina fayyaa daa'immanii mijeessuu;
   b) Akkaataa qulqullina naannoo fi induustirii fooyyessuu;
   c) Dhukkuboota namarraa gara namaatti darban, naannoo tokkotti uumamanii fi hojiidhaan wal-qabatan ittisuu, waldhaanuu fi to'achuu;
   d) Namoonni wayita dhukkubsatan tajaajila wallaansaafi kunuunsa hunda haala itti argatan uumuuf barbaachisaa kan tahan hunda mijeessuu, ni ammatu.

Keewwata - 13

1. Biyyoonni Waadaa tana seenan namni hundi mirga barnoota argachuu kan qabu tahuu isaa ni fudhatan. Barnoonni kallattii ulfinaafi kabaja ilma namaa guutummaatti guddisuu dandahuun qajeelfamuu akka qabuufii mirgoota namoomaafi bilisummaawwan bu'uraawoof ulfina kennu kan cimsu tahuu akka qabus itti waliigalaniiru. Barnoonni namni hundi hawaasa walaba ta'e keessatti hirmaannaa hiika qabeessa akka qabaatu kan dandeessisu, biyyoota hunda, qomoowwan, gosoota, ykn kutaalee amantaa giddutti waliif galuu, waldandahuufii obbolummaa kan cimsuufii sochii Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii nageenya eeguuf taasisu kan deeggaru akka tahu irratti waliigalaniiru.
2. Biyyoonni Waadaa kan seenan mirgi kun guutummaatti hojiirra akka oolu kanneen armaan gadiitiif beekamummaa ni kennu:

    a) Barnoota sadarkaa tokkoffaa barachuun nama hundaaf dirqama tahee barnoonni kunis kafaltii malee kan kennamu taha.
    b) Barnoota teekiniikaafi ogummaa dabalatee mala mijaawaa tahe hundaan bifa adda addaatiin kan kennamu barnoonni sadarkaa lammaffaa nama hundaaf banaadha taha; barnoonni kunis sadarkaa sadarkaan kaffaltii malee akka kennamu ni godhama.
    c) Barnoonni sadarkaa ol'aanaa dandeettii bu'ura godhachuun mala mijaawaa tahe hundaan nama hundaaf kennama; barnoonni kunis sadarkaa sadarkaan tolaan akka kennamu godhama.
    d) Namoonni barnoota sadarkaa jalqabaa hinbaratin ykn hin xumuriin hanga dandahametti barnoota bu'uraa akka hordofan

ni jajjabeeffamu; barnoonni kunis baldhinaan akka kennamu taasifama.

e) Tattaaffiin sirna manneen barnootaa sadarkaa hundatti babaldhisuudha ciminaan hordofama, sirni gahaan barnoota ittifufinsaas ni hundeeffama, haalli jireenya barsiistootaatiis ittifufiinsaan ni foyyeffama.

3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, maatiifi bakka barbaachisettis guddistoonni seerummaa qaban, hanga ulaagaa barnoota mootummaan baase guutuun isaanii mirkanaa'etti, daa'imman isaanitiif manneen barnootaa qaamota mootummaatiin hundeeffamaniin alattis, manneen barnootaa biroo filachuun barsiifachuufi akkaaataa amantii isaanitiin walsimatuun barnoota amantiitiifi naamusaas akka baratan taasisuuf mirga qaban kabajuuf waliigalaniiru.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa tokko jalatti qajeelfamootiin eeraman hanga eegmanifi dhaabbata barnootichaatti barnoonni kennamu sadarkaa qulqullummaa barnootaa kan mootummaan baasu hanga guutetti, kutaan keewwata kanaa kamiyyuu namootaa fi qaamootiin biroo dhaabbilee barnootaa hundeessuufi qajeelchuuf bilisummaa qaban keessa seenuu akka nama dandeessisutti hiikamuu hin dandahu.

Keewwata - 14

Tokkoon tokkoon biyyaa Waadaa kana fudhate, yeroo miseensa Waadaa kanaa tahetti daangaa biyya isaa ykn kutaalee biyya aangoo isaa jala jiran kanneen biroo keessatti barnoota sadarkaa tokkoffaa kaffaltiirra bilisa tahe kennuu kan hin danda'amin yoo tahe, waggootii muraasa namaaf fudhatamaa tahanii fi karoorichaan ifatti taa'an keessatti sadarkaa sadarkaan qajeelfama kana hojiitti hiikuu karoora hujii dandeessisu yeroo waggaa lamaa keessatti qopheessuudhaan ni raggaasisa.

Keewwata - 15

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan namni hundinuu:
    a. Sochiiwwan aadaarratti hirmaachuu;
    b. Faaydaalee guddinni fi hojiirra oolmaan saayinsii argamsiisutti fayyadamuu;
    c. Bu'aalee saayinsii, hog-barruu fi aartii ofiin uumerratti faaydaa hamilee fi maallaqa argachuuf mirga kan qabu tahuu isaa beekkumsa kennaniifiiru.
2. Mirga kana guutummaatti hojiirra oolchuuf takraanfiiwwan biyyoota Waadaa kana seenaniin fudhataman saayinsii fi aadaa kunuunsuuf, guddisuu fi babaldhisuuf tarkaanfiilee barbaachisan ni dabalatu.
3. Biyyoonni Waadaa kana seenan qu'annoo saayinsii fi hojii waa uumuutiif bilisummaa barbaachisu kabajuuf waliigalaniiru.

4. Biyyoonni Waadaa kana seenan waldeeggarsaa fi walitti dhufeenya idil-addunyaa gama dameewwan saayinsii fi aadaa jajjabeessuufii guddisuutiin taasisamanirraa faayidaalee argamuu danda’aniif beekkumsa ni kennu.

KUTAA - 4

Keewwata – 16

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan waa'ee tarkaanfiilee fudhataniitiifi mirgoota Waadaa kanaan beekkumsa argatan gama kabajsiisuutiin fooyya’iinsa argaman ilaalchisee akkaataa Waadaa kana keessatti kutaa kanaan tumameen gabaasa dhiheessu.
    a) Gabaasaaleen hundinuu Barreessa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitiif dhihaachuu qabu; innis

waraabbiilee gabaasaalee dhihaataniifii akkaataa Waadaa tanaan tumametti akka qorataman Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Mana Marii Dhimmoota Diinagdeefii Hawaasummaatiif dabarsa.

b) Akkasumas, Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii, waraabbiilee gabaasaalee ykn kutaalee muraasa isaanii barbaachisoo ta'an kan biyyoota Waadaa kana seenanii fi miseensa ejansoota adda addaa tahan irraa dhihaataniif, hanga gabaasaaleen ykn kutaaleen isaanii kun akkaataa seera ittiin hundeeffama ejansoota kanaatti aangoo fi hojii dhimmoota isaan ilaallatan kamiinuu walttidhufeenya qabaatanitti, ejansiiwwan addaa dhimmichi ilaallatuuf ni dabarsa.

Keewwata - 17

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, Waadaan kuni hojiirra oolee yeroo waggaa tokkoo keessatti akkaataa sagantaa Manni Marii Dhimmoota Diinagdeefii Hawaasummaa biyyootaa fi ejansiiwwan dhimmi ilaallatuun mari'atee baasuun gabasa isaanii waltajjiitti dhiyeeffachuu qabu.
2. Gabasaaleen kun, dirqamoota Waadaa kanaan tumaman gama gutuutuutiin sababotaa fi rakkoolee qunnaman ibsuu ni danda'u.
3. Kanaan dura odeeffannoon barbaadamu Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif ykn ejansii addaa dhimmi ilaallatuuf biyyoota Waadaa kana seenaniin yoo dhiyaatee ture, odeeffannicha lammata dhiheessuun osoo hin barbaachifne isuma duraa caqasuun gahaa taha.

Keewwata - 18

Manni Marii Dhimmoota Diinagdeefi Hawaasummaa mirgoota dhala namoomaatiifi bilisummaawwan bu'uraawoo ilaalchisee akkaataa itti gaafatamummaa Chaartara Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin kennameefitti, ejansoota addaa dhimmi ilaaluu waliin tahuudhaan seereffamoota Waadaa kanaa gama raaw'achiisisuutiin bu'aalee argamanirratti gabaasa akka dhiheessaniif haalawwan mijeessuu ni dandaha. Gabaasaaleen kunneenis tarreeffama murteewwanii fi yaadota raawwiirratti qaamootii aangoo qabaniin darban ammachuu ni dandahu.

Keewwata - 19

Manni Marii Dhimmoota Diinagdeefi Hawaasummaa akkaataa keewwata 16 fi 17-ttii biyyootaafi akkaataa keewwata 18-tti ejansoota dhimmichi ilaallaturraa gabaasaalee mirga namoomaa dhiyaatuuf qu'annoofi yaada murtee waliigalaatiif ykn akkuma haala isaaniitti odeeffannoof akka isa fayyaduuf komiishinii mirgoota namoomaatiif dabarsuu ni dandaha.

Keewwata - 20

Biyyoonni Waadaa kana seenaniifii ejansiiwwan addaa dhimmi ilaallatu, akkaataa keewwata 19-tti yaada murtee Mana Marii Dhimmoota Diinagdeefi Hawaasummaarraa dhiyaatu kamiyyuurratti ykn sanadii Komiishina Mirga Dhala Namoomaatiin dhihaatu ykn sanada itti qajeelfame kamiiyyuu irratti yaada isaanii dhiyeessuu dandahu.

Keewwata – 21

Manni Marii Diinagdee fi Hawaasummaa yeroo yeroodhaan gabasa waliigalaa yaada murtii qabatanii fi mirgoota Waadaa kanaan ibsaman gama kabajsiisuutiin tarkaanfiiwwan waliigalaa fudhatamanii fi fooyya'ina argaman ilaalchisee biyyoota miseensotaafi ejensoota addaa dhimmichi ilaallaturraa odeeffannoowwan dhihaataniif qindeessuudhaan Yaa'ii Waliigalaatiif ibsa dhiyeessuu ni dandaha.

Keewwata – 22

Manni Marii Diinagdeefi Hawaasummaa, dhimma kamiiyyuu kan gabaasaaalee bu'uura Waadaa kanaatiin dhihaataniif irraa burqanii fi daangaa angoo itti qaban keessatti seereffamoota Waadaa kanaa suuta-suutaan gama hojiirra oolchuutiin tarkaanfilee idil addunyaa ni gargaaru jedhaman murteessuu akka isaan dandeessisu, qaamotni biroo Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii, qaamotni isaaniif ittiyaamamoo ta'aniifi ejansootni addaa deeggarsa teekniikaa isaaniif kennan akka beekan gochuu ni dandahu.

Keewwata - 23

Biyyooni Waadaa kana seenan, mirgoota Waadaa kana keessatti beekamummaa argatan kabajsiisuuf sochiin idil-addunyaatti godhamanu: waadaa waliigaluu, yaada murtee dhiyaatan fudhachuu, gargaarsa teeknikaa dhiheessuu, biyya dhimmichi ilaallatu waliin tahuudhaan walgahiilee naannoofii teekniikummaa kanneen wal mariifi qu'annoof taasifaman adeemsisuufii tooftaalee kana fafakkaatan hammachuu akka dandahan irratti waliigalaniiru.

Keewwata - 24

Waadaa kana keessaa, dhimmoota Waadaa kanaan ibsaman ilaalchisee, seereffamoota Chaartara Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi seerota ejansootni ergama addaa qaban ittiin hundeeffaman keessatti hojii fi ittigaafatamummaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi ejansiiwwan addaa seereffamoota murteessan wajjiin akkaaataa wal faallessuun kan hiikamu hin jiraatu.

Keewwata - 25

Waadaa kana keessatti ummanni hundi qabeenya uumama isaatii fi dandeettii isaa guututti walaba tahee itti fayyadamuuf mirga bu'uraawoo qabu akkaataa daangeessuun kan hiikkamu hin jiraatu.

KUTAA – 5

Keewwata – 26

1. Waadaan kuni, biyya miseensa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kamiifuu ykn biyya ejansoota ergama addaa qaban keessatti miseensa tahaniif, biyya seera ittiin bulmaata Mana Murtii Idil-addunyaa fudhatteef, Yaa'ii Waliigala Mootummoota Gamtoomaniirratti biyya Waadaa kana akka mallatteessuu afeerameef mallatteessuuf banaa dha.

2. Waadaan kun biyya hundaan ragga'ee fudhatamumma argachuu qaba. Sanadni Waadaan kun ragga'uu isaa mirkaneessus Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniif dhihaachuu qaba.

3. Waadaan kun biyyoota keewwata kana keewwata xiqqaa l tokko keessatti eeramaniif akka fudhataniif banaa taha.

4. Biyyoonni Waada kana fudhachuun isaanii kan raggaasifamu sanadii ittiin fudhatan Barreessaa Muummicha Mootummootaa Gamtoomanii biratti yammu galii godhanii dha.

5. Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii sanada biyyi tokko Waadaa kana raggaasisuu isaa ykn ammo fudhachuu isaa ibsu fuudhee galii taasisuu/gochuu isaa biyyoota Waada kana seenan hundaaf ni beeksisa.

Keewwata - 27

1. Waadaan kun sanadiin raggaasisaa ykn sanadiin fudhannaa 35-ffaan Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitiif guyyaa itti dhihaaterraa eegalee ji'a sadii booda kan ragga'e taha.

2. Sanadiin fudhannaa ykn raggaasisa 35-ffaan eega dhihaatee booda Waadaa kana tokkoon tokkoon biyya qaama seeraa dhimmichi ilaallatuun raggaasisee ykn fudhatee sanadii isaa kan ittiin raggaasisu ykn sanadii fudhachuu ittiin mirkaneessu guyyaa kenne irraa eegalee ji'a sadii booda Waadaan kun biyya isaatti kan ragga'e taha.

Keewwata - 28

Biyyoota bulchiinsa Federaalawaa qabaatanitti tumaaleen Waadaa kanaa naannoo bulchiinsoota hundaatti daangaa ykn garaagarummaa tokko malee kan raaw'atamu taha.

Keewwata - 29

1. Biyyi miseensa Waadaa kanaa ta’e kamiyyuu Waandaan kun akka fooya’u yaada murtii dhiyeessuu fi Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitiif dhiheessuu ni dandaha. Barreessaan Muummichis yaada fooyyessaa dhihaateefi biyyoota Waadaa kana seenaniif beeksisuudhaan yaada fooyyessa dhihaaterratti marihachuufii sagalee kennuuf, yaa'iin biyyoota kanneenii akka taa'amu barbaaduufi dhiisuu isaanii akka ibsaniif ni gaafata. Biyyoota Waadaa kana seenan harka sadii keessaa harki tokko yaa'iin kun taa'amuu kan barbaadan yoo ta'e Barreessaan Muummichi yaa'ii tana gama Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin akka adeemsifamtu taasisa. Kanneen yaa'ii kanarratti argamaniifi biyyoonni sagalee kennan yaada fooyyessaa kana sagalee caalmayaan yoo deeggaran yaadni fooyyessaa kun Yaa'ii Waliigala Mootummoota Gamtoomaniitiin akka ragga'uuf dhihaata.
2. Yaadni fooyya’e kun kan hojiirra oolu Yaa'ii Waliigala Mootummoota Gamtoomaniitiin hoggaa raga'ee fi biyyoota Waadaa kana seenan harka sadii keessaa harki lama sagalee caalmayaan akkaataa sirna seera baasuu biyya isaaniitiin yammu fudhataniidha.

3. Yaadni fooyyessaa kun eega ragga'ee booda biyyoota Waadaa kana seenan kan fooyya’iinsicha fudhatan keessatti humna seeraa ni qabaata; biyyootni miseensa waadaa kanaa tahan kanneen biroo, seereffamoota Waadaa kanaatii fi fooyya’inoota kanaan dura fudhataniif bitamoo tahu.

Keewwata - 30

Beeksisoonni keewwata 26 keewwata xiqqaa 5 keessatti ibsaman jiraatanillee, keewwatuma sana keewwata xiqqaa tokko keessatti biyyoota eeramaniif Barreessaan Muummichi kanneen kanatti aananii tarreeffaman ni beeksisa.

a) Waa'ee mallattoowwan keewwata 26 jalatti ibsamanii, waa’ee sanadootii biyyoonni Waadaa kana raggaasisuu isaanii fi fudhachuu isaanii mirkaneessan;
b) Akkaataa keewwata 27-tti yeroo Waadaan kun itti ragga'eefi akkaataa keewwata 29-tti yeroo yaadoonni fooyyessa itti Siranaawan.

Keewwata - 31

1. Waraabbiileen Waadaa kanaa, mana galmee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii taa'a. Waraabbiin afaan Chaayinaa, Ingiliizii, Faransaayii, Ruusiyaafi Ispaanish hundi walqixa beekamummaa qaban.
2. Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii waraabbiilee Waadaa tanaa kanneen sirrii tahuun isaanii mirkaneeffame biyyoota akkaataa keewwata 26-tti Waadaa kana seenaniif dabarsee ni kenna ykn ittiin gaha.

WAADAA MIRGOOTA SIVIILII FI SIYAASAA IDIL-ADDUNYAA

(INTERNATIONAL CONVENANT ON CIVIL AND POLITICAL RIGHTS)

Murtee Yaa'ii Waliigalaa lakk. 2200 A(XXI)tiin Mudde guyyaa 7 bara 1959Akka Lakoobsa Itoophiyaatti kan raggaasifamanii fi biyyoonni miseensota ta'an akka mallatteessan, akka raggaasisaniifi akka fudhataniif banaa kan taasifame.

SEENSA:

Biyyoonni Waadaa kanaaf waliigaltee seenan;

Akkaataa duudhaalee Chaartara Mootummoota Gamtoomaniitiin labsametti ulfina, walqixxummaa fi mirgoota dhalli namaa hundi uumamaan qabuu fi isarraa gargar bahuu ykn sarbamuu hin dandeenyeef beekamummaa kennuun addunyaa kana keessatti bilisummaaf, haqaa fi nageenyaaf bu'uura ta'uu isaa hubachuudhaan;

Mirgoonni kunneen dhalli namaa naamummaa isaatiin kabaja uumamaan qaburraa kan maddan ta'uu isaanii beekuudhaan,

Yaadni dhalli namaa bilisa ta'ee bilisummaa siivilii fi siyaasaa gonfachuu fi soda fi fedhii irraa bilisa tahuudhaa jedhamee Labsii Mirgoota Namoomaa Waliigalaatiin tumame fiixaan ba'uufi galma gahuu kan danda'u, tokkoo tokkoon namaa haaloti mirgoota dinagdee, hawaasummaa, aadaafi akkasumas mirgoota siviiliifi siyaasaa gonfachuu isa dandeessisan yommuu uumamaniif ta'uu beekuudhaan,

Biyyoonni Chaartarii Mootummoota Gamtoomanii fudhatan haala mirgoonni namoomaafi bilisummaawwan guutummaa addunyaatti itti kabajamanii fi hojiirra itti oolan mijeessuuf dirqama akka qaban yaaduudhaan,

Namni dhuunfaas nageenya namoota dhuunfaa kanneen biroofi hawaasa keessa jiraatuuf itti-gaafatamummaa qaburraa kan ka'e, mirgoonni waadaa kanan labsaman akka kabajamaniifi hojii irra akka oolaniif tattaaffii gama isaa gochuu akka qabu hubachuudhaan,

Tumaalee kanaa gaditti tarreeffaman irratti walta'aniiru.

KUTAA - TOKKO
Keewwata - 1

1. Ummatoonni hundi hiree ofii ofiin murteeffachuuf mirga qabu. Mirga isaanii kanaan fayyadamanii siyaasarratti ejjannoo mataa isaanii bilisaan ni murteeffatu; guddina dinagdee, hawaasummaa fi aadaa isaanii bilisummaan ni adeemsifatu.
2. Ummatoonni hundi, faayidaa walii fi wajjinii eegsisuuf jecha dirqamoota isaanii kan walta'insa dinagdee fi seera idil-addunyaa irraa maddan kabajanii, qabeenya uumamaa isaanii dhiibbaa tokko malee bilisa ta'anii itti fayyadamuu ni danda'u. Haaluma kamiiyyuu keessatti, uummanni tokko faayidaalee mataa isaa kan jireenya isaatiif barbaachisaa tahan hin dhorkatamu.
3. Biyyoota ofiin of hin bulchinee fi bulchiinsota immaanaa jalatti bulaniif biyyoota itti gaafatamummaa qaban dabalatee, biyyoonni waadaa tana seenan hundi mirgi hiree ofii ofiin murteeffachuu

hojiirra akka oolu ni carraaqu; tumaalee Chaartara Mootummoota Gamtoomanii waliin haala wal-simatuun mirga kanas ni kabaju.

KUTAA – LAMA
Keewwata – 2

1. Tokko tokkoon Biyya Waadaa kana fudhate, nama naannoo bulchiinsaa isaa keessa jiraatuufi isa jalatti bulu kamiyyuu sanyiidhaan, bifaan, saalaan, qooqaan, amantiin, siyaasaan ykn ilaalcha biraan, dhufaatii sabummaa isaanis ta'e hawaasummaa isaatiin, qabeenyaan, dhalootaan ykn ulaagaa kanbiraan garaagartummaa tokkollee utuu hintaasisin, mirgoota seera kanaan beekamummaa argatan kabajsiisuufi mirkaneessuufiif waliigaleera.
2. Seeroota hojiirra jiraniin ykn tarkaanfilee birootiin tumamee yoo jiraate malee, tokkoo tokkoon biyyaa Waadaa kana fudhate akkaataa sirna seerri biyyichaa itti tumamuufi bu'ura labsiiwwan waadaa kana keessatti argamaniitiin, tarkaanfiiwwan mirgoonni waadaa kana keessatti hammataman akka hojiirra oolan taasisan fudhachuuf waliigaleera.
3. Tokko tokkoon Biyya Waadaa kana fudhate, kanneen kanatti aananii argaman raawwachuuf waliigaleera.
   a. Namni kamiyyuu, mirgootaafi walabummaa isaa kanneen seera kanaan beekamummaa argatan yammuu sarbaman, mirgoonni kun kan isa jalaa sarbaman abbootii taayitaa mootummaatiin yoo ta'ellee, miidhaa isarra ga'eef furmaata bu'a-qabeessa akka argatu mirkaneessuuf,
   b. Namni miidhaa isarra ga'eef furmaata barbaadu kamiyyuu, mirgi isaa karaa qaama haqaa, bulchiinsaa ykn qaama seera tumu ykn bu'ura sirna seera biyyattiitti qaama kanbiraa

aangoon kennameefiin mirgi isaa akka mirkanaa'uuf gochuufi furmaata haqaa akka argatuuf haala mijeessuuf.

c. Qaamolee aangoo qabaniin murtiin haqaa wayita kennamus, kanuma raawwachiisuuf.

KEEWWATA – 3

Biyyoonni Waadaa kana fudhatan, dhiirotaafi dubartoonni mirgoota siviiliifi siyaasaa Waadaa kana keessatti beekamanitti walqixa itti fayyadamuuf mirga isaan qaban mirkaneessuuf waliigalaniiru.

KEEWWATA – 4

1. Biyyoonni Waadaa kana fudhatan, haalli lubbamaan nageenya biyya balaarra buusu yammuu uumamuufi kunis ifatti seeraan kan labsame yoo ta'e, sadarkaa haala uumame sana to'achuu dandeessisu qofaan tarkaanfiiwwan dirqamoota Waadaa kana keessatti seenaman irraa maqan fudhachuu ni danda'u. Haata'u malee, tarkaanfiiwwan fudhataman dirqamoota seera idil-addunyaa kanbiroo keessatti labsaman kan cabsaniifi sanyii, bifa, korniyaa, qooqa, amantii ykn madda hawaasummaa irraa loogiwwan maddanirratti kan hundaa'an ta'uun irra hinjiraatu.
2. Keessattuu Waadaa kana keewwata 6, 7, 8 (keewwata xiqqaa 1fi 2), 11, 15, 16 fi 18 jalatti kan ibsaman irraa tarkaanfii maqu kamiiyyuu fudhachuun hindanda'amu.
3. Biyyi Waadaa kana fudhate kamiyyuu, tarkaanfiiwwan labsiiwwan waadaa kanaa irraa maqan fudhachuuf mirga qabutti fayyadamuu wayita barbaadu, labsiiwwan inni kabajuu hindandeenye sababoota isaanii waliin karaa Muummicha Barreessicha Mootummoota Gamtoomanii Biyyoota Miseensota Waadaa kanaa

ta’an beeksisa. Gocha kana wayita dhaabus, yeroodhuma sana beeksisa kan biraa haala kana fakkaatuun biyyoota miseensota ta’aniif kennuutu isarra jiraata.

KEEWWATA – 5

1. Seereffamni Waadaa kanaan eerame kamiyyuu, biyyi tokko, gareen ykn namni dhuunfaa tokko, mirgootaa fi bilisummaawwan Waadaa kanaan tumaman tokkollee mulquuf ykn akkaataa Waadaa kanaan tumameen olitti daangessuuf gocha karoorfamerratti hirmaachuu ykn raaw'achuu mirga dandeessisu akka qabutti fudhatamee hiikamuu hin danda'u.
2. Biyya kamiiyyuu keessatti, mirgoota namoomaa bu'uuraawoo seeraan, walta'iinsaan, danbiidhaan ykn barmaataan fudhatamummaa argatan, Waadaan kun beekkamummaa hin kennuuf ykn beekkumsa xinnaa kennaaf sababa jedhuun daangeessuun ykn mormuun hin hayyamamu.

KUTAA – SADII

KEEWWATA – 6

1. Namni kamiyyuu lubuun jiraachuuf mirga uumamaa ni qaba. Mirgi kun da’oo/ittisa seeraa ni qabaata. Namni kamiyyuu seeraan ala lubbuu isaa hin dhabu.
2. Biyyoota murtiin adabbii du’aa keessatti raawwatamutti, murtiin du’aa kan murtaa’u, bu’ura seera yeroo yakkichi raawwatamu tureetti, yakka baay’ee cimaa ta’eefidha. Murtichi kan kennamus labsiiwwan waadaa idil-addunyaa kana, waliigaltee labsii ittisaafi adabbii yakka sanyii ilma namaa balleessuutiif bifa faallaa hintaaneeni. Adabbichi kan raawwatamu mana murtii seeraan dhaabbateen murtiin inni xumuraa yeroo itti kennamu qofadha.

3. Adabbiin du’aa sun kan raawwatamu nama yakka sanyii balleessuutti himatamaa ta’e irratti yammuu ta’u, keewwati kun biyyoonni seera kana fudhatan bu’ura labsiiwwan waliigaltee ittisaafi adaba yakka sanyii balleessuutti, dirqamoota seenaniif faallaa kan ta’e tarkaanfii akka fudhatan hin-eyyamamuuf.
4. Namni adabni du’aa irratti murtaa’e kamiyyuu, dhiifama gaafachuuf, ykn adabbiin du’aa isarratti murtaa’e gara hidhaatti akka jijjiiramuuf gaafachuuf mirga qaba. Haala kam keessattiyyuu, dhiifama taasisuun, ykn adabbicha du’aa gara adabbii hidhaatti jijjiiruun ni danda’ama.
5. Adabni du’aa namoota umriin isaanii waggaa 18 gadi ta’e irratti hinmurtaa’u. Dubartoota ulfaa irrattis hinraawwatamu.
6. Labsiiwwan keewwata kanaa tarkaanfiiwwan adabbii du’aa dhabamsiisuuf fudhataman tursuuf ykn hambisuuf, Biyyoota Miseensota Waadichaa ta’aniin akka sababaatti dhiyaachuu hindanda’an.

KEEWWATA – 7

Nama isa kam irrattiyyuu gochi ykn adabbiin gidirsiisaan, kan gara-jabinaa, kan namarratti raawwatamuu hinmalle ykn kabaja kan xiqqeessu raawwatamuu hinqabu. Keessumatti ammoo nama isa kam irrattiyyuu fedhii isaatiin ala shaakallin wallaansaafi saayinsawaa taasifamuu hinqabu.

KEEWWATA- 8

1. Namni kamiyyuu gabrummaan hinqabamu. Gabrummaafi daldalli garbaa bifa kamiiniyyuu dhorkamoodha.
2. Namni kamiyyuu bifa bilisummaa dhuunfaa isaa sarbuun nama kambiraaf tajaajila akka kennu hintaasifamu.

3. (a) Namni kamiyyuu hojii dirqamaa akka hojjetu hintaasifamu.
   (b) Keewwata xiqqaa 3(a) jalatti labsiin kaa'ame hojiin dirqamaa biyyoota adabbii gocha yakkaatiif hidhaa waliin biyyoota keessatti kennamutti raawwii murtii akkanaa kan dhorku akka ta'eetti hiikkamu hinqabu.
   (c) Dhimma keewwata xiqqaa kanaa jalatti ibsameef, inni "Hojii dirqamaa" jedhu kanneen kanatti aananii argaman hindabalatu.
      i. Keewwata xiqqaa 3(b) jalatti kan hin-ibsamneefi hojii ykn tajaajila namni murtii mana murtiitiin hidhaarra jiru raawwachuu qabu, ykn nama hidhaa seeraa irraa daangaan gadi dhiifameen hojii ykn tajaajila raawwatamuu qabu isa kamiyyuu.

      ii. Tajaajila bifa loltummaa qabu ykn biyya mormiin sammummaa beekamummaa argatetti, mormitoonni sammummaa tajaajila biyyaalessaa isaan guutuu qaban.
      iii. Yeroo hatattamaatti ykn yeroo haalli jireenyaafi nageenya hawaasichaa balaaf saaxilamutti tajaajila raawwatamuu qabu kamiyyuu.
      iv. Qaama dirqamawwan siivilii idilee kan ta'e hojii ykn tajaajila kamiyyuu.

KEEWWATA -9

1. Namni kamiyyuu, walabummaafi nageenyi dhuunfaa isaa akka mirkanaa'uufiif mirga qaba. Namni kamiyyuu, seeraan ala hinqabamu; hinhidhamu. Namni kamiyyuu sababaafi tartiiba seeraan labsameen alatti walabummaa dhuunfaa isaa hinsarbamu.

2. Namni kamiyyuu wayita qabamu, sababoota itti qabameefi himannoowwan isarratti dhiyaatan maal akka ta'an battaluma sana beekuuf mirga qaba.
3. Namni himata yakkaatiin qabame ykn hidhame, abbaa seeraa ykn nama seeraan aangoon kennameef biratti hatattamaan dhiyaachuu qaba. Yeroo barbaachisaa ta'e keessattis murtii argachuuf ykn gadi dhiifamuuf mirga qaba. Namoota murtii seeraa eeggatan hidhaan tursuun akka raawwii idleetti ilaalamuu hinqabu. Haa ta'u malee, hidhaa keessaa gadi dhiisuun namtichi yeroo dhimmi isaa ilaalamu akka dhiyaatuuf, ykn murtichi akka isa irratti raawwatamu gochuu akka dandeessisuuf, wabii irratti kan hundaa'e ta'uu ni danda'a.
4. Namni sababa hidhamuu isaatiin ykn sababa qabamuu isaatiin walabummaa isaa dhorkame, seerummaa hidhaa isaa qoratee battalumaan seeraan ala ta'uu yoo mirkaneeffate, ajajni bilisaan isa gadi dhiisisu akka kennamuuf mana murtiitti dhiyaatee gaafachuuf mirga qaba.
5. Namni seeraan ala qabame ykn hidhame kamiyyuu, beenyaa raaw'ii qabu argachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 10

1. Namoonni to'annaa jala jiran hundi, kunuunsaafi qabiinsi kabaja namoomaatiin guutame godhamuufii qaba.
2. a. Haalli addaa yoo uumame malee, namoonni himati irratti dhiyaate namoota murtiin irratti kenname irraa adda ba'uufi kunuunsi warra balleessaa hinqabneef godhamu kennamuufii qaba.

   b. Dargaggoota balleessoo ta'an iddoo warrii beekaan itti eegamanirraa adda ba'anii eegamuufi hatattamaan mana murtiitti dhiyaachuu qabu.

3. Kaayoon hidhaa, hidhamtoonni badii isaanii irraa akka of sirreessaniifi miseensota hawaasaa warra fooyya'an taasisuudha. Dargaggooti balleessitoota ta'an hidhamtoota beekoo ta'an irraa iddoo adda ta'etti eegamuufi umrii isaaniifi seeraan kunuunsa umurii isaaniitti argachuu qaban akka argatan ta'uu qabu.

KEEWWATA – 11

Namni kamiyyuu, dirqama waliigaltee isaa utuu hinguutin hafuusaatiin qofa hinhidhamu.

KEEWWATA – 12

1. Naannoo bulchiinsa biyya tokkoo keessatti namni haala seera-qabeessaan argamu kamiyyuu, biyya sana keessatti walaba ta'ee socho'uuf teessoo jireenya isaa walabummaan filachuuf mirga qaba.
2. Namni kamiyyuu, biyya kamiyyuu, kan mataa isaa dabalee, gadi dhiisee ba'uuf mirga qaba.
3. Tasgabbii biyyaalessaa, nageenyafi fayyaa ummataa, naamusa gaariifi akkasumas mirgootaafi bilisummoota warra kanbiroo eeguuf jecha bu'ura seera labsiiwwan waadaa kana keessatti labsaman waliin haala wal simatuun ba'uutti yoo ta'e malee, mirgoota armaan olitti tuqamanirratti daangaan tokkollee hintaasifamu.
4. Namni kamiyyuu, gara biyya isaatti akka hingallee hin-ittifamu.

KEEWWATA – 13

Namni lammii biyya alaa Biyya Waadaa kana fudhate keessa karaa seera-qabeessa ta'een jiraatu, haalli dirqisiisaan biyyaalessaa yoo

uumame malee, biyya sanaa ari'atamuu kan danda'u murtii seera hordofee murtaa'u qofaan yammuu ta'u, tarkaanfii kana mormachuudhaan dhimmiisaa irra deebi'amee akka ilaalamuuf qaama aangoo qabuutti, ykn nama ykn namoota qaama kanaan muudamaniitti ofiisaa ykn karaa bakka bu'aa isaa iyyata dhiyeeffachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 14

1. Namoonni hundi, manneen murtiifi qaamolee seeraa fuulduratti walqixa ilaalamu. Namni kamiyyuu, himati yakkaa ykn civiilii yeroo isarratti murtaa'u, qaama abbaa seerummaa seeraan hundeeffame, aangoo kan qabuufi bilisa ta'e bira dhiyaatee murtii seeraa loogii hinqabneefi ifa ta'e argachuuf mirga qaba. Hawaasa demokraatawaaf barbaachisoo kan ta'an naamusa gaarii, nageenya ummataa, ykn tasgabbii biyyaalessaa eeguuf jecha ykn jireenya dhuunfaa warra mormii dhiyeessanii kan tuqu yommuu ta'u, yookaanis manni murtichaa dhimmichi ifa ba'uun isaa deemsa tajaajila murtii seerummaa kan gufachiisu ta'uu isaa hubachuudhaan ajaja kennamuun dhimmi tokko dhaddacha cufaadhaan ilaalamuu ni danda'a. Haa ta'u malee, mirgaafi faayidaa dargaggoota balleessoo ta'anii eeguuf ykn yeroo falmii wal hiikuu tarkaanfiiwwan eegumsa daa'immanii kan ilaalan yoo ta'an malee, murtiiwwan dhaddacha yakkaattis ta'e hariiroo hawaasaatti kennaman kamiyyuu ifa ta'u qabu.
2. Namni balleessaa yakkaatiin himatame kamiyyuu balleessaan isaa seeraan hanga isarratti mirkanaa'utti akka nama qulqulluutti lakka'amuuf mirga qaba.
3. Himatamaan kamiyyuu, himannoon yakkaa isarratti dhiyaate yammuu ilaalamu, yoo xiqqaate wabummaawwan kanatti aananii argaman haala qixa ta'een argachuuf mirga qaba.

a. Himannoo isarratti dhiyaateefi sababa isaa afaan isaaf galuun hatattamaafi tarreeffamaan beekuu,
b. Himannoo isarratti dhiyaateef ittisa qopheeffachuuf kanneen barbaachisoo ta'aniifi yeroo ga'aa argachuufi nama gorsaa akka ta'uuf filate mariisisuu,
c. Utuu haala seeraan ala ta'een osoo hinturfamin furmaata seeraa argachuu,
d. Bakka ofii argametti murtii argachuu, dhuunfaan ykn abukaattoo filateen falmii ittisaa adeemsifachuu; abukaattoo yoo hinqabaanne gargaarsa gorsaa seeraa argachuuf mirga qabaachuusaa beekuu, deemsi murtii jal'atee wayita argamu humni maallaqaa isaa kan hin-eyyamne yammuu ta'u, utuu hinkaffalin abukaattoon akka dhaabbatuuf taasifachuu,
e. Namoota jecha ragummaa kennan irratti dhuunfaa isaattis ta'e karaa abukaattoo isaa qorannaa adeemsisuu, akkasumas haala namoota ragaa isarratti lakka'amanii ilaalchisee namoonni ragaa mataa isaatii dhiyaatanii akka qoratamaniif taasisuu,
f. Afaan manni murtichaa itti fayyadamu dubbachuu ykn dhaga'uu(hubachuu) kan hindandeenye yoo ta'e, nama afaan hiikuuf bilisaan argachuu,
g. Mataa isaarratti akka ragaa ba'u ykn balleessaa raawwachuu isaa akka amanuuf kan hin dirqamne ta'uu.

4. Himatamtoonni dargaggoota wayita ta'an, deemsi murtii seeraa umrii dargaggummaafi balleessaa irraa sirreessuuf haala mijeessuun barbaachisaa akka ta'e tilmaama keessa galchu qaba.
5. Namni yakkaan itti murteeffame kamiyyuu, bu'ura seeraatiin murtichis ta'e adabbichi mana murtii sadarkaa oliitti argamuun irra deebi'amee akka ilaalamuuf taasifachuuf mirga qaba.

6. Namni balleessaa raawwatte jedhamee murtiin xumuraa irratti murtaa'e, yeroo booda murtichi yammuu hafu ykn murtii kanbiraadhaan balleessummaan isaa wayita haqamu, bu'ura ragaa haaraa ykn isa dhihoo argameetti, murtii seeraa irratti hanqinni jiraachuun isaa waan mirkanaa'eef dhiifamni yammuu godhamuuf, sababa murtichaatiin adabbii isarra ga'eef, akka seeraatti beenyaan kafalamuufii qaba. Haa ta'u malee, beenyaan kan kafalamuuf ragaan murticha jijjiirsisuuf sababa ta'e utuu hinbeekamin kan ture walakkaanis ta'e guutummaatti sababa himatamaatiin akka hintaane yammuu mirkanaa'udha.
7. Namni kamiyyuu bu'ura seera deemsa falmii adaba yakkaa biyya isaatti, balleessaa yeroo xumuraaf ittiin isarratti murtaa'eetti ykn irraa bilisa ta'etti yeroo lammaffaa murtiif hindhiyaatu, ykn itti hin-adabamu.

KEEWWATA – 15

1. Namni kamiyyuu raawwatameera ykn utuu hinraawwatamin hafeera yeroo jedhametti, gocha bu'ura seera biyyaalessaas ta'e idil-addunyaa yeroo sanaatti, akka yakkaatti hinlakka'amnetti, gocha yakkaa akka raawwateetti itti-gaafatamaa ta'ee itti hin himatamu. Akkasumas adabbii isa yeroo inni balleessicha raawwate hojiirra oolee tureen olitti adabni cimaan isarratti hinraawwatamu.Yakka akka kanaatiif balleessichi erga raawwatamee booda seerri adaba salphaa kennisiisu yoo labsame, namichi balleessaa raawwate sun seera isa haaraa kanarraa fayyadamaa ta'a.
2. Bu'ura waliigala qajeelfamoota seeraa biyyoonni beekamummaa kennaniifitti, raawwatamuun gochichaa ykn utuu hinraawwatamin hafuun isaa akka yakkaatti kan

lakka'amu yoo ta'e, namichi balleessaa raawwate murtiif dhiyaatee akka hin-adabamne keewwati kun hin-ittisu.

KEEWWATA – 16

Namni kamiyyuu, eessattiyyuu seera fuulduratti akka namaatti beekamuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 17

1. Jireenya dhuunfaa, maatii, mana jireenyaa ykn quunnamtii nama isa kamiyyuu irratti haala barbaachisaa hintaaneen ykn haala seeraan ala ta'een akka gidduu seenan hintaasifamu. Maqaa gaariin inni qabus hinsarbamu.
2. Namni kamiyyuu gidduu seenuun ykn miidhaan akkasii akka isarratti hinraawwatamneef mirga eegumsa seeraa argachuu qaba.

KEEWWATA – 18

1. Namni kamiyyuu, walabummaa yaadaa, sammuufi amantii qaba. Mirgi kunis walabummaa amantii qabaachuu ykn amantii ykn waaqeffannaa kanbiraa ifii filate hordofuu, akkasumas walabummaa qofaa isaas ta'e namoota biroo waliin ta'uudhaan amantii isaa ykn waaqeffannaa isaa waltajjii irrattis ta'e dhuunfaatti waaqeffachuun argisiisuu, sirnicha kabajuu, hojiirra oolchuufi dabarsanii lallabuu ni dabala.
2. Namni kamiyyuu, walabummaan amantii qabaachuuf ykn amantiis ta'e waaqeffannaa kanbiraa kan filate hordofuuf inni qabu tuquun ykn dirqisiisuun hindanda'amu.

3. Walabummaan amantii ykn waaqeffannaa ofii ibsachuuf daangeffamuu kan danda'u, bu'ura seeraa labsameefi nageenya biyyaa, fayyaa ummataa ykn naamusa ykn mirgoota bu'uraafi walabummaa warra biroo kabajsiisuun yeroo barbaachisaa ta'u qofadha.
4. Biyyoonni Waadaa kana fudhatan warraafi kanneen seeraan guddiftoota ta'an barumsi amantiifi naamusaa ijoollee isaanii haala amantii mataa isaanii kan hordofe ta'uu mirkaneeffachuuf mirga qaban kabajsiisuuf waliigalaniiru.

KEEWWATA – 19

1. Namni kamiyyuu, jiddu galuun tokkollee utuu hinjiraatin ilaalcha mataa isaatii qabaachuuf mirga qaba.
2. Namni kamiyyuu walabummaa yaada isaa ibsachuu qaba. Mirgi kunis, odeeffannoofi yaada kamiyyuu daangaa tokko malee, barbaaduu, argachuufi jechaan, barreessaan ykn maxxansaan, artiiwwaniin, ykn karaawwan filate kanneen biroon dabarsuuf mirga qabu hunda of keessatti qabata.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti mirgoonni labsaman itti-fayyadamni isaanii dirqamootaafi itti-gaafatamummaa addaas waliin qabatee jira. Sababa kanaatiinis, daangeffamni murtaa'e irratti taasifamuu ni danda'a.

   Haata'umalee, daangessoonni seeraan kan labsamaniifi barbbaachisani;
   a. Mirgootaafi kabaja namoota biroo eegsisuuf,
   b. Nagaa biyyaalessaa, nageenya ummataa, ykn fayyaa, ykn naamusa kabajsiisuuf barbaachisoo ta'uu qabu.

KEEWWATA – 20

1. Ololli waraanaaf adeemsifamu kamiyyuu seeraan dhorkamaadha.
2. Jibba sabaa, sanyifi, amantii kan loogii, garaagartummaa, diinummaa ykn gocha humnaatiif nama kakaasu danda'urratti bobba'uun seeraan kan dhorkameedha.

KEEWWATA – 21

Namoonni walga'ii nagayaa adeemsisuuf mirga qabu. Hawaasa demokraatawaa keessatti tasgabbii biyyaalessaafi nagayaafi nageenya, faayidaa uummataa, fayyaafi naamusa gaarii ummataa eeguuf ykn mirgootaafi bilisummaa namoota biroo kabajsiisuuf kan barbaachisu seeraan kan labsame malee mirga kanarratti daangaan tokkollee hintaasifamu.

KEEWWATA – 22

1. Namni kamiyyuu namoota biroo waliin ta'uudhaan gurmaa'uuf mirga ni qaba. Mirgi kunis mirgoota faayidaa kabajsiifachuu, waldaalee hojjettootaa dhaabbachuus ta'e miseensa ta'u ni dabalata.
2. Hawaasa demokraatawaa keessatti tasgabbii biyyaalessaafi faayidaa nagayaafi nageenya ummataa ykn fayyaafi naamusa gaarii ummataa eeguuf, ykn mirgootaafi walabummaa namoota biroo kabajsiisuuf kan barbaachisuufi seeraan kan labsameen alatti, mirga kana irratti daangessuun tokkollee hintaasifamu. Keewwati kun gama mirga kanatti fayyadamuutiin miseensota humna waraanaafi hoomaa poolisii irratti daangessuu seeraan taasifamuu qabu hin-ittisu.

3. Keewwati kun Eegumsa Walabummaa Waldaalee Dhaabbachuufi Mirga Gurmaa'uu kan ilaalu waliigaltee Dhaabbata Hojii Idil-addunyaa (ILO) kan bara 1948 Biyyoonni fudhatan seera wabummaalee waliigalticha irratti mirkanaa'aniif faallaa ta'e akka tumatan, ykn seericha wabummaalee kanaaf bifa faallaa ta'een akka itti fayyadaman hin-eyyamamuuf.

KEEWWATA – 23

1. Maatiin hawaasaaf hundee uumamaa waan ta'eef, eegumsi mootummaafi hawaasaa godhamuufii qaba.
2. Dardaraafi shamarran umriin gaa'elaaf qaqqabe wal fuudhanii bultii dhaabbachuuf mirga qabu.
3. Fedhiifi eyyama warra wal fuudhaniitiin ala gaa'elli hundeeffamuu hinqabu.
4. Seera Idil-addunyaa kana biyyoonni fudhatan, warri wal fuudhan fuudhaafi heeruma isaanii yeroo raawwatan, gaa'elichi yeroo nagaan turuufi yeroo diigamu, itti-gaafatamummaafi mirga walqixa kan qaban ta'uu mirkaneessuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhatu. Gaa'elichi yommuu diigamu, nageenyaafi faayidaa ijoolleetiif eegumsi barbaachisaan ni godhama.

KEEWWATA – 24

1. Daa'imni kamiyyuu, karaa sanyii, bifaa, saalaa, qooqa, amantii hidda sabaafi hawaasummaa, qabeenyaa, ykn dhalootaa garaagartummaan tokkollee utuu irratti hintaasifamin sababa umurii itti of danda'u hinqaqqabneef eegumsaafi kunuunsa isa barbaachisu maatii, hawaasaafi mootummaa irraa argachuuf mirga qaba.

2. Daa'imni kamiyyuu, akka dhalateen ni galmeeffama maqaanis ni moggaafamaaf.
3. Daa'imni kamiyyuu, lammummaa argachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 25

Lammiin kamiyyuu keewwata 2 irratti akkuma ibsame garaagartummaan utuu irratti hingodhaminiifi daangessuun barbaachisaa hintaane utuu irratti hintaasifamin,

a. Mataan isaa kallattiidhaan, ykn karaa bakka bu'oota isaa warra karaa seera qabeessaan filatamanii dhimmoota ummataa irratti hirmaachuuf,
b. Filannoowwan dhugaa hundinuu, walqixa kan irratti hirmaatan, eyyamni filattootaa walabaan kan ittiin ibsamu ta'uu wabummaa kan qaban, yeroo yerootti iccitiin kan adeemsifaman irratti filachuufi kaadhimamaa ta'uun dhiyaachuuf,
c. Biyya keessatti tajaajiloota ummataaf dhiyaatan loogii malee walqixaan argachuuf mirgaafi carraa ni qabaata.

KEEWWATA – 26

Namni hundi seera fuulduratti walqixxeedha. Garaagartummaa tokko malee walqixa eegumsa seeraa argachuufis mirga qaba. Gama kanaan seerichi garaagartummaa kamiiniyyuu ittisuudhaan sanyiin, bifaan, koroniyaan, qooqaan, amantiin, siyaasaan ykn ilaalcha kanbiraan, sabaan ykn dhufaatii hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan ykn sababa kana fakkaatu kanbiraan garaagartummaan

loogii qabu akka irratti hinraawwatamne nama hundaaf wabummaa eegumsa walqixa ta'eefi amansiisaa ni godha.

KEEWWATA – 27

Hawaasota lakkoofsi isaanii xixiqqaa, kanneen sabummaa amantii ykn qooqarratti hunda'an biyya itti jiraatan keessatti namni miseensa gartuule kanneenii ta'e miseensota hawaasichaa kanneen biroo waliin aadaa isaatti akka hinfayyadamne, amantii isaa akka hinhordofne, ykn sirna waaqeffannaa amantii isaa akka hinraawwanne, afaan isaatti akka hinfayyadamne, mirgi isaa sarbamuu hinqabu.

KUTAA - AFUR
KEEWWATA – 28

1. Bu'ura Waadaa kanaatti Koreen Mirga Namoomaa (ammaan booda Waada kana keessatti Koree jedhamee kan waamamu) ni ijaarama. Koreen kun miseensota 18 kan qabaatu yommuu ta'u, hojiiwwan armaan gaditti tarreeffamanii jiran raawwata.
2. Koreen kun lammiiwwan Biyyoota Waadaa kanatti miseensota ta'aniin kan hundeeffamu yammuu ta'u, namoonni kun naamusa gaarii kan qabaniifi gama mirgoota namoomaatiin dandeettii isaaniitiin beekamummaa kan argatan ta'u. Keessumatti namoota dandeettiifi muuxannoo seeraa qaban hirmaachisuun bu'aan inni qabu tilmaama keessa akka seenu ta'a.
3. Miseensonni Koree kanaa kan filatamaniifi mataa isaaniitiin kan tajaajilan ta'u.

KEEWWATA – 29

1. Miseensonni Koree kanaa, Biyyoonni Waadaa kana fudhatan ulaagaalee keewwata 28 jalatti ibsaman ni guutu jedhanii kaadhimamtoota tarreeffamaan dhiyeessan keessaa sagalee iccitiin kennamuun filatamu.
2. Tokkoo tokkoon Biyya Waadaa kana fudhatanii, maqaa kaadhimamtoota lamaa ol hindhiyeessan. Kaadhimamtoonni kun lammiiwwan biyyicha maqaa isaanii dhiyeessanii ta'uu qabu.
3. Namni tokko filannoo Koreef irra deebi'ee dhiyaachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 30

1. Filannoon inni jalqabaa Waadaan kun raggaasifamee yeroo ji'a jaha hincaalle keessatti adeemsifama.
2. Bu'ura keewwata 34tti iddoowwan duwwaa guutuuf yoo ta'e malee, tokkoo tokkoon filannoo adeemsifamuu isaa dura yoo xiqqaate ji'a afur dursee Muummichi Barreessaan Mootummoota Gamtoomanii Biyyoonni Waadaa kana fudhatan ji'a sadii keessatti miseensummaa Koree kanaatiif kaadhimamtoota isaanii akka dhiyeessan Barreessaan ni gaafata.
3. Mummichi Barreessaa kaadhimamtoota maqaan isaanii dhiyaate akkaataa tartiiba qubee maqaa isaaniitti qopheessuudhaan biyyoota isaan dhiyeessan argisiisuun, tokko tokkoon filannoo adeemsifamuu isaa ji'a tokko dursee Biyyoota Waadaa kana fudhataniif dhiyeessa.
4. Filannoon miseensota Koree kanaa, Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii Waajjira Giddugaleessaa Dhaabbatichaatti waamicha Biyyoota Waadaa kana fudhataniif dhiyeessee walga'ii adeemsifamuun raawwatama. Biyyoota Waadaa kana fudhatan keessaa harka sadii keessaa harki lama

yoo argaman walgahiin ni ta'a. Walga'icha irratti warri biyyoota isaanii bakka bu'uun filannicharratti sagalee kennan, keessaa kaadhimamtoonni sagalee caalmaa qabuu fi wayyaba argatan filatamanii miseensota Koree ta'u.

KEEWWATA – 31

Koreen kun Biyya tokko keessatti miseensi inni qabaatu lammii biyyattii tokko caaluu hindanda'u.

Filannoo Koree kanaa ilaalchisee miseensummaan Koree naannoo hundarraa haala walcaalmmaa hinqabneen ta'uu isaa akka calaqqisiisuufi gosa qaroomina addaddaafi sirnoota seeraa kanneen gurguddaa akka bakka bu'u gochuun barbaachisummaan isaa tilmaama keessa ni galfama.

KEEWWATA – 32

Miseensonni Koree kanaa turttii hojii waggaa afuriitiif filatamu. Filannoo lammataafis dhiyaachuu ni danda'u. Haata'u malee, warra marsaa jalqabaatti filataman keessaa yeroon hojii miseensota sagalii dhuma waggaa lammaffaatti xumurama. Filannoon inni jalqabaa akka raawwatameen battalumatti bu'ura keewwata 30 keewwata xiqqaa 4 irratti caqasameetti, dura-taa'aan walga'ii carraa buusuun maqaan miseensota saglanii beekama.

Yeroon hojii miseensota Koree wayita xumuramu, filannoowwan bu'ura keewwatoota Waadaa kanaa kanneen duratti ibsamaniitti raawwatamu.

KEEWWATA – 33

Miseensi Koree tokko sababa kanbiroo yeroodhaaf hintaane kamiiniyyuu hojicha kan dhaabe ta'u isaatti miseensonni warri hafan hundi yeroo irratti waliigalan, haala kana dura taa'aan Koree Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif beeksisa. Barreessichis iddoon itti-gaafatamummaa miseensichaan qabamee ture banaa(duwwaa) ta'uu beeksisa.

Miseensi Koree tokko du'aan yoo adda ba'e ykn fedhii isaatiin yoo hojii gadi dhiise, haala kana Dura Taa'aan Koree battalumaan, Barreessaaf beeksisa. Muummichi Barreessaas, miseensichi yeroo itti du'ee ykn hojii gadi dhiisee jalqabee iddoon isaa banaa(duwwaa) ta'uu ibsa.

KEEWWATA – 34

1. Bu'ura keewwata 33tti, iddoon hojii miseensicha Koree banaa (dhuwwaa) ta'uun isaa yommuu ibsamuufi kun ta'uun isaa beekamee turtaa yeroo ji'a jahaa keessatti barri hojii miseensa iddoo bu'uu kan hinxumuramne yoo ta'e, Muummichi Barreessaa haala kana tokko tokkoo biyyoota Waadaa kana fudhatanii beeksisa. Biyyoonni kunneenis bu'ura keewwata 29tti iddoo hojii isa duwwaa ta'e guutuuf yeroo ji'a lamaa keessatti kaadhimamoota beeksisu.
2. Muummichi Barreessaa bu'ura tartiiba qubeetti maqaa kaadhimamtoota dhiyaatanii tarreeffamaan qopheessee biyyoota Waadicha fudhataniif dhiyeessa. Iddoo hojii isa duwwaa guutuufis akka labsiiwwan Waadichaa kutaa afur keessatti labsamaniitti, filannoon ni adeemsifama.

3. Akka bu'uura Keewwata 33tti ibsameetti, miseensi Koree iddoo duwwaa guutuuf filatame, bu'urri Keewwata sanaa akka labsutti, yeroo hojii miseensi inni duraa utuu hinxumurin hafe itti-gaafatamummaan tura.

KEEWWATA 35

Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniin yeroo ragga'uufi bu'ura haalota Yaa'iin Waliigalaa kun labsuutti, akkasumas guddina itti-gaafatamummaa Koree kanaa hubannoo keessa galchuudhaan miseensota Koree kanaatiif maallaqa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii irraa mindaan ni kaffalamaaf.

KEEWWATA – 36

Koreen kun hojiiwwan Waadaa kana keessatti labsaman akka hojjetuuf, Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii humna namaafi meeshaalee isa barbaachisu ni guutaaf.

KEEWWATA – 37

1. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii walga'ii Koree kanaa isa jalqabaa Waajjira Giddugaleessa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti waama.
2. Walga'ii isa jalqabaa booda Koreen kun bu'ura dambii naamusaa mataa isaatti yeroo yerootti walitti qabama.
3. Walga'iiwwan idlee Koree kanaa Waajjira Giddugaleessa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ykn Waajjira Dhaabbatichaa Jeneevaa jirutti adeemsifamu.

KEEWWATA – 38

Tokkoo tokkoon miseensa Koree hojii idlee isaa jalqabuu dura walga'ii ifaa Koree kanaa irratti itti-gaafatamummaa kennameef loogii malee ilaalcha qulqulluun ba'uuf waadaa gala.

KEEWWATA – 39

Koreen kun miseensota qondaalota isaa yeroo hojii waggaa lamaatiif filata. Isaanis irra deebi'anii filatamuu ni danda'u.

Koreen kun danbii naamusaa kan mataa isaatii ni baafata. Danbiiwwan kunneen keessattis kanneen kanatti aananii argaman jiraachuu qabu.

a. Koramiin (lakkoofsi walga'ii inni ga'aa jedhamu) namoota 12 yoo qabaate guutuu jedhama.
b. Murtiin Koree kan ragga'u sagalee miseensota walga'icharratti argamanii keessaa isa caalmaa qabuun yoo deggarame ta'a.

KEEWWATA – 40

1. Biyyoonni Waadaa kana fudhatan,
    a. Tokoo tokkoo isaa ilaalchisuun, guyyaa Waadaan ragga'ee jalqabee waggaa tokko keessatti,
    b. Sana booda yeroo koreen gaafatu hunda mirgoota Waadichaan beekamummaa argatan hojiirra oolchuuf waa'ee tarkaanfii fudhataniifi mirgoota kanatti fayyadamuu haala ilaaluun waa'ee bu'aa argamee gabaasota dhiyeessuuf waadaa galaniiru.
2. Gabaasni kamiyyuu Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyaata. Muummichichi Barreessaas gabaasota isa qaqqaban Koreen kun akka ilaaluuf gara isaatti dabarsa. Gabaasonni kunis, raawwii Waadaa kanaa waliin

dhimmoota wal qabataniifi rakkinoonnis yoo jiraatan ifatti ni argisiisu.

3. Muummichi Barreessaa Koree waliin erga mari'atee booda, gabaasota kana keessaa garagalcha kutaalee naannoo gaheen hojii isaanii itti hojjetamuutti argamanii qaamolee Mootummoota Gamtoomanii hojiin addaa kennameefii dhimmi isaas isaan ilaallatuuf dabarsuu ni danda'a.
4. Gabaasota Biyyoonni Waadaa kana fudhatan dhiyeessaniif koreen kun ni qorata. Gabaasa mataa isaafi yaadota barbaachisoodha jedhee yaade Biyyoota Waadicha fudhataniif dhiyeessa.Dabalamaanis Biyyoota yaadotasaa kana fudhatani irraa garagalcha gabaasaa isa qaqqabe waliin Mana Maree Dinagdeefi Hawaasummaatiif dhiyeessuu ni danda'a.

5. Bu'ura keewwata xiqqaa 4 kan keewwata kanaatti, yaadota dhiyaatanirratti Biyyoonni Waadicha fudhatan gama isaaniitiin yaada qaban Koree kanaaf dhiyeessuu ni danda'u.

KEEWWATA – 41

1. Yeroo kamiyyuu taanaan, Biyyi Waadaa kana fudhate tokko, bu'ura keewwata kanaatti, Koreen kun biyyi miseensa ta'e tokko dirqamoota isarraa eegamu hinbaane jechuudhaan ibsa dhiyeessu fudhatee qaama dhimmicha qorachuuf aangoo qabuuf beekamummaa kennuu ni danda'a. Bu'ura keewwata kanaatti, ibsa gosa kanaa fudhuunis ta'e ilaaluun kan danda'mu, ibsicha kan dhiyeesse biyyi Waadaa kana fudhate mataan isaa aangoo Koree kanaatiif beekamummaa kan kenne yoo ta'edha. Koreen kun Biyya aangoo isaatiif beekamummaa hinkennine irraa ibsa fuudhee hin-ilaalu. Bu'ura keewwata kanaatti, ibsoota Koree kana

qaqqaban irratti sirnoota kanatti aananii jiran hordofuudhaan tarkaanfiiwwan fudhatamu.

a. Biyyi Waadaa kana fudhate tokko Biyyi kan biraan Waadaa kana fudhate tokko labsiiwwan seera kanaa hojiirra hin-oolchine jedhee yoo amane, komee isaa Biyya dirqama isaa hinbaane jedhe sanaaf barreessaan beeksisa. Biyyi sunis komeen kun isa qaqqabee ji'a sadii keessatti waa'ee dhimma kanaa ilaalchisuun ibsa gama isaatiin qabu Biyya komee isaa isa beeksiseef barreessaan erga. Ibsi isaas hanga danda'ametti akka barbaachisummaa isaatti, haalota dhimma kana ilaallatanirratti sirnoota Biyyattii keessa jiran, yaadota fooyya'insaa jiran, tarkaanfiiwwan fudhataman, kanneen fudhatamuuf yaadaman, of keessatti qabaachuutu irra jiraata.
b. Komee inni jalqabaa qaqqabee ji'a jaha keessatti Biyyoota Waadaa kana fudhatan lamaan dhimmichi isaan ilaallatu furmaanni quufoo yoo hin-argamne, biyyoota lamaan keessaa inni tokko dhimmicha Koreedhaaf dhiyeessuufi Biyya isa kanbiraa waa'ee dhimma kanaa beeksisuuf mirga qaba.
c. Koreen kun dhimmicha irratti tarkaanfii kan fudhatu duraandursee qajeelfama waliigalaa seera idil-addunyaa hordofuudhaan biyya dhimmisaa ilaallatu keessatti tooftaalee jiran kanneen furmaata fiduuf gargaaran hundatti fayyadamuudhaan bu'aa galmeessuu dadhabuusaa yeroo mirkaneeffatu qofadha. Furmaata fiduuf yeroon inni fudhatu akka sammuun namaa yaadutti seeraan ala kan dheerate ta'ee yommuu argamu danbiin kun hojiirra hin-oolu.
d. Bu'ura keewwata kanaatti, Koreen kun komeewwan isaaf dhiyaatan kan qoratu walga'ii cufaa dhaan ta'a.
e. Labsiin qubee(C) jalatti caqasame akka eegametti ta'ee, Koreen kun bilisummoota bu'uraafi mirgoota namoomaa Waadaa kana keessatti beekamummaa argatan bifa kabajsiisuun dhimmichi waliigalteedhaan furmaata akka

argatu Biyyoota Waadaa kana fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu lamaaniif tajaajila ni kenna.

f. Koreen kun dhimma isaaf dhiyaate isa kamiyyuu irratti keewwata xiqqaa 1(b) jalatti kan caqasaman Biyyoonni fudhatan ragaalee dabalataa akka dhiyeessaniif gaafachuu ni danda'a.
g. Keewwata xiqqaa 1(b) jalatti kan caqasaman, biyyoonni waadaa fudhatan, Koreen kun komeewwan isa qaqqaban yommuu qoratu bakka bu'ummaa kennuuf, yaada isaanii jechaan ykn barreessaan dhiyeessuuf mirga qabu.
h. Bu'ura keewwata xiqqaa 1(e)tti dhimmichaaf furmaati yoo argame, koreen gabaasa keessatti furmaata argame ni ibsa.
    i. Bu'ura keewwata xiqqaa1(e)tti furmaanni yoo dhabame, Koreen kanuma gabaasa isaa keessatti ibsuudhaan Biyyoonni lamaan Waadaa kana fudhatan kanneen dhimmichi isaan ilaallatu ibsa jechaafi barreessaan dhiyeessan waliin qabsiisee dhiyeessa.
    ii. Haala kamiiniyyuu gabaasi Koree kanaa Biyyoota Waadaa kana fudhatan warra dhimmichi isaan ilaallatu lamaan akka beekaniif isaaniif ergama.

2. Labsiiwwan keewwata kanaa kan raawwataman Biyyoota Waadaa kana fudhatan keessaa 10 kan ta'an bu'ura keewwata xiqqaa 1 kan keewwata kanaatti, aangoo Koree kanaatiif beekamummaa kennuu isaanii yammuu mirkaneessanidha. Mirkaneessu barreessaa kana fakkaatu Biyyoota Waadicha fudhatanirraa Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif dabarfamee isa bira taa'a. Muummichi Barreessaas garagalchoota isaa Biyyoota Waadaa kana fudhataniif qaqqabsiisa. Biyyi Waadicha fudhate tokko Muummicha Barreessaa beeksisuudhaan jecha beekamummaa

aangoo mirkaneessuuf kenne yeroo kamiyyuu haquu ni danda'a. Haa ta'u malee dhimmi beekamummaa aangoo kaasuu ykn haquu komee duratti dhiyaate qorachuu hindhorku. Biyya Waadicha fudhate kan dhimmichi isa ilaallatu barreessa beekamummaa aangoo mirkaneessu kanbiroo yoo kenne malee Muummicha Barreessaaf ibsi barreessicha haqu yeroo itti qaqqabee jalqabee ibsa komee biyya sana irratti dhiyaatu Koreen kun hinfudhatu.

KEEWWATA – 42

1. a. Bu'ura keewwata 41tti, komeen Koree kanaaf dhiyaate, Biyyoota Waadicha fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu haala gammachiisuun furmaati yoo argamuu baate, Koreen kun biyyoota kana keessatti Komiishinii araaraa yeroof hojjetu tokko (kana booda Komiishinii jedhamee kan caqasamu) ni ramada. Komiishinichis kaayoo Waadaa Idil-addunyaa kabajsiisuu kana irratti hundaa'uudhaan biyyoonni miseensummaan waadaa kana fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu lamaan yaada isaanii walitti araarsuudhaan dhimmichatti furmaata akka argatan tajaajila kennaaf.
   b. Komiishinichi miseensota Biyyoonni Waadicha fudhatan kanneen dhimmichi isaan ilaallatu irratti waliigalan shan ni qabaata. Ji'a sadii keessatti Biyyoonni miseensota Komiishinichaa hundarratti ykn walakkaa isaanii irratti yoo waliigaltee dhaban Koreen kun miseensota irratti waliigaluun dadhabame kan iddoo bu'an miseensota mataa isaatii keessaa filannoo iccitiin sagalee harka sadii keessaa harka lamaan (2/3)tiin caalmaa kan argatan filata.
2. Miseensonni Komiishinichaa kan tajaajilan maqaa isaaniitiin ta'a. Dabalamaanis miseensonni Komiishinichaa lammiiwwan Biyyoota dhimmichi isaan ilaallatuu ykn lammiiwwan biyyoota Waadaa Idil-

addunyaa kana hinfudhannee ykn bu'ura keewwata 41tti lammiiwwan Biyya mirkaneessa beekamummaa hinkenninee ta'uun irra hinjiraatu.

3. Komiishinichi Dura-Taa'aa mataa isaatii ni filata. Dambii naamusaa ittiin qajeelfamus ni baafata.
4. Walga'iiwwan Komiishinichaa kan adeemsifaman Waajjira Giddugaleessaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ykn waajjira dhaabbatichaa Jeeneevaatti argamuutti ta'a. Haata'u malee Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniifi Biyyoota Waadicha fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu waliin marii adeemsisuudhaan Komiishinichi iddoowwan kanbiroo mijaa'oo ta'anitti walga'ii isaa adeemsisuu ni danda'a.
5. Bu'ura keewwata 38tti waajjirri hundeeffame komiishinoota keewwata kanaan hundeeffamaniifis tajaajila ni kenna.
6. Odeeffannoowwan Koreen kun fudhateefi mataan isaa qopheesse Komiishinichi ilaaluu ni danda'a. Dabalataanis Komiishinichi odeeffannoowwan faayidaa qabeeyyii kan biroo Biyyoota Waadicha fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu irraa argachuu ni danda'a.
7. Komiishinichi dhimma itti hundeeffameef erga qoratee booda Biyyoota dhimmichi isaan ilaallatuuf gabaasa godhamu karaa Dura-Taa'aa dhiyeessa. Yeroo kamiyyuu gabaasichi Komiishinichi dhimmicha ilaaluu jalqabee ji'a 12 caalaa turuu hinqabu.
    a. Komiishinichi dhimmicha ji'a 12 keessatti qoratee xumuruu yoo dadhabe, gabaasichi sadarkaa dhimmichi irra jiru qofa gabaasuun kan ibsu ta'a.
    b. Mirgoota namoomaa Waadaa kanaan beekamummaa argatan kabajuurratti kan hundeeffame furmaati walta'umsa uumu yoo argame, ijoon gabaasa Komiishinichaa furmaata argamerratti kan xiyyeeffatu ta'a.
    c. Bu'ura keewwata xiqqaa 7(b)tti furmaati utuu hin-argamin yoo hafe gabaasni Komiishinichaa dhimmicha ilaalchisuun

gaaffiiwwan ka'an hunda irratti bu'aalee isaafi rakkoowwan kanaaf fala fiduuf yaadota isaaf dhiyaatan ni qabta. Gabaasi kun dabalamaanis, Biyyoota Waadicha fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu irraa ibsoota jechaafi barreessaan dhiyaatan ni dabalata.

d. Gabaasni Komiishinichaa bu'ura keewwata xiqqaa 7(c) tti kan dhiyaate yoo ta'e, biyyoonni dhimmichi isaan ilaallatu gabaasichi isaan qaqqabee yeroo ji'a sadii keessatti qabiyyeewwan gabaasichaa irratti waliigaluufi waliigaluu dhabuu isaanii Dura-Taa'aa Koreef beeksisu.

8. Labsiiwwan keewwata kanaa itti-gaafatamummoota Koree kanaa kanneen keewwata 41 keessatti caqasaman kan tuqan hinta'an.
9. Biyyoonni waadicha fudhatan dhimmichi isaan ilaallatu bu'ura tilmaama, Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii dhiyeessuutti baasiiwwan miseensota Komiishinichaa hunda qixxeetti kaffalu.
10. Yommuu barbaachisaa ta'ee argamu, Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtookmanii keewwata kanatti bu'ura keewwata xiqqaa 9tti, Biyyoonni Waadaa kana fudhatan dhimmi isaa isaan ilaallatu kaffalticha iddoo buusuu isaanii dura baasiiwwan miseensota Komiishinichaa hunda danda'uuf aangoo qaba.

KEEWWATA – 43

Bu'uura Waliigalteewwaniifi Labsiiwwan Mirgoota Addaafi Mirgoota Hintuqamnee Mootummoota Gamtoomanii fudhatamoo ta'aniitti, kan koree kanaafi, bu'uura keewwata 42tti miseensonni Komiishinii araaraa yeroof dhaabatee hojicharratti ramadaman, ogeeyyii hojii ergama Mootummoota Gamtoomaniif bobba'aniif kan ta'u kan ittiin hojii adeemsisan faayidaalee xixiqqaafi eegumsa mirga dippilomaatummaa argachuuf mirga qabu.

KEEWWATA – 44

Labsiiwwan Waadaa kana hojiirra oolchuuf ba'an Mootummooti Gamtoomaniifi qaamoleen itti-gaafatamummaa hojii addaa kennameef waliigalteewwaniifi dambiiwwan raawwachiisoo keessatti mirgoota namoomaa ilaalchisuun sirnoota tarreeffamaan kaa'aman kan tuqan hinta'an. Dabalamaanis, labsiiwwan kun biyyoonni Waadaa kana fudhatan bu'ura waliigaltee waliigalaa ykn Waliigaltee Idil-addunyaa addaa gidduu isaanii jiranitti, falmii gidduu isaanii jiruuf furmaata fiduuf tooftaalee kanbiroo hordofuu irraa isaan hin-ittisu.

KEEWWATA – 45

Koreen kun waggaa waggaatti gabaasa sochii hojii isaatii ibsu karaa Mana Maree Dinagdee fi Hawaasummaa Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyeessa.

KUTAA – SHAN
KEEWWATA – 46

Labsiin Waadaa kanaa inni kamiyyuu danboonni ittiin-bulmmaataa hojiifi itti-gaafatamummaa qaamoleefi kutaalee garaagaraa Charteriifi Mootummoota Gamtoomanii itti-gaafatamummaan addaa dhaabbatichaa kennameefii ilaalchisuun kanneen labsamaniif bifa faallaa ta'een hiiki hinkennamuuf.

KEEWWATA – 47

Labsii Waadaa kanaa isa kamiyyuu ummattoonni qabeenyaa isaanii kan uumamaafi dandeettii isaanii hundatti walabummaan mirga itti fayyadamuuf qaban bifa xiqqeessuu danda'uun hiiki itti hinkennamu.

KUTAA – JAHA
KEEWWATA – 48

1. Waadaan kun Biyya Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti miseensa ta’eef ykn qaamolee itti-gaafatamummaan hojii addaa kennameefitti miseensa ta’aniif, Biyya Dambii ittiin-bulmmaata Mana Murtii Idil-addunyaa fudhatee, akkasumas biyya kanbiraa Waadaa kana akka mallatteessuuf Yaa’ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii irratti afeerameef, mallattoof banaadha.
2. Waadaan kun biyyoota mallatteessaniin raggaasifmuutu irra jiraata. Dokmantoonni ittiin raggaasifamanis Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii bira taa’u.
3. Waadaan kun Biyyi keewwata xiqqaa 1 kan keewwata kanaa irratti caqasame kamiyyuu akka fudhatuuf banaa ta’a.
4. Fudhachuun kan mirkaneeffamu, dokmantii ittiin fudhachuu ifa taasisan Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii bira kaa’uudhaani.
5. Muummichi Barreessaa Mootummaa Gamtoomanii Biyyoonni Waadicha fudhatan ykn mallatteessan waa’ee dokmantii Waadicha fudhachuuf ykn raggaasisuuf mallatteessanii, isa bira kaa’amee akka beekan ni taasisa.

KEEWWATA – 49

1. Waadaan kun kan ragga’u dokmantiin raggaasisaa ykn Waliigaltee 35ffaan Muummicha Barreessaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bira kaa’amee ji’a sadii booda ta’a.
2. Dokmantiin raggaasisaa ykn Waliigaltee 35ffaan Muummicha Barreessaa bira erga kaa’amee booda tokkoo tokkoo Biyya Waadaa kana raggaasisuuf Waadichi kan ragga’u dokmantii

raggaasisaa ykn waliigaltee mataa isaatii guyyaa itti kaa'ee ji'a sadii booda ta'a.

KEEWWATA – 50

Labsiiwwan Waadaa kanaa Biyyoota bulchiinsa federaalawaa qaban biratti, naannolee bulchiinsaa hunda keessatti daangessuu ykn garaagartummaa tokko malee kan raawwataman ta'u.

KEEWWATA – 51

1. Biyyi Waadaa kana fudhate kamiyyuu, yaadota Waadicha fooyyessuu danda'an Muummicha Barreessaa Daabbata Mootummoota Gamtoomaniif dhiyeessuu ni danda'a. Muummichi Barreessaas waa'ee yaadota fooyyessoo dhiyaatanii Biyyoota Waadaa kana fudhataniif beeksisuudhaan yaadota dhiyaatan irratti marii adeemsisuufi sagaleen akka kennamu taasisuuf yaa'iin akka waamamu kan barbaadan yoo ta'e akka isa beeksisan ni gaafata. Biyyoota Waadicha fudhatan harka sadii kaeessaa harki tokko (1/3) yaa'iin akka waamamu kan deggaran yoo ta'e, Muummichi Barreessaa yaa'ichi karaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii akka adeemsifamuuf walga'ii isaa qopheessa. Biyyooti Waadicha fudhatanii yaa'icha irratti argamuudhaan sagalee kennan keessaa yaadi fooyyessaa miseensota baay'eedhaan deggarame, Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyatee akka raggaasifamu ta'a.
2. Yaadni fooyyessaa tokko kan ragga'u, akka dambii ittiin bulmmaataa isaaniitti, Yaa'iin Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniifi Mootummoota Waadaa Idil-addunyaa kana fudhatan keessaa harka sadii keessaa harki lama (2/3) yommuu raggaasisan ta'a.

3. Yaadonni fooyyessaa yommuu hojiirra oolan, Biyyoota isaan fudhatan irratti humna dirqisiisummaa ni qabaatu. Biyyoonni kanbiroon Waadaa kana fudhatanis labsiiwwan Waadaa kanaafi yaadota fooyyessaa duraan fudhataniin kan dirqamaman ta'u.

KEEWWATA – 52

Keewwata xiqqaa 5 kan keewwata 48tti kan caqasaman beeksisoonni kan jiran ta'ullee, Mmuummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii keewwata xiqqaa 1 kan keewwata kanaa irratti Biyyoota ibsamaniif waa'ee dhimmoota kanatti aananii ni beeksisa.

a. Bu'ura keewwata 48tti waa'ee mallattoowwanii, raggaasisootaafi mirkaneessoota waliigaltee.
b. Bu'ura Keewwata 49tti yeroo Waadaan Idil-addunyaa kun itti ragga'uufi, bu'ura Keewwata 51tti yaadni fooyyessaa kamiyyuu yeroo itti ragga'u.

KEEWWATA – 53

1. Waadaan kun mana galmee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ta'a. Garagalchoonni Waadichaa kanneen afaan Chaayinaatiin, Ingiliffaan, afaan Faransaayiin, afaan Ruusiyaatiin, afaan Ispaanishiin qopha'an walqixa beekamummaa qabaatu.
2. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii garagalchoota mirkanaa'oo waadaa kanaa Biyyoota keewwata 48 jalatti caqasamaniif ni qaqqabsiisa.

WAADAA IDIL-ADDUNYAA ILMA NAMAA SANYIIN ADDA QOODUU BIFA HUNDAA DHABAMSIISUUF SEENAME

Biyyoonni Waadaa kana seenan;

Chaartariin Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kabajaafi walqixxumma ilmi namaa uumaman qabaaturatti hundaa'uu isaa, akkasumas biyyoonni miseensa Mootummoota Gamtoomanii hundinuu kaayyoo dhaabbatichi ittiin hundaahe jechuuniis gargartummaan sanyii, bifaa, saalaa, qooqaa ykn amantii bifa kamiiyyuua osoo hin godhamne mirgootaafi bilisummaawwan bu'uraawoo ilma namaa sadarkaa mara addunyaatti kabajsiisuufi mirkaneessuuf Waadaa dhunfaafi gamtaan seenan yaada keessa galchuudhaan;

Seereffamni mirgoota dhala namooma idil-addunyaa uumaan ilmi namaa hundi bilisa tahuu isaa, nama hundaan walqixxetti mirgoota dhala namoomaa gonfatee dhalachuu isaa, namni hundi gosaan bifaan ykn sadarkaa jireenya hawaasummaatiin wal caalchisuun osoo irratti hingodhamne bifaan mirgoota dhala namoomaa hunda hammatu gonfachuun kan irra jiraatu tahuu isaa hubachuudhaan;

Ilmaan namaa hundinuu seera fuulduratti walqixa tahuu isaanii, loogiin akka irra hingeenyeefi loogiin akka isaanirratti raawwatamtu dhiibbaan akka irratti hingodhamne walqixxeetti eegmsa seeraa gonfachuu akka qaban beekuudhaan;

Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii bittaan koloneffatumma bakkuma hundattuu bifuma kamiinuu muldhachuu waliin kan walitti

hidhaman loogiifi walcaalchisuu bifa hundaa abaaruu isaa, A.L.A Sadaasa 14 bara 1960 kan ba'e murtee Yaa'ii Waliigala Mootummoota Gamtoomanii 1514(XV) ummatootaafi biyyoota bulchiinsa koloneeffataa jala jiran bilisumma isaanii labsiin gonfachiisu ummatoonni kunneen saffisaaniifi haal duree tokkoon alatti bilisummaa isaanii akka gonfatan mirkaneessuu isaa ifatti labsuu isaa yaada keessa galchuudhaan;

Garaagartummaa sanyii bifa hundaa dhabamsiisuuf A.L.A Sadaasa 20 bara 1960 kan ba'e murteen Yaa'ii Waliigala Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii 1904 (XVII) garaagartummaan sanyii bifuma isaa hundaafi haala ibsamu hundaan guutuu addunyaa keessa saffisaan akka dhabamuufi kabajaan ilmi namaa uumamaan qabu akka eggamuufi wabummaa argatu ifatti mirkaneessuu isaa hubachuudhaan;
Qajeelfamni ol'aantummaa kan ilma namaa sanyiin adda baasuurratti hundaa'e gama saayinsiitiin dogoggora, gama hamileetiin kan abaarame, gama hawaasummaatiiniis haqa dhabeesaafi hamaa tahuu isaa yaadaaniis ta'ee hojiidhaan bu'urri seeraa kan ilma namaa sanyiin adda baasuuf ka'umsa tahu akka hin jirre amanuudhaan;

Sanyii halluu ykn gosaratti hundaawuudhaan loogiin namoota gidduutti uumamu biyyoota giddutti obbolummaan kan hundaawe walittidhufeenyi nageenyumma akka hinjiraanne kan gufachiisu; akkasumas nageenyaafi tasgabbii ummatoota gidduu jiraachuu qabu kan booressu tahuu isaa caalaa tokkummaa lammiiwwan biyya takka keessa jiraatanii kan faallessu tahuu isaa mirkaneessuudhaan;

Daangaan sanyiin kabajaawwan ilma namaa hundaa waliin akka wal-faallessu amanuudhaan; hanga ammaan tanaatti ifaafi qabatamaan kan calaqqifamaniifi naannoolee addunyaa tokko tokko keessattiifi imaammattoota mootumma tokko tokkorratti kan muldhatan

ol’aantummaa sanyiitiin ykn jibbansaan kan hundaawan kan akka imaammatoota appaartaayidii, loogiifi ilma namaa tokko tokkorra caalchisuu fafakkaatan garaagartummaan sanyii kan nama yaaddessan tahuu isaanii beekuudhaan;

Akaakuwwaniifi ibsoota ilma namaa sanyiin addaan qoodan hunda saffisaan dhabamsiisuuf tarkaanfiilee dandessisan fudhachuufi qajeelfamootaafi hojiiwwan ilma namaa sanyiin addaan qoodan irratti duuluudhaan hawaasa idil-addunyaa kan sanyiiwwan ilma namaa giddutti walii galuun itti mirkanaawe, garaagartummaafi loogii akaakuu kamirraayyuu walaba kan tahe ijaaruuf qophaa’umma jiru ibsuudhaan;

Dhaabbanni Hojii Idil-addunyaa A.L.A bara 1958 kan bahe Waadaa Garaagarumma Hojiifi Adeemnsa Hojii keessatti Mudatuu, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Dhaabni Barnoota, Saayinsiifi Aadaa A.L.A bara 1960tti kan baase garaagartummaa barnootaan mudatu Waadaa dhabamsiisu yaada keessa galchuudhaan;

Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii garaagartumma sanyii bifa hundaa dhabamsiisuuf labsii baaseen qajeelfamooti bahan hojiirra oolchuufi dursanii raggaasisuudhaan tarkaanfii barbaachsu fudhachuuf akka kanatti aanee jiratti wali galaniiru.

KUTAA –TOKKO
KEEWWATA – 1

1. Akkaataa Waadaa kanaatti “garaagartumma sanyii” jechuun loogii akaakuu hundaa addatti qooduu, daangaa ykn sanyiin, bifaan, dhalootaan, sabaan ykn dhaloota sanyiitiratti hundaawanii kan jiran mirgoota dhala namoomaatiifi siyaasaa, diinagdee,

hawaasumma, aadaa ykn jireenya hawaasumma kamiyyuu; walqixxummaan argachuufi carra jirutti fayyadamuudhaan hojii kaayyo faalleessuudhaa qabdu ibsa.

2. Waadaa kanaan biyya waliigaltecha mallatteesse keessatti namoota lammii tahaniifi lammi hintahin irratti addaan qooduu, loogii ykn daangaa kaa'uun raawwatamumma hinqabaatu.
3. Keewwatootiin Waadaa kanaa biyyoonni waliigaltecha mallatteessan eenyummaa biyyummaatiifi dhalootaan ykn seeraan lammummaa argachuu ilaalchisee seeroota baasaniin bifa wal faallessuun gonkumaa hinhiikkaman. Kun kan ta'u garuu seeroonni biyyoonni kunneen baasan kaayyo lammummaa garee tokko addaan qoodu kan hinqabne yoo tahani.
4. Gosti tokko ykn tuutni gosaa ykn namoowwan dhunfaa mirgoota dhala namoomaa isaaniitiifi bilisummaawwan bu'uraawoo isaanii wal qixxatti akka argatan karoorfachuu qofaan tuuta gosa namaa kanaaf ykn namoota dhunfaatiif jedhamee deeggarsi godhamu akka garaagartumma sanyiitti hinfudhatamu. Haata'u malee deeggarsi addaa kun tuuta gosa ilmaan namaa adda addaatiif mirgoota garagaraa bifa gonfachiisuun hojiirra ooluu hinqabaatu qofa jechuu osoo hin taane, deeggarsi addaa kun kaayyoon qabatee ka'een eega galma gahe booda dhaabbachuu qaba.

KEEWWATA – 2

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan garaagartummaa sanyii abaaruudhaan imaammata garaagartumma sanyii bifa kamiinuu ibsamtu dhabamsiisuuf imaammata dandeessisu hanga danda'ameefi saffisaan baasuudhaan sanyiiwwan ilma namaa gidduutti wal danda'anii waliin jiraachuu cimsuuf;
   a. Biyyoonni Waadaa kana seenan tarkaanfii namoota, tuuta namootaa ykn dhaabbiiwwan giddutti garaagartumma uumu hinfudhatan ykn hojii akkasii hinraawwatan; qondaltootiin

mootummaa ykn kutaawwan biyya isaaniitiifi dhaabbiileen mootumma hojii waliigaltecha fallessu hinraawwatan.

b. Biyyoonni Waadaa kana seenan namoota ykn dhaabbiiwwan garaagartummaa sanyii adeemsisan hin deeggaran, hin gargaaran ykn dahoo hin kennaniif.
c. Biyyoonni Waadaa kana seenan imaammattoota mootumummaa, biyyumma ykn naannumma sirreessuuf; akkasumas seerotaafi qajeelfamoota garaagartumma sanyii uumaniifi babaldhisan foyyeessuuf tarkaanfiilee haquuf gargaaran fudhachuu qabu;
d. Biyyoonni Waadaa kana seenan garaagartumma sanyii kan gareewwaniin ykn dhaabbiiwwaniin adeemsifamtu ittisuufi dhabamsiisuuf tattaaffi akaakuu hundaa adeemsisuu qabu. Wayitii barbaachisaa tahee argamettis seera baasuu qabu,
e. Biyyoonni Waadaa kana seenan yeroo barbaachisaa tahetti sochiiwwaniifi dhaabbattootii namoota sanyii makaa qabaatan jajjabeessuuf, akkasumas daangaalee sanyiiwwan ilma namaa giddutti uumaman dhabamsiisuufi garaagartumma sanyii hanbisuuf tattaaffiiwwan adda addaa taasisu.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan qaamoleefi namoonni dhunfaa kanneen kutaalee isaanii keessa jiraatan mirgoota dhala namummaafi bilisummaawwan bu'urawoo isaanii karaa guutumma qabuuniifi walqixxummaan akka fayyadaman tarkaanfiilee qabatamaa adda tahaniifi faayidaaleefi guddina hawaasumma, diinagdumma, aadummaatiifi kanneen biroo mirkaneessan fudhachuudha qabu. Tarkaanfiileen kunneen qomoowwan adda addaatiif walqixa kan hintahiinifi mirgoota garaagaraa kan gonfachiisan tahuu hinqaban. Akkasumas kaayyoon ka'umsa godhatan eega galma gahe booda dhaabuu qabu.

KEEWWATA – 3

Biyyoonni Waadaa kana seenan keessattuu ilma namaa sanyiin loogii irrati godhuufi appaartaayidii akka balaaleffataniifi haalaafi hojii ilmaan namaa sanyiin addaan qoodan naannoo isaanii keessatti akka hinbabal'anne ittisuu, dhaabuufi dhabamsiisuudha qaban.

KEEWWATA – 4

Biyyoonni Waadaa kana seenan gosti tokko ykn tuutni namootaa kan ol'aantummaa bifaa ykn madda biyyalessa barsiisu ykn bifuma kamiinuu jibba sanyiitiifii garaartumma olola tarkaanfachiisuufi dhaaba akkanaa balaaleffachuu qabu. Hojiifi olola akaakuu akkanaa kan dhabamsiisan seerawwan ijaaraa tahan saffisaan wixineessuudhaan danbiiwwan tuma mirgoota dhala namoomaa hunda ammataa taheefi Waadaa kana keewwata 5 irra mirgoota kaa'amaniin walitti hidhaman baasuudha qabu. Danbiiwwan baafaman keessaa;

a. Olola ol'aantummaa sanyiirratti hundaa'uun tamsaasamuufi dadamaqinsi garaagartumma sanyiirratti hundaawuun taasifamu yakka seeraan nama adabsiisu tahuu isaa seera ibsu tumu; akkasumas seera sanyii tokkolle ykn tuuta namootaa bifa ykn madda biyyaalessa faallessu hojiifi fincila ykn kakaasinsa mormu, seera sochiiwwan sanyummaa deeggaruufi gargaarsa maallaqaa godhuufiin yakka tahuu isaa seera hubachiisu baasu;
b. Dhaabbiiwwan garaagartummaa sanyiidhaa tarkaanfachiisaniifi dadamaqsan, akkasumas kan gurmaawaniifi olola garaagartummaa sanyii akaakuu kamiyyuu babaldhisan ittisuufi seera kan cabsan ta'uun yakka seeraan nama adabsiisu tahu isaa beekkamumma kennuufi qabu.

c. Qondaaltootiin mootumma ykn dhaabbiileen mootumma garaagartumma sanyii akka tarkaanfachiisaniifi akka kakaasan hayyamuu hin qaban.

KEEWWATA – 5

Biyyoonni Waadaa kana seenan garaagartummaa sanyii akaakuu kamiyyuu Waadaa kana keewwata 2 irra dirqamoota bu'uraawoo kaa'amaniin bifa wal simateen ittisuufi dhabamsiisuuf; akkasumas namni hundi walcaalchisuun sanyii, bifaa, sabaa ykn damee dhalootaa osoo irratti hingodhamne seera duratti walqixxummaan haala itti ilaalamu uumuufi mirgoota kanatti aanan akka gonfatu tarkaanfii taasisu ni fudhatu.

a. Fuula dhaddachaafi qaamootii bulchiinsa haqaa kamiyyuu duratti mirga walqixatti keesumeeffamuu;
b. Qondaala mootummaarra, namoota dhunfaatirra, tuuta namootaatiifi dhaabbileerra miidhaa irra gahuufi miidhaa qaamaa ofirraa ittisuuf eegumsa mootumma argachuufi nageenya dhunfaa argachuuf mirga qaba;
c. Mirga siyaasaa keessaattuu filannowwan hunda ammataniifi hirmaanna walqixaa mirkaneessanirratti filataa tahuudhaaniifi filatamuudhaaf mirga hirmaachuudhaa; ittigaafatamummaa mootummaarratti hirmaachuufi dhimmoota ummatumma kanneen sadarkaa hundarattuu argamanitti tajaajila walqixaan argachuuf mirga qaban;
d. Mirgoota siviilii kanneen biro, keessaattuu:
   i. Naanno bulchiinsa biyya isaa keessa bilisummaan sochoo'uufi jiraachuu;
   ii. Biyyuma kamirraayyuu biyya isaatiis dabalatee mirga gadi lakkisee bahuutiifi gara biyya isaa deebi'ee seenuu;
   iii. Mirga lammummaa argachuu;

iv. Mirga gaa'ela godhachuu fi nama fuudhaan ykn itti heeruman mirga filachuudhaa;
v. Dhunfaan ykn namoota biroo waliin tahuudhaan mirga qabeenya horachuu;
vi. Mirga dhaalaa;
vii. Mirga walabaan yaaduudhaa, mirga qalbiitiifi amantii,
viii. Mirga ilaalcha mataa ofii qabachuutiifi ibsachuu;
ix. Mirga walgahii nageenyumma qabu adeemsisuufi mirga gurmaawuu;

e. Mirgoota diinagdummaa, hawaasummaafi aadummaa keessaattuu:
i. Mirgoota hojjachuu, fedhii bilisaatiin miindeffamuu, haala hojii mijaawaa tahee haqa qabeessaafi wabummaa hojii argachuu, hojii walqixaatiif kaffaltii walqixaa argachuu; akkasumas kaffaltii haqa qabeessaafi wal madaalu argachuu;
ii. Mirga waldaalee hojjataa ijaaruufi gurmaawuu;
iii. Mirga mana jireenyaa argachuu;
iv. Tajaajila waldhaansa mootummaa, kunuunsa fayya, wabumma hawaasummaafi mirga tajaajila hawaasummaa argachuu;
v. Mirga barnootaafi leenjii argachuu;
vi. Mirga sochiiwwan aadummaaratti walqixa hirmaachuu;

f. Geejjiba deemaniin, hoteela, mana nyaataa, mana bunaa, mana tiyaatiraa, bakka bashannanaa kanneen fafakkaatanitti dhaabbatootii ummata tajaajiluuf dhaabatanitti tajaajila kennamu walqixatti mirga fayyadamuu;

KEEWWATA – 6

Biyyoonni Waadaa kana seenan hojii garaagartummaa sanyii kanneen bilisummaawwan bu'uraawoofi mirgoota dhala namoomaa Waadaa kanaa faallessan tokkollee ittisuu kan isaan dandeessisan

dhaaddachootii biyyalessaafi dhaabbiilee mootumma kanneen birootti fayyadamuudhaan naanno bulchiinsa isaanii keessatti sirna wabumma nama hundaa mirkaneessuu dandeessisu diriirsuu qabu. Kanaratti dabalataan miidhaafi loogii hanga gaheen dhaddachootii kanneenirra mirgi haqa qabeessaafi beenyaa gahaa argachuudhaaf mirkaneeffamuu qabu.

KEEWWATA – 7

Biyyoonni Waadaa kana seenan ilaalchoota dogoggoran kanneen garagartummaa sanyiitti nama qajeelchaan ittisuuf biyyoota ykn tuutota sanyiifii qomoo gidduutti waldanda'anii waliin jiraachuufi obbolumma cimsuuf, keessaattuu dameewwan barnootaa, aadaafi odeeffannoorratti qajeelfamoota ni baasu.

KUTAA – LAMA
KEEWWATA – 8

1. Koreen garaagartumma sanyii dhabamsiisuuf hojjatu(kanaan booda Koree jedhamee kan eeramu) ni ijaarama. Koreen kun ogeeyyota 18 kanneen lammiilee biyyoota Waadaa kana mallatteessanii gidduudha filataman, naamusa ogumma ol'aanaafi gama hundarra walaba tahuu isaaniitiin beekkaman of keessatti ammata. Miseensonni kunneen mataa isaanii bakka bu'uudhaan dhunfaan kan tajaajilan hogga tahan, waytii filatamanis maka teessuma lafaa naannolee hundaafi bakka bu'ummaan ammayyummaa akkasumas sirnootaafi seeroota sadarkaa adda addaa yaada keessa ni gala.
2. Miseensootiin Koree kanaa kaadhimamtoota biyyoota Waadicha seenan bakka buufaman sirna filanno iccitii ta'een filan. Tokkoon tokkoon biyya Waadaa kana seene kaadhimamaa filatamu lammiilee isaa keessaa ni filata.

3. Filannoon inni jalqabaa guyya Waadichi seera irra oolee kaasee ji'oota jaha booda adeemsifama. Barreessan Mummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii yoo xinnaate ji'a sadiin dura biyyoota Waadaa kana seenan ji'a lama keessatti kaadhimamtoota isaanii akka ibsaniif xalayaadhaan isaan gaafata. Barreessaan Mummichi tarreeffama maqaa kaadhimamtootaa wal duraa duubbe qubee maqaa isaaniitiin qopheessuudhaan biyya bakka buufamaniin itti dabalee eeruudhaan biyyoota waliigaltecha fudhataniif ni beeksisa.
4. Mummichi Barreessaan walgahii biyyoota miseensoota waliigaltechaa tan waajjira mumme Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti waamuudhaan filannoon misensoota Koree kanaa adeemsifama. Biyyoota waliigaltecha mallatteessan gidduudhaa harka lammarra harki sadii yoo argaman guutummaan yaa'ichaa ni taha. Miseensoota korichaa tahuun kan filatamaniis biyyoota waliigaltecha mallatteessanii walgahii kanarratti argamuudhaan sagalee kennan keessaa sagalee ol aanaa kan argatani tahan.
5. a. Miseensootiin Koree kanaa yeroo hojii waggootii afuriitiif tajaajilan. Miseensootiin Koree kanaa sagal kanneen filanno jalqabaatiin filataman yeroon hojii isaanii garuu wagga lama qofa taha. Filannoon jalqabaa eega adeemsifameen booda eenyummaan miseensoota saglan Koree kanaa carraa dura ta'aan Koree kanaa baasuun adda baafama.

b. Miseensoota Koree kanaarra namni hogga hir'atu, biyyi miseensi kaadhimamtummaan dhiheesse lammiiwwan isaa keessaa ogeessa tokko filee dhiheessuudhaan Koreen kun irra fudhatee akka isaaf raggaasisu godha.

6. Biyyoonni Waadaa kana seenan, miseensootiin Koree kanaa ittigaafatamummaa hojii Koree kanaan kennameef wayitii raawwatan baasii isaan barbaachiso guutuuf dirqama qabaau.

KEEWWATA – 9

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan akkaataa waliigaltechi itti raawwatamu ilaalchisee seera baasan, murteessummaa kennan, tarkaanfii fudhatan kan bulchiinsaa ykn tan biraa Koree kanaan akka ilaalamu Barreessaa Mummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif gabaasa dhiheessan. Kanaas kan raawwataniis:
   a. Waliigaltechi biyya dhimmi isaa ilaallatuuf dirqisiisaa tahuu yeroo jalqaberraa kaasee hanga wagga tokkotti;
   b. Achiin booda waggaa lama lamaa fi wayita Koreen gaafatutti ta'a. Koreen kun biyyoota Waadaa kana seenan irraa odeeffannoo dabalataa argachuuf gaaffii dhiyeessuu ni danda'u.
2. Koreen kun gabaasa sochii hojii isaa muldhisu gama barreessa mummicha gamtaa mootummootaatiin waggaa lama lamaan yaa'ii waliigala dhaabbatichaaf dhiheessa.

KEEWWATA – 10

1. Koreen kun seera naamusa mataa isaa ni baasa.
2. Koreen kun hojii raawwachiistoota waggaa lamaaf tajaajilan ni fila.
3. Waajjirri mummeen Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii tajaajila Koree kanaaf barbaachisu ni dhiheessaafi.
4. Walgahiiwwan Koree kanaa waajjiraa mumme Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanitti adeemsifama.

KEEWWATA – 11

1. Biyyi Waadaa kana fudhate tokko biyyi Waadaa kana fudhate kan biraa seeroota Waadaa kanarra kaayaman hojiirra hin oolchine amantaa jettu yoo qabate komii isaa Koree kanaaf dhiheessuu ni

dandaha. Koreen kun gama isaatiin biyya komiin dhihaate ilaallatuuf dabarsa. Biyyi komichi isa irratti dhiyaates fudhates yeroo komichi isa gaherraa jalqabee ji'oota sadii keessatti dhimmicha kan ifa taasisuufi tarkaanffiin sirreessaan fudhatamte yoo jiraates barreeffamaan Koree kanaaf beeksisa.

2. Komiin isa jalqabaa eega dhihaatee booda ji'oota jaha keessatti waliigaltee gama lamaaniitiin ykn sirna birootiin furmaatni biyyoota dhimmichi ilaallatu waliigalchu yoo argamuu dhabe lamaan keessa tokko lammata mirga gara Koree kanaa iyyaticha dhiheessuutiifi mirga wa'ee dhimmichaa biyya kaaniif beeksisuu qaba.
3. Koreen kun keewwata kana akkaataa keewwata xiqqa lamaatiin dhimma isaaf dhihaaterratti murtee kan kennu, biyyi dhimmichi ilaallatu qajeelfamoota seera mara addunyaa hordofuudhaaniifi karaawwan furmaataa hundumaa itti fayyadamuudhaan furmaata kennuu dadhabuu isaa eega mirkaneesse booda. Yeroon furmaata kennuuf fudhatu tilmaama sammuutiin yeroo dheertu dha jedhamtu yoo tahe seerichi raawwatamummaa hinqabaatu.
4. Koreen kun himata isaaf dhihaate ilaalchisee biyyoota waliigaltecha fudhatan kanneen dhimmichi isaan ilaalu ragaa dabalataa kan barbaachisumma qabu akka dhiheessan waamicha dhiheessa.
5. Dhimmoonni keewwata kanaan eeraman Koree kanaan wayita ilaalaman biyyoonni waliigaltecha fudhataniifi dhimmichi ilaalu bakka bu'ootii walgahiilee Koree kanaarratti hirmaatan mirga erguutiifi adeeminsa ittiin qulqulleeffamuun akka hordofan taasisuuf mirga qaban.

KEEWWATA – 12

1. a. Koreen kun odeeffannoolee barbaachisaadha jedheen eega funaannatee fi qabatee booda namoota miseensoota

Koree kanaa tahaniifi hintahin shan miseensummaan kan qabate komishinii yeroof Manguddummaa (kanaan booda Koomishiinii jedhamuun eeramu) ni moggaasa. Miseensootiin Komishiina kanaa biyyoota hayyamummaa guutuudhaan waliigaltecha fudhataniifi abbaa dhimma tahan keessa kan moggaafaman tahan. Koomishinichi qajeelfamoota Waadaa kanarra kaa'amanirratti hundaawuudhaan dhimmichaaf furmaata kennuurratti karoorfachuudhaan biyyoota abbaa dhimmichaa tahaniif tajaajila isaa kenna.

b. Biyyoonni Waadaa kana seenaniifi abbaa dhimmichaa tahan miseensoota koomishina kanaa hundaan ykn hanga tokkoon ji'oota sadii keessatti yoo waliif galuu hanqatan, Koreen kun adeemnisa filannoo kan iccitummaa qabuun filannoo adeemsisuun biyyoota miseensotaa keessaa sagalee sadii keessa lama kan argatan miseensoota koomishiinichaa kanneen fudhatamummaa dhaban bakka bu'uudhaan akka hojjatan godha.

2. Miseensootiin komishiina kanaa mataa isaanii bakka bu'uudhaan hojii isaanii raawwatan lammiilee biyyoota waliigaltecha mallatteessaniitifi abba dhimmaa tahan tahuun irra hinjiraatu; dabalataaniis lammiiwwan biyyoota waliigaltecha hinmallatteessinii tahuun irra hinjiraatu.
3. Koomishinichi dura ta'aa mataa isaa ni fila; sirna seera ittiin buluu ni baasa.
4. Walgahiin koomishinichaa waajjira Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitti ykn iddoo mijaayu biraa kan koomishiinichi murteessutti adeemsifama.
5. Waadaa kana keewwata 10 irratti hundaa'uudhaan kan kennamu tajaajilli waajjiraa, biyyoota waliigaltecha mallatteessan giddutti waltahuu dhabuun hogga jiraatte dhimmich qorachuuf koomishiiniin moggaafamuus tajaajila kenna.

6. Abbaa dhimmaatiifi biyyoonni waliigaltecha mallatteessan shalaggi Barreessan Mummichi Mootummoota Gamtoomanii dhiheesseefirratti hundaa'uudhaan baasiiwwan koomishiinichaa hunda walqixa kafalan.
7. Barbaachisaa tahee yoo argame keewwatuma kana keewwata xiqqa 6 irratti hundaa'uudhaan abba dhimmaatiifi biyyoota waliigaltecha mallatteessan kan tahan baasii bahe hanga bakka buusanitti Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii baasii miseensota koomishiintichaa guutuuf ykn kaffaluuf angoo qaba.
8. Odeeffannoowwan Koreedhaan walitti qabamaniifi korecha qaqqaban komiishinichaaf dhiyaachuu qabu. Komishinichis biyyoonni Waadaa kana seenan odeeffannoo dabalataa barbaachisan akka dhiyeessan gaafachuu ni danda'a.

KEEWWATA – 13

1. Koomishinichi dhimmicha guutummaatti eega qorate booda gaaffiiwwan dhimma himata dhiheeffataniitiin walqunnamtii qaban hundaafi odeeffannoowwan faayidaa qaban, murtee ofiin irra gaheefi yaadoowwan furmaataa kanneen waldhabdee kana hiikuuf fayyadan gabaasaa of keessatti ammate qopheessuudhaan dura ta'aa Koree kanaatiif dhiheessa.
2. Dura ta'aan Koree kanaa gabaasaa komishiinicharra isa gahe biyyoota abba dhimma tokkoon tokkoonsaaniif dabarsa. Biyyoonnis gabaasa komiishinichaatiin kan taa'an yaadoowwan furmaataa fudhachuufi diduu isaanii ji'oota sadii keessatti dura ta'aa Koree kanaatiif beeksisuu qaban.
3. Keewwatuma kana keewwata xiqqa 2 irratti yeroo eerameen booda dura ta'aan Koree kanaa gabaasaa

koomishiintichaatiifi ibsa biyyoota wal didanii walirratti deebisuudhaan biyyoota Waadaa kana seenaniif dabarsa.

KEEWWATA – 14

1. Naannoo kutaa biyya Waadaa kana seenanii keessatti mirgoonni Waadaa kanaan kaayaman dhiitamaniiru jechuudhaan namoota dhunfaarra ykn gareewwanirra himata dhihaatu Koreen kun fudhatee qorachuuf angoo akka qabu biyyi Waadaa kana mallatteesse yeruma takkalleehuu ibsuudha dandaha. Himanni biyya beekkamumma kana hin kenniniin dhihaatu Koree kanaan hinqoratamu.
2. Biyyi keewwatuma kana keewwata xiqqaa 1 irratti hundaa'uudhaan beekkamummaa kenne namoota dhuunfaatiifi gareewwan naannoo kutaa isaa keessa jiraatan irraa mirgoonni keenya kanneen Waadaa kanaan kaayaman dhiitamaniiru himatoota jedhaniin qorachuuf gahumma kan qabu dhaaba biyyummaa ijaaruu ni dandahan. Dhaabni seerummaa kun dhimmoota furmaatootii naannummaa hundaanuu xumura hinargatin ni qorata.
3. Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawuudhaan beekkamummaan kennamu dhaaba keewwatuma kana keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawuun ijaarame sanadiin ilaalu gara biyya dhimmichi ilaaluufi Waadaa kana mallatteessaniitiin Barreessaa Mummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif akka gahu godhama.
4. Himanni galmeeffame kun keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2 irratti hundaawuun qaama grumaa'e bira taa'a; waraabbiileen himata kanaan mirkaneeffamanii hojimaata sirrii taheen barreessa mummicha mootummoota Gamtoomaniitiif yeroo hunda ni ergaman. Qabeentaa himattoota kanaa garuu ifa hintaasisan.

5. Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2 irratti hundaawuudhaan qaamni gurmaa'e yaada furmaataa inni kennu gahaa miti jedhee yoo amanuu dhabe abbichi dhiheeffate sana ji'a jaha keessatti mirga Koree kanaaf iyyata dhiheessuu ni qaba.
6. (a). Koreen kun himata dhihaateef biyyi tumaalee seeroota Waadaa kanarra kaayaman diigeera jechuun himanni irratti dhihaate akka beekuuf ni ergaafi. Haata'uu malee, namni ykn gareen himata dhiheesse yoo hayyamuu baate eenyummaa isaa hinibsu. Kun akkuma eggametti tahee, Koreen kun himata maqaa abbicha himatee hinqabne hinfudhatu.

   (b). Biyyi himaticha fudhatu dhimmicha kan addeessu ykn furmaanni dhimmichaaf kenname yoo jiraate barreeffama isa kana ibsu ji'a sadii keessatti Koree kanaaf dhiheessa.
7. (a). Koreen kun biyya waliigaltecha fudhatee himatameefi odeeffannoowwan himataarra dhihaataniifirratti hundaawuudhaan walqunnamtii qulqulleessuudha ni adeemsisa. Gareen himatu sadarkaalee himataan dhiheessan kan biyya isaa keessaa hundattuu osoo hinfayyadamin himaticha Koree kanaaf yoo dhiheesse Koreen kun himata isaa irra hinfudhatu. Haa tahuu immo adeeminsi furmaatichaa madaalli yeroodhaa tan madaalawaa taateen yeroo dheertuu yoo fudhate seerri kun raawwatamummaa hinqabaatu.

   (b). Koreen kun dhimmicharratti yaada isaatiifi yaadawwan furmaataa yoo qabaate biyya himatame saniifii gareen himateef dhiheessa.
8. Koreen kun walqunnamtii dhimmicha qulqulleessuuf godheen cunfaa yaada argatee, barbaachisaa tahee yoo argamees addeessaafi ibsa biiyyi himanni irratti dhihaate dhiheesse akkasumas barreeffama yaada mataa isaatiifi yaadawwan furmaataa of keessa qabu gabaasa waggaa kan inni dhiheessu keessa galcha.

9. Koreen kun hojiiwwan keewwata kanaan eeraman raawwachuu kan dandahu keewwatuma kana keewwata xiqqa 1 irratti hundahuun biyyoota wa'adicha fudhatan jidduudhaa yoo xiqqaate kurnan isaanii beekkamummaa kan kennan keessaa taha.

KEEWWATA – 15

1. Muddee 14 bara 1960 Yaa'ii Waliigala Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin kan tumame murtee lak. 1514(XV) fi labsiin Bilisumma Ummatootaafi Biyyoota Bittaa Koloneeffatumma Jala Jran Gonfachiise hojiirra ooluun isaa akkuma eeggametti tahee, seeroonni keewwatuma kanaan kaayaman ummatoonni kunneen hojmaata idil-addunyaa kan biraatiin ykn qaamootii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kanneen ergama adda qabaniin mirgi himata dhiheeffachuuf gonfatan karuma tokkolleenuu hindaangeffamu.
2. a. Keewwatuma Waadaa kanaa keewwata 8 keewwata xiqqa 1 irratti hundaawuudhaan Koreen hundaa'u murteen yaa'ii waliigalaa 1514(XV) biyyoota hojiirra itti oolu kanneen bulchiinsa imaanaatiifi bulchiinsa ofiin of bulchaa hintahiniin jelatti jiraatootiin bulan himata dhiheessan waraabbiin isaa ni dhihaata. Himata kana qulqulleessuufi galmootaafi qajeelfamoota Waadaa kanarra kaayaman kallattiin raawwachuuf kan ijaaraman qaamoolee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif himaticharratti yaada mataa isaatiifi yaadoowwan furmaataa ni dhiheessa.

b. Koreen kun keewwatuma kana keewwata xiqqa(a) irratti kutaalee eeraman bulchuuf kanneen moggaafaman qaamootii dhaabbata mootummoota Gamtoomanii kanneen dhimmichi ilaallatu. Kaayyo Waadaa kanaa waliin walitti hidhaminsa kan qaban qaama seera baasu, mana murtii, bulchiinsummaafi hojiiwwan biroo ilaalchisee gabaasaa qopheessan waraabbii isaa ni fudhata.

3. Koreen kun Yaa'ii Waliigala Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif gabaasaa dhiheessu keessa himataafi gabaasaa

dhaabbata mootummoota Gamtoomanii qaamootii adda addaarra fudhate akkasumas Koreen kun himatichaafi gabaasaa kana irratti hundaawee yaada kennu, ibsaafi yaada furmaataa ni galcha.

4. Koreen kun odeefannoolee galmoota Waadaa kanaatiif barbaachisaa tahaniifi dhimmoota keewwatuma kana keewwata xiqqa 2(a) jalatti kutaalee eeramaniin walitti hidhaminsa qaban ilaalchisuudhaan Barreessa Mummicha Mootummoota Gamtoomanii gaafachuu ni dandaha.

KEEWWATA – 16

Keewwatootiin Waadaa kanaa waldiddaaleefi himatoota loogiifii garaagartummaan walitti hidhaminsa qaban furmaata itti kennuuf kan bahan danbiilee kan biraa waliin bifa wal hinfaallessineen hojiirra kan oolani tahan. Qaamooleen Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kanneen ergamni addaa kennameef danbii baasan, biyyoonni wa'adicha fudhatan Waadaawwan idil-addunyaarratti hundaawuudhaan walitti bu'insa hiikuuf danbiiwwan tumaniiniis keewwatoonni Waadaa kanaan wal hinfaallessan.

KUTAA - SADII

KEEWWATA – 17

1. Waadaan kuni, biyya miseensa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ta'e kamiyyuuf, biyya missensa qaama adda Dhaabbanni kun ergama adda itti kennee biyya seera ittiin bulmaata Manni Murtii Idil-addunyaa fudhateef, ykn Yaa'ii Waliigala Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniirratti biyya Waadaa kana akka fudhatuuf waamichi dhihaateef kamiifuu akka mallatteessuuf banaadha.
2. Waadaan biyyoota isa mallatteessaniin ragga'uu qaba sanadootiin isaan ittiin raggaasisaniis waajjira barreessaa mummicha mootummoota Gamtoomanii ta'a.

KEEWWATA – 18

1. Waadaan kun biyyoonni keewwata 17 keewwata xiqqa 1 jalatti eeraman akka fudhataniif banaadha.
2. Sanadootiin ittiin fudhatanis Barreessaa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif dhihaachuudha qabu.

KEEWWATA – 19

1. Sanadiin Waadaa kana ittiin raggaasisan ykn fudhatan digdamii sadaffaan yeroo Mummicha Barreessaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif dhihaaterra jalqabee guyyaa soddommaffa irratti Waadichi kan ragga'e taha.
2. Sanadiin Waadaa kana ittiin raggaasisan ykn fudhatan digdamii torbaffaan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif eega dhihaate booda biyyoonni Waadaa kana raggaasisan yeroo sanadii ittiin raggaasisaniin ykn fudhataniin kan mata mataa isaanii itti dhiheessanirra jalqabee guyyaa soddomaffaarratti Waadaa kanaan ni dirqamu.

KEEWWATA – 20

1. Barreessaan Mummichi Mootummoota Gamtoomanii biyyoonni Waadaa kana seenan Waadaa hogga raggaasisan ykn fudhatan of-qusannoo isaan galmeessisan biyyoota Waadaa kana mallatteessan kanneen birootiif ni beeksisa. Of-qusannoo tana biyyi moramu tokkollee ergaan kun eega isa gaheen booda guyyootii sagaltama keessatti akka hinfudhanne ibsuudhaan Barreessa Mummicha Mootummoota Gamtoomaniitti beeksisuu qaba.

2. Of-qusannoo kan kaayyo bu'uraawoofi galma Waadaa kanaatiin haala wal faallessuun galmeeffame fudhatamummaa hinqabaatu; Waadaa kanarratti hundaawuun qaama ijaaramu sochii hojii isaatiis hingufachiisu. Mormiin biyyoota mallatteessan harka sadiirra harki lama moraman fudhatamummaa hinqabaatu.
3. Of-qusannoo galmeefamte Barreessaa Mummicha Mootummoota Gamtoomaniif xalayaa barreessuudhaan yaada kaaseera jechuun ni dandahama. Xalayaan of-qusannoo kaaseera jedhu Barreessa Mummicha Mootummoota Gamtoomanii eega gahe booda raawwatamummaa ni qabaata.

KEEWWATA – 21

Biyyi Waadaa kana seene miseensummaa isaa dhaabuuf hogga murteessu barreeffamaan Barreessa Mummicha Mootummoota Gamtoomaniif dhiheessa. Miseensummaan isaatiis kan hafu barreefamni kun Barreessa Mummicha Mootummoota Gamtoomaniif yeroo itti dhihaaterra jalqabee wagga tokko booda taha.

KEEWWATA – 22

Akkaataa Waadaa kana ittiin hiikan ykn akkaataa raawwii isaarratti waldiddaan biyyoota Waadaa kana mallatteessan lamaan ykn lamaa olii giiddutti ka'u wal mariidhaan ykn danbiiwwan Waadaa kanarra kaayamaniin furuun yoo hindanda'amne, yoo waldiddaa isaanii haala kan birootiin hiikkachuuf waliigalaniiru ta'an malee biyyoota abbaa dhimma tahan keessa gama biyya tokkootiin gama Mana Murtii Iidil-Addunyaatti murteef dhihaachuu ni dandaha.

KEEWWATA – 23

1. Biyyi Waadaa kana seene kamiyyuu yeruma kamiyyuu Barreessaa Muummichaa Dhaabbata Mootummoota

Gamtoomaniif beeksisuudhaan yaada foyyessaa Waadaa kanaa dhiheessuu ni dandaha.

2. Yaa'iin Waliigala Daabbata Mootummoota Gamtoomanii gaaffii yaada foyyeessaa sirna ittiin mirkaneessu yoo qabaate gama saniin murteeffama.

KEEWWATA – 24

Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii biyyoota Waadaa kana keewwata 17 keewwata xiqqaa 1 jalattii eeraman hundaaf Waadaa kana ilaalchisee dhimmoota asitti aanan kana akka beekan taasisa.

a. Bu'uura keewwatoota 17 fi 18tti a deemsifamu mallattoo, raggaasisuu fi fudhachuu;
b. Akkaataa keewwata 19tti guyyaa Waadaan kun hojiirra ooluu eegalu; Akkaataa keewwata 14, 20 fi 23ti ergaaleefi ibsoota isa gahan;
c. Akkaataa keewwata 21 tiin kan dhihaatu murtee miseensummaa dhaabuu.

KEEWWATA – 25

1. Waraabbiileen sanadootii Waadaa kanneenii, afaan Chaayinaa, Ingiliz, Faransaay, Raashiyaafi Ispaanishiin qopheeffaman fudhatamummaa walqixxe kan qaban hogga tahu, mana galmee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii taa'u.
2. Barreessaan Mummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii waraabbiileen Waadaa kanaa kanneen sirrii tahuun isaanii mirkaneeffame kutaalee Waadaa kanaa keewwata 17 keewwata xiqqaa 1 jalatti kan eeramaniif raabsa.

GARAAGARTEE LOOGIIDHAAN DUBARTOOTARRATTI TAASIFAMU HUNDA DHABAMSIISUUF WAADAA SEENAME

CONVENTION ON THE ELIMINATION OF ALL FORMS OF DISCRIMINATION AGAINST WOMEN (CEDAW)

Murtee Yaa'ii Waliigalaa lakk. 34/180n Mudde 10 bara 1979 (A.L.A) fudhatama argateen;Biyyoonni Waadaa kana seenan akka mallatteessan, raggaasisaniifi akka fudhataniif banaa kan taasifame.

YEROON INNI ITTIIN HOJIIRRA OOLE: KEEWWATA 27(1) BU'UUREFFACHUUN MUDDE 3 BARA 1981 A.L.A.

Biyyoonni Waadaa kana seenan;

Chaartarri Mootummoota Gamtoomanii mirgoota namummaa bu'uuroo ta'an, kabajaa fi ulfina ilama namaa, fi walqixxummaa dhiiraa fi dubartiitti cimsee kan amanu ta'uu isaa hubachuudhaan,
Ibsi Mara Addunyaa Mirgoota Namummaa hunda-qabeessi mirgoota yaadni garaagartee loogummaa fudhatama kan hinqabne ta'uu, namoonni hundi walaba ta'anii dhalachuu isaanii, mirgaafi kabajas walqixa kan kaban ta'u, saala mirgootaafi walabummoota ibsicharratti tarreeffaman irratti hundaahuun garaagartee tokko malee, garaagartee koorniyyaa irratti hundaa'e dabalatee, fayyadamaa ta'uu isaa akka mirkaneessu hubachuudhaan, mirga walqixxummaatiif beekamummaa akka kennu xiinxaluudhaan,

Biyyoonni seerota idil-addunyaa kan mirgoota namoomaa fudhatan dhiirrii fi dubartiin mirgoota dinagdee, hawaasummaa, siivilii fi siyaasaatti wal qixa akka fayyadaman taasisuuf dirqama akka qaban hubachuudhaan,

Karaa Mootummoota Gamtoomanii fi dhabbilee isaa kanneen ittigaafatamummaan addaa kennameefii walqixxummaa mirgoota dhiirrii fi dubartiin mirkaneessuuf Waadaawwan idil-addunyaa kanneen raggaasifaman yaaduudhaan,

Akkasumas karaa Mootummoota Gamtoomaniifi dhaabbilee isaa itti-gaafatamummaan addaa kennameefii walqixxummaa dhiirrii fi dubartiin mirkaneessuuf murteewwan, ibsootaafi yaadota tarkaanfii dabarfaman yaadachuun,

Tarkaanfiiwwan kunneen fudhatamanis, garaagarteen loogummaa dubartoota irratti raawwatamu kan itti fufe ta’uu isaa yaaduudhaan,

Garaagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu yaada walqixxummaa mirgootaa kan cabsuufi kabaja dhala namaa kan tuqu ta’uu isaa, dubartoonni dhiirota waliin walqixa jireenya siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi aadaa biyyoota isaanii keessatti hirmaannaa isaan qabaachuu danda’an kan gufachiisu ta’uu isaa, guddinaafi badhaadhina hawaasaa kan karaatti hambisuufi dubartoonni kuufama dandeettii ittiin biyyootaafi hawaasota isaanii ittiin tajaajiluuf qaban akka hingabbanne kan danqu ta’uu isaa hubachuudhaan,

Haala hiyyummaan itti dagaage jiru keessatti dubartoonni midhaan nyaataa, tajaajila wallaansa fayyaa, barumsa, leenjii fi carraa hojii argachuufi fedhiiwwan kanneen biroo guuttachuuf carraan isaan qaban dhiphaa ta’uu isaa yaaduudhaan,

Sirni dinagdee idil-addunyaa inni haaraan haqaafi walqixxummaa irratti hundaa'uun isaa dhiirotaafi dubartoota gidduutti walqixxummaan akka uumamu gochuuf sadarkaa ol'aanaadhaan akka gargaaru dhugeeffachuudhaan,

Appaartaayidiin, ilaalchi sanyummaa kamiyyuu, loogummaan, sirni bittaa koloniifi bittaan harka lafa jalaa, lola kaasuun, weerarri halagootaa, raawwiin hacuuccaafi dhimmoota biyyoota kanbiroo keessa seenuu baduun isaa dhiirotaafi dubartoonni mirgoota isaaniitti walqixa akka fayyadaman gochuuf barbaachisaa akka ta'e ilaalcha keessa galchuudhaan,

Nageenyaafi tasgabbiin idil-addunyaa cimuun, rakkooleen furmaata argachuun, biyyoota hunda gidduutti sababa sirnoota hawaasaafi dinagdee isaaniitiin kan ka'e garaagarteen utuu irratti hintaasifamin waldeggarsi jiraachuun, meeshaan waraanaa hunda-qabeessiifi badii waliigalaa qaqqabsiisu akka hiikkatamu ta'uun, keessumatti hidhanoon meeshaaleen niwuukleraa to'annoo cimaa idil-addunyaatiin akka hiikkataman ta'uun, walitti dhufeenya biyyoota gidduu jiraatuun yaadni haqaa, walqixxummaafi faayidaa gamtaa jiraachuun, ummattoonni waanjoo bittaa kolonii halagootaa jala jiran mirga hiree isaanii ofiin murteeffachuufi bilisummaa gonfachuu danda'auun isaanii, birmadummaan biyyaalessaafi tokkummaan biyyaa kabajamuun, guddina hawaasummaa cimsuu irra darbee dhiirotaafi dubartoota gidduutti walqixxummaan akka jiraatu gochuuf shoora inni qabu mirkaneessuudhaan,

Guddinni biyyi tokko gama hundaanuu gonfattu, ergamni nageenyaafi tasgabbii addunyaa, hirmaannaa ol'aanaa dubartoonni gama hundaanuu dhiirota waliin walqixa taasisan kan gaafatan ta'uu amanuudhaan,

Nageenya maatiifi guddina hawaasummaa guutuudhaaf qoodi dubartoonni gumaachan hanga ammaatti beekamummaa ga'aa kan hin-arganne ta'uu, haadhummaan hawaasa keessatti qooda inni gumachuufi haadhaafi abbaan gareen lamaanuu maatii keessattiifi gama daa'imman guddisuutiin itti-gaafatamummaa isaan qaban hubachuudhaan, dubartoonni sanyii dhala namaa baay'isuu keessatti shoorri isaan qaban garaagartee loogummaaf bu'ura ta'uu akka hin dandeenye ergama daa'imman guddisuu dhiironni, dubartoonniifi walumaagalatti hawaasichi walta'umsaan adeemsisuu kan qaban itti-gaafatamummaa gamtaa ta'uu isaa hubachuudhaan,

Dhiirotaafi dubartoota gidduutti walqixxummaa uumuuf dhiironniifi dubartoonni barmaatileedhaan hawaasaafi maatii keessatti gaheen isaan dur qaban geddaramuu akka qabu hubachuudhaan,

Ibsa Garaagartee Loogummaa Dubartoota irratti Raawwatamu maqsuuf qophaa'e keessatti qajeelfamoota dhiyaatan hojiirra oolchuufi kaayoo kanaafis garaagartee bifa kaminiyyuu dhabamsiisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisaa ta'an fudhachuuf kutatanii ka'uudhaan;

Akka kanatti aanee jirutti waliigalaniiru:

KUTAA – TOKKO
KEEWWATA – 1

Waadaa kana keessatti "Garaagartee Loogummaa Dubartoota Irratti Raawwatamu" jechuun koroniyaa bu'ura taasisuudhaan dubartoonni heerumanis heerumuu baatanis, dhiirota waliin walqixa dirreewwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaa, siviiliifi kanneen birootiin,

mirgoota namoomaafi walabummoota bu'uraa hunda irraa fayyadamoo akka hintaane kan godhu garaagartee, adda baasuu, ykn daangessuu, kamiyyuu jechuudha.

KEEWWATA – 2

Biyyoonni Waadaa kana seenan, garaagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu kamiiniyyuu ni balaaleffatu. Karaa mijaahaa ta'e hundatti fayyadamanii hatattamaan imaammata garagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu maqsuu hordofu. Kana raawwachuudhaaf:

a. Hanga ammaatti kan hinqabamne yoo ta'e, walqixxummaa dhiirotaafi dubartootaa heerota biyyaalessaafi seerota kanneen biroo keessatti seeressuuf, akkasumas qajeelfama kana seeraafi tooftaa biroon hojiirra oolchuuf,
b. Seera barbaachisaa ta'e baasuufi tarkaanfii adabbiifi ittisaa fudhachuudhaan garaagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu dhorkuuf,
c. Mirgoota dubartootaaf kan dhiirotaan walqixa eegumsa gochuuf, akkasumas karaa qaamolii biyya keessaa abbaa seerummaa qabanii, dhaabbilee mootummaa kanneen biroo garaagarteen loogummaa dubartoota irratti akka hinraawwataneef ittisuuf,
d. Gocha ykn raawwii dubartoota irratti garaagartee loogummaa uumu irraa of qusachuu, waajiraaleen mootummaafi abbootiin taayitaa dirqama kana kabajuu isaanii mirkaneessuuf,
e. Garaagartee loogummaa dubartoota irratti nama, qaama ykn dhaaba kamiinuu raawwatamu dhabamsiisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an fudhachuuf,
f. Seerotaa fi danboota dubartoota irratti garagartee loogummaa uuman fooyyessuuf ykn kuffisuuf , barmaatilee fi hojimaatota

sirreessuuf, ykn qajeelchuuf tattaaffii barbaachisaa hunda taasisuuf,

g. Seerota adaba yakkamaa biyyaalessaa dubartoota irratti garaagartee loogummaa uuman haquuf waliigalaniiru.

KEEWWATA – 3

Biyyoonni Waada kana seenan tarkaanfiiwwan namooma dubartootaa haalaan guddisuu fi gabbisuuf barbaachisoo ta'an kamiiniyyuu, keessumatti dubartoonni mirgoota isaaniitti dhiirotaan walqixa fayyadamuu akka danda'aniif, seera tumuu dabalatee tarkaanfiiwwan siyaasaa, hawaasummaa, dinagdee fi aadaa ni fudhatu

KEEWWATA – 4

1. Tarkaanfiiwwan addaa kaayyoon isaanii walqixxummaa dhiiraa fi dubartii jidduu dhugaan mul'atu tokko saffisiisuu jecha biyyoonni Waadaa kana seenan yeroof fudhatan akka garaagartee loogummaa Waadaa kana keessatti dhorkametti hin lakkaawwamu; garuu bu'aan tarkaanfiiwwan kanaa haala kamiinuu sadarkaaleen walqixa hin taane ykn walhinfakkaanne akka itti fufan hordofsiisuu gochuu hin danda'u; kaayyoon carraa walqixxee ta'ee fi walqixxummaan ilaalamuu erga fiixaan ba'ee booda tarkaanfiiwwan kun hafuu qabu.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, haadhummaaf kunuunsa gochuuf tarkaanfiiwwan addaa, kanneen Waadaa kana keessatti ibsaman dabalatee, isaan fudhatan, akka garaagartee loogummaatti hinlakka'an.

KEEWWATA – 5

Biyyoonni Waadaa kana seenan hundi, kaayyoowwan kanatti aanan fiixaan baasuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an ni fudhatu:

a. Saalan tokko isa kan biraatii gadi ykn oli yaada jechuun, ykn barmaataan gahee hojii dhiirrii fi dubartiin hundaahuudhaan ilaalchotaa fi hojmaatota dogoggoraan taasifaman balleessuufi amala aadaa fi hawaasummaa dubartootaa fi dhiirotaa fooyyessuu,
b. Barumsi maatii haadhummaan hojii hawaasummaa ta'uu isaatiif hubannoo sirri ta'e kan kennuu ta'uu isaa mirkaneessuu, dhiironnii fi dubartoonni daa'imman isaanii guddisuufi sammuufi qaamaan ijaaruuf itti-gaafatamummaa gamtaa kan qaban ta'uu isaaniif beekamummaa kan kenne ta'uu isaa, walitti-dhufeenya kanaanis hunda dura mirgaa fi faayidaa daa'imaatti xiyyeeffannaan guddaan kennamuu akka qabu kan hubachiisu ta'uu isaa.

KEEWWATA – 6

Biyyoonni Waadaa kana seenan, gocha dubartootaan daldaluufi dubartoota hojii saalqunnamtii ykn daldala sagaagaltummaa irratti bobbaasuudhaan saamicha raawwatamu maqsuuf seera tumuu dabalatee, tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda ni fudhatu.

KUTAA - LAMA
KEEWWATA – 7

Biyyoonni Waadaa kana seenan, dubartoonni siyaasa biyyattiifi jireenya hawaasaa keessatti hirmaannaa guutuu akka hinqabaanneef garaagartee isaan danqu dhabamsiisuuf tarkaanfiiwwan

barbaachisoo ta’an hunda ni fudhatu; keessumattuu dubartoonni dhiirota waliin walqixa mirgoota kanatti aanan gonfachuu isaanii ni mirkaneessu:

a. Filannoowwaniifi murtiiwwan uummataa hunda irratti sagalee kennuufi qaamolee mootummaa uummataan filataman kamirrattiyyuu filatamuuf mirga kaadhimummaan dhiyaachuu,
b. Adeemsa imaammata mootummaa qopheessuufi raawwachiisuu keessatti hirmaachuuf, qondaala mootummaa ta’uuf, sadarkaa aangoo mootummaa isa kamiyyuu keessatti itti-gaafatamummaa fudhachuun hojjechuuf mirga qaban,
c. Dhaabbilee miti-mootummaafi waldaalee siyaasaafi hawaasummaa biyyattii isaan ilaallatu keessatti hirmaachuuf mirga qaban.

KEEWWATA – 8

Biyyoonni Waadaa kana seenan dubartoonni dhiirota waliin walqixa ta’anii garaagarteen tokkollee utuu isaanirratti hingodhamin sadarkaa idil-addunyaatti mootummoota isaanii bakka bu’uufi dhaabbilee idil-addunyaa keessattis hirmaachuuf carraa argachuu akka danda’an tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta’an ni fudhatu.

KEEWWATA – 9

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan dubartoonni dhiirota waliin walqixa lamummaa argachuuf, jijjiirrachuuf, ykn akka qabatanitti turuuf mirga ni kennu. Keessumattuu, nama lammii biyya alaa ta’etti heerumuun ishii ykn dhirsi gaa’elaan utuu jiranii lammummaa jijjiirrachuun isaa ishiinis battalumaan lammummaa jijjiirrachuuf kan dirqu akka hin taane, ykn nama biyya hinqabne

kan ishii taasisu ykn lammummaa biyya abbaa-manaa akka fudhattu kan ishee dirqisiisu akka hintaane ni mirkaneessu.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dubartoonni lammummaa daa'imman isaanii haala ilaaluun, dhiirota waliin walqixa murteessuuf mirga akka qabaatan taasisu.

KUTAA – SADII
KEEWWATA – 10

Biyyoonni Waadaa kana seenan, dubartoonni barumsa irratti dhiirota waliin mirgoota walqixa ta'an akka qabaatan gochuufi garaagarteen loogummaa kamiyyuu akka isaan irratti hinraawwatamne mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda ni fudhatu; keessumattuu dubartoonni dhiirota waliin haala wal-qixa ta'een kanneen kanatti aanan akka guutamaniif ni taasisu.

a. Ogummaa isaanii gabbifachuufi hojii isaanii fooyyeffachuuf leenjii argamuun magaalaattis ta'e baadiyyaatti dhaabbata barumsa isa kamiyyuu keessatti baratanii waraqaa ragaa argachuuf haalli mija'aan kana fakkaatu akka isaaniif uumamu, walqixxummaan kunis dirreewwan oolmaa daa'immaniitiin, teeknika waliigalaatiin, akkasumas ogummaafi teeknika ol'aanaadhaan, akka jiraatu taasisuuf,
b. Sirna barumsaa fi qormaata walfakkaatan, barsiisota ogummaa fi ga'umsa wal gitu qaban manneen barumsaa qulqullina wal fakkaataa qaban, fi carraa meeshaalee barumsaa argachuuf qaban.
c. Akka wal barsiisanii wal irraa barataniif jajjabeessuufi tooftaalee barumsaa kanneen biroon, keessumatti kitaabota barumsaa, sagantaalee barumsaafi tooftaalee ittiin barumsi kennamu fooyyessuudhaan ilaalchota duubatti-hafoo

garaagartee shoora dhiirotaafi dubartootaa mul'isan dhabamsiisuu,

d. Carraa barumsaa bilisaafi deggarsoota barattootaaf kennaman kanneen biroo irraa walqixa fayyadamoo ta'uu,
e. Sagantaalee barnoota bu'uraafi keessumatti dubartootaafi dhiirota gidduu garaagartee barnootaa jiru yeroo gabaabaa keessatti dhiphisuuf barumsa ga'eeyyii kennamu dabalatee, sagantaalee barumsaa walitti fufiinsaan kennamu keessatti walqixa hirmaachuuf carraa argachuu,
f. Dubartoota barattoota ta'anii barumsa isaanii gidduutti dhaaban lakkoofsa isaanii hanqisuufi warri barumsa isaanii dhaabanis sagantaa ittiin deebi'anii itti fufan qopheessuu,
g. Barumsa ispoortiifi qaama cimsu irratti walqixa carraa dammaqinsaan itti hirmaatan akka qabaatan taasisuu,
h. Fayyaafi nageenya maatii mirkaneessuuf kan gargaaru, waa'ee karoora maatii irratti gorsa kennamu dabalatee, odeeffannoo barumsaa, meeshaalee deggarsa barumsaa, dabalateebarbaachisoo ta'an argachuuf carraa akka argatan taasisuu.

KEEWWATA – 11

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dubartoonni dhiirota waliin mirgoota wal fakkaatoo ta'an walqixa akka qabaataniif hojiirratti garaagartee loogummaa isaan irratti godhamu dhabamsiisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hundaa ni fudhatu. Mirgoota kanatti aananis dubartootaaf ni mirkaneessu.
   a. Mirgi hojii hojjechuu mirga dhala namaa kan hin mulqamne ta'uusaa,
   b. Ulaagaalee miindeffamaa wal fakkaatoo ta'anitti fayyadamuu dabalatee carraa hojii wal fakkaatoo argachuu,

c. Mirga ogummaafi hojii walaba ta’anii filachuu, guddina sadarkaa, wabii hojii, mirga faayidaalee garaagaraa fi tajaajiloota argachuu, mirga leenjii ogummaa fi deebi’anii leenji’uu(hojiirra ta’anii leenjii fi leenjii ogummaa daran ol’aanaa) argachuu,
d. Faayidaalee garaagaraa dabalatee mirga kaffaltii walqixa ta’e argachuu, hojii ciminni isaa walqixa ta’eetti mirga faayidaa walqixa ta’e argachuu, yeroo qulqullinni hojii madaalamu mirga walqixa ilaalamuu,
e. Mirgi wabii hawaasummaa, keessumatti sooramaan, hojii dhabdummaan, dhukkubaan, hir’ina qaamaan, dullumaafi sababa kanbiraan yeroo hojii hojjechuun dadhabamu, akkasumas mirga kaffaltii waliin eyyama boqonnaa hojii argachuu,
f. Mirga kunuunsa fayyaa fi qaama hormaata dabalatee haalota hojii isaaniif mijaa’oo ta’ani fi nageenya mirkaneessan argachuu.

2. Dubartoonni sababa sirna heerumaatiin ykn sababa da’umsaatiin garaagarteen loogummaa akka isaan irratti hintaasifamneefi mirga hojiif qaban mirkaneessuuf, biyyoonni Waadaa kana seenan dameewwan kanatti aananiin tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta’an ni fudhatu.
    a. Sababa ulfaa’uu ykn eeyyama boqonnaa da’umsaatiin hojiirraa ari’amuufi sababa haala gaa’elaatiin hojiirraa ari’amuu jiraatu irratti garaagarteen loogummaa akka hinjiraanne dhorkuuf, warra tarkaanfii akkasii fudhatan irratti tarkaanfii seeraa barbaachisaa ta’e fudhachuuf;
    b. Eeyyamni da’umsaa kaffaltii ykn faayidaa hawaasummaa walgita ta’e waliin, hojii, angafummaa ykn faayidaa hawaasummaa isa duratti ture utuu hindhabin akka kennamu sirna diriisuu;

c. Haadhaafi abbaan itti-gaafatamummaa maatii dirqama hojiifi hirmaannaa jireenya hawaasummaa waliin walitti qindeessanii akka bahan jajjabeessuuf tajaajiloonni hawaasummaa deggarsa barbaachisaa kennan, keessumatti wiirtuuwwan daa'immaniif kunuunsa kennan bakka bakkatti akka hundeeffamaniifi wantota isaan barbaachisaniin akka ijaaraman gochuuf,
d. Yeroo ulfaa gosooti hojiiwwanii fayyaa isaaniif faallaa ta'uun isaanii mirkanaa'e dubartootaaf akka hinkennamne taasisuuf.

3. Dhimmoota keewwata kana jalatti tarreeffaman haala ilaaluun seeronni eegumsaa ykn ittisaa ba'an yeroo yerootti beekumsa saayinsaawaafi teeknolojiitiin akka qoratamaniifi akka barbaachisummaa isaattis akka fooyyeffaman, akka hafan ykn akka jiranitti akka itti fufan ni taasifamu.

KEEWWATA – 12

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, karoora maatii dabalatee, tajaajiloota fayyaatti walqixa fayyadamoo ta'uu isaanii mirkaneessuuf, gama eegumsa fayyaatiin dubartoota irratti garaagartee loogummaa taasifamu dhabamsiisuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e hundaa ni fudhatu.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame jiraatullee, yeroo ulfaa, yeroo da'umsaafi sana booda tajaajila hawaasaa barbaachisaa ta'e, akka barbaachisummaa isaattis karaa itti nyaataafi kunuunsa barbaachisaa argatan mirkaneessuuf biyyoonni Waadaa kana seenan tarkaanfii fudhachuun isaan irraa eegama.

KEEWWATA – 13

Biyyoonni Waadaa kana seenan, dirreewwan dinagdeefi hawaasummaa kanneen biroon garaagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu dhabamsiisuudhaan dubartoonni mirgoota kanatti aananitti dhiirota waliin walqixa fayyadamoo akka ta'aniif tarkaanfiiwwan barbaachisoo hunda ni fudhatu. Keessumatti,

a. Mirga faayidaalee maatii argachuu,
b. Mirga baankii irraas ta'e madda kan biroo irraa tajaajila liqii maallaqaa argachuu,
c. Mirga bashannana, ispoortiifi sochiiwwan aadaa kanneen biroo irratti hirmaachuu,

KEEWWATA – 14

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, rakkoolee dubartoonni baadiyyaa keessa jiranii fi jireenya dinagdee maatii isaanii gama eegsisuutiin kutaa dinagdee biyyattii maallaqa waliin wal hin qabanne keessattis dabalatee shoora ol'aanaa isaan qaban tilmaama keessa galchuudhaan, labsiiwwan Waadaa kanaa dubartoota baadiyyaatiifis kan raawwataman ta'uu mirkaneessuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e hunda ni fudhatu.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, garaagartee loogummaa dubartoota baadiyyaa irratti raawwatamu dhabamsiisuuf sochii misooma baadiyyaa keessatti dubartoonni dhiirota waliin walqixa hirmaatoo akka ta'aniifi kanarraas fayyadamoo akka ta'aniif tarkaanfii barbaachisaa ta'e hunda ni fudhatu. Dabalataanis, mirgoota kanatti aananii argaman dubartootaaf ni mirkaneessu.
   a. Karoora hojii misoomaa sadarkaa hundaarratti argamu qopheessuufi raawwachiisuu keessatti hirmaachuuf mirga qaban,

b. Odeeffannoo karoora maatii ilaalu, tajaajiloota gorsaafi kanneen biroo isaan walitti dhufeenya qaban dabalatee, tajaajiloota kunuunsa fayyaa ga'aa argachuuf mirga qaban,
c. Sagantaalee wabii hawaasummaa irraa kallattiidhaan fayyadamoo ta'uuf mirga qaban,
d. Ga'umsa teeknikaa qaban cimfachuuf barumsa bu'uraa dabalatee leenjiifi barumsa idileefi idilee hintaane kaminiyyuu argachuuf, tajaajiloota hawaasummaafi babal'ina misoomaa irraa fayyadamoo ta'uuf mirga qaban,
e. Hojiirratti mindeeffamuuf ykn hojii ofii uummachuudhaan dinagdeen fooyya'uuf carraan walqixa ta'e akka jiraatuuf, gareewwan of-gargaarsaa, waldaalee hojii gamtaa dhaabuuf mirga qaban,
f. Sochiiwwan hawaasaa kanneen kamiyyuu keessatti hirmaachuuf mirga qaban,
g. Tajaajila qonnaa, tajaajila liqii, deemsa bittaafi gurguraa fi teeknolojii bu'a-qabeessatti fayyadamuuf mirga qaban, sagantaalee baadiyyaa fooyyessanii fi qubiinsaatti walqixa fayyadamoo ta'uuf mirga qaban,
h. Haala mana jireenyaa, qulqullina naannoo, tajaajila ibsaafi bishaanii, geejjibaafi qunnamtii ilaaluun tajaajila jireenyaaf fooyya'aa ta'etti fayyadamuuf mirga qaban.

KUTAA - AFUR
KEEWWATA – 15

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dubartoonni seera fuulduratti dhiirota waliin walqixa mirga akka qabaatan taasisu.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dhimmoota siviilii kessatti dubartoonni dhiirota waliin dandeetti seeraa wal gitu akka qabaataniifi dandeettii seeraa qabaniin walqixa fayyadamuuf

carraa akka qabaatan ni taasisu. Keessummatti waliigaltee seenuu fi qabeenya bulchuuf dubartootaaf mirga dhiirota waliin walqixa ta'e ni kennu; akkasumas falmii manneen murtii fi qaamolii abbaa seerummaa qaban birratti gaggeefamu sadarkaawwan falmii hundaatti,dubartoonni dhiirota waliin walqixa akka keessummeessaman ni taasisu.

3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, waliigaltee fi gochi dhuunfaa dandeettii seeraa dubartoonni qaban dhorkan kammiyyuu seera biratti kufaa fi gatii kan hin qabne ta'uu isaanii irratti waliigalaniiru. .
4. Biyyoonni Waadaa kana seenan, seera bakkaa gara bakkaatti socho'uu, biyya, ganda, mana jireenyaa walaba ta'anii filachuu haala ilaaluun, dhiirotaafi dubartootaaf walqixa mirga ni kennu.

KEEWWATA – 16

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan qixa gaa'elaa fi walitti-dhufeenya maatiitiin garaagartee loogummaa dubartoota irratti raawwatamu maqsuuf, tarkaanfii barbaachisaa ta'e hundaa ni fudhatu; keessumatti dubartoonni mirgoota kanatti aananii argamanitti dhiirota waliin walqixa fayyadamoo ta'uu isaanii ni mirkaneessu:
   a. Mirga gaa'ela godhachuu walqixa ta'e,
   b. Nama itti heeruman bilisummaan filachuu fi mirga gaa'ela jaalalaafi fedhii walaba ta'e qofaan raawwachuu,
   c. Yeroo gaa'elaafi erga gaa'elichi diigamee boodas, mirgaafi dirqama walqixa qabaachuu,
   d. Wal-fuudhanis wal fuudhuu baatanis, daa'imman isaanii haala ilaaluun haadhaa fi abbaa ta'uu isaaniitiin kan ka'e mirgaafi dirqama walqixa ta'eqabaachuu gama kanaan iddoo dursaa kan qabatu nageenyaafi faayidaa daa'imman isaanii ta'a.

e. Daa'imman meeqaafi garaagartee yeroo hammamii keessatti godhachuu akka qaban haala walabaafi itti-gaafatamummaa qabuun mirga walqixa murteessuufi mirga kanattis fayyadamuu kan isaan dandeessisu odeeffannoo, barumsaafi tooftaa argachuuf mirga qaban,
f. Guddiftummaa, eegdummaa, amantaan-qabdummaafi guddifachaa daa'immanii ykn kanneen kana fakkaatanii fi seera biyyattiitiin beekamummaa qaban haala ilaaluun dhiirota waliin mirgaa fi dirqama walqixa ta'e qabaachuu; kunis ta'ee, nageenyiifi faayidaan daa'imman kanaa yeroo mara dhimma dursi kennamuuf ta'a.
g. Maqaa gamtaa maatiin ittiin waamamu, ogummaafi hojii ittiin bulmaataa filachuu dabalatee, abbaan manaafi haati manaa walqixa mirga qabaachuu,
h. Kaffaltiinis ta'e tolaan haadha qabeenyaa ta'uu, qaama kan biraa irraa argachuu, bulchuu,qajeelfama kennuu, kanbiraaf dabarsuufi itti fayyadamuu haala ilaaluun, abbaan manaafi haati manaa mirgoota wal fakkaatoo akka qabaatan taasisuuf.

2. Shamarreen umriinshee gaa'ela hinga'in jiru akka kaadhimamtu ykn heerumtu gochuun seeraan aladha. Umrii xiqqaan namni tokko itti gaa'ela ga'u murteessuuf, gaa'illi qaama seeraa aangoo qabuu biratti galmeessisuun dirqama akka ta'uu taasisuuf seera tumuu dabalatee tarkaanfii barbaachisoo hundi fudhatamuu qaba.

KUTAA – SHAN
KEEWWATA – 17

1. Waadaa kana raawwachiisuu haala ilaaluun tarkaanfiiwwan fudhataman ilaalee kan qoratu "Koree Garaagartee Loogummaa Dubartoota irratti Raawwatamu Maqsu" (kana booda "Koree" jedhamee kan caqasamu) ni hundeeffama. Yeroo Waadichi

ragga'u, miseensonni Koree kanaa 18 ta'u. Waadichi biyyi 35ffaan erga mirkaneessee ykn erga fudhatee booda garuu, miseensonni Koree kanaa naamusa gaarii ol'aanaafi Waadaa kana keessatti dhimmoota uwwifaman irratti ga'umsa ol'aanaa kan qaban ogeessota 23 ta'u. Ogeessonni kun lammiiwwan biyyoota Waadicha seenan keessaa filatamu. Kan tajaajilanis sadarkaa dhuunfaatti ta'a. Yeroo miseensonni kun filatamanis, walitti makamni isaanii biyyoota teessumi isaanii qixa garaagaraa ta'eefi sadarkaa qaroominaa addaddaafi sirnoota seeraa gurguddaa kan bakka bu'an ta'uun isaanii hubannoo keessa akka galu ta'a.

2. Miseensonni Koree kanaa, kaadhimamtoota biyyoota Waadaa kana seenaniin dhiyaatan keessaa sirna sagalee kennuu iccitiin adeemsifamuun filatamu. Tokkoo tokkoon biyya Waadicha seenee lammiiwwan isaa keessaa kaadhimamaa tokko dhiyeessa.
3. Filannoon inni jalqabaa Waadichi ragga'ee ji'a jahaa booda adeemsifama. Tokkoo tokkoo filannoof yoo xiqqate ji'a sadii dura Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii, biyyoonni dhimmichi isaan ilaallatu yeroo ji'a lamaa keessatti kaadhimamtoota isaanii akka dhiyeessan xalayaadhaan isaan gaafata. Muummichi Barreessaa kaadhimamtoota bifa kanaan dhiyaatan bu'ura tartiiba qubee maqaa isaaniitti galmeessee, biyyoota isaan dhiyeessanis ibsuudhaan biyyoota Waadicha seenaniif ni dhiyeessa.
4. Filannoon miseensota Koree kanaa, biyyoota Waadicha seenan Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniitiin waamamanii walga'ii Waajjira Giddugaleessaa Mootummoota Gamtoomaniitti taa'amu irratti adeemsifama. Biyyoota Waadicha seenanii walga'ichaaf waamaman harka sadii keessaa harki lama yoo argame, koramiin lakkoofsi ga'aan argameera jedhamee walga'iin akka adeemsifamu taasifama. Kaadhimamtoonni

sagalee ol'aanaa argatan filatamanii miseensota Koree kanaa ta'u.

5. Miseensonni Koree kanaa tajaajila kan kennan yeroo turtaa waggaa afuuriitiif ta'a. Karaa biraas warra filannoo isa jalqabaatiin filataman keessaa turtaan yeroo hojii kanneen sagalii waggaa lama qofa ta'a. Filannoo isa jalqabaa booda, battalumaan eenyummaan warra salgan kanaa karaa dura-taa'aa Koree carraadhaan murta'a.
6. Biyyi 35ffaan waliigalticha erga raggaasisee ykn fudhatee booda, filannoon miseensota Koree warra dabalataa shananii bu'ura keewwata xiqqaa 2,3fi 4tti adeemsifama. Miseensota dabalataa kana keessaa turtaan yeroo hojii miseensota lamaa waggaa lama qofa ta'a. Eenyummaan miseensota lamaanii karaa dura-taa'aa Koree carraadhaan murteeffama.
7. Koree keessatti iddoon hojii duwwaan yeroo argamu, biyyi miseensi hojii Koree dhaabe lammii isaa ta'e, lammiiwwan isaa keessaa filatee dhiyeessuudhaan Koreen kun miseensummaa isaa fudhatee akka raggaasisu taasisa.
8. Yaa'iin Waliigalaa yommuu raggaasisuufi qaamumti kun itti-gaafatamummaan Koree kanaa ulfaataa ta'uu isaa tilmaama keessa galchuudhaan bu'ura tilmaamaafi danbii inni murteessuutti miseensonni Koree kanaa dadhabbii isaaniitiif durgoon maallaqa Mootummoota Gamtoomanii irraa baasii ta'u ni kaffalamaaf.
9. Koreen kun itti-gaafatamummaa kennameef sirriitti akka raawwatuuf, Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii humna namaafi meeshaa barbaachisaa ta'e ni guutaaf.

KEEWWATA – 18

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, Waadicha raawwachiisuuf tarkaanfiiwwan seera tumuu, abbaa seerummaa, bulchiinsaa ykn kanneen biroo fudhatan kan ibsu gabaasa raawwii hojii isaanii

Koree kanaan akka ilaalamuuf Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif ni dhiyeessu. Kan kana godhanis,

a. Waadichi biyya sanaaf ragga'ee yeroo waggaa tokkoo keessatti,
b. Sana booda waggaa afur afurittiifi akkasumas yeroo Koreen gaafatetti ta'a.

2. Gabaasni isaan dhiyeessanis dirqamoota Waadaa kana keessatti labsaman raawwachuu irratti rakkoowwaniifi haalota isaan qunnaman ibsuu ni danda'a.

KEEWWATA – 19

1. Koreen kun danbii naamusa hojii mataa isaatii ni murteessa.
2. Koreen kun hojii raawwachiiftota isaa tajaajila turtii yeroo hojii waggaa lamaatiif ni filata.

KEEWWATA – 20

1. Koreen Waadaa kan keewwata 18 irratti hundaahuudhaan gabaasota dhiyaataniif ilaaluuf waggaa waggaatti turtaa yeroo torban lama hincaalleef walga'ii ni taa'a.
2. Walga'iiwwan Koree kanaa, Waajira Giddugaleessaa Mootummoota Gamtoomaniitti ykn iddoo kanbiraa Koreen kun mijeessuutti adeemsifamu.

KEEWWATA – 21

1. Koreen kun gabaasa waa'ee sochii isaatii ibsu waggaa waggaatti karaa Mana Maree Dinagdeefi Hawaasummaa Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyeessa. Gabaasicha keessattis gabaasotaafi odeeffannoowwan biyyoota waliigalticha fudhatanirra isa qaqqaban qoratee, ilaalchaafi yaadota tarkaanfii

mataa isaatii yoo qabaate itti dabaluu ni danda'a. Warri kun kan dhiyaatan garuu, yaadota biyyoonni sun dhiyeessan waliin walitti ida'amaniiti.

2. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii gabaasota Koree kanaa Komiishiniin Dhimma Dubartootaa hordofu akka beekuuf dabarsee ni ergaaf.

KEEWWATA – 22

Dhaabbileen Mootummoota Gamtoomanitti ittigaafatamummaan hojii addaa kennameef raawwiin labsiiwwan Waadaa kanaa wayita ilaalamu, dhimmoonni hojiiwwan isaanii ilaallatan yommuu jiraatan karaa bakka-bu'oota isaanii walga'iiwwan kana irratti hirmaachuuf mirga qabu. Koreen kunis haala raawwii Waadicha ilaalchisee dhimmoota isaan ilaallatu irratti gabaasa akka dhiyeessan dhaabilee kana afeeruu ni danda'a.

KUTAA-JA'A
KEEWWATA – 23

Waadaan kun walqixxummaa dhiiraa fi durbartii haala Waada kana keessatti ibsame caalaatti kan argamsiisan tumaalee biro kan:

a) Seera biyya Waadaa kana seene keessatti; ykn
b) Waadaa idil-addunyaa ykn waliigaltlee idil-addunyaa biyyattii keessatti raawwannaa qabu keessatti argaman kamiyyuu hin gufachiisu

KEEWWATA – 24

Mirgoota Waadaa kana keessatti beekamummaa argatan hunda kabajsiisuuf, biyyoonni Waadaa kana seenan hundi sadarkaa

biyyaalessaa isaaniitti tarkaanfii barbaachisaa ta'e kamiiniyyuu fudhachuuf waliigalaniiru.

KEEWWATA – 25

1. Waadaan kun, biyyoonni hundi akka irratti mallatteessaniif banaadha.
2. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii Waadaan kun akka harka isaa kaa'u ramadameera.
3. Waadaan kun, tokkoo tokkoo biyyaa biratti raggaasifamuu qaba. Raggaasifamuun isaa kan ittiin mirkanaa'u Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyaachuu qabu.
4. Waadaan kun, biyyi kamiyyuu akka fudhatuuf banaadha. Fudhatamuun isaa kan mirkanaa'u sanadni ittiin fudhatame Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif dhiyaachuu qaba.

KEEWWATA – 26

1. Biyyi Waadicha fudhate kamiyyuu, Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii beeksisuudhaan, waliigaltichi akka fooyyeffamu yeroo kamiyyuu gaafachuu ni danda'a.
2. Gaaffiin akkasii yeroo dhiyaatu, tarkaanfiin akkamii fudhatamuun akka irra jiraatu Yaa'iin Waliigalaa murteessuu ni danda'a.

KEEWWATA – 27

1. Waadaan kun sanadni 20ffaan ittiin raggaasifamu ykn ittiin fudhatamu, Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniif guyyaa itti dhiyaatee kaasee guyyaa 30ffaa isaatti kan ragga'u ta'a.

2. Sanadni 20ffaan Waadichi ittiin raggaasifamu ykn ittiin fudhatamu erga dhiyaatee booda, sanadii Waadichi ittiin raggaasifamu ykn ittiin fudhatamu kan mataa isaanii biyyoota Waadicha raggaasisaniif guyyaa itti dabarsanii kennanii booda gaafa guyyaa 30ffaa Waadichi isaaniifis kan ragga'e ta'a.

KEEWWATA – 28

1. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii of-qusannaa biyyoonni yammu Waadaa kana raggaasisan ykn fudhatan galmeessifatan fuudhee garagalcha isaa biyyoota biroof ni dabarsa.
2. Of-qusannoon kaayoo fi galma Waadaa kanaaf faallaa ta'e fudhatama hinqabaatu.
3. Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii beeksisuudhaan, of-qusannoo isa kamiiniyyuu kaasuun ykn dhiisuun ni danda'ama. Muummichi barreessaas of-qusannoon sun dhiifamuu isaa biyyoota kanneen biroo Waadicha fudhatan ni beeksisa. Beeksisni of-qusannoo dhiisuu akkasii guyyaa itti Muummicha Barreessaaf qaqqabee kaasee kan ragga'e ta'a.

KEEWWATA – 29

1. Akkaataa itti waliigaltichi hiikamu ykn raawwatamu haala ilaaluun, biyyoonni waliigalticha fudhatan baay'inni isaanii lamaafi sanaan ol ta'e gidduutti kan ka'u falmiin kamiyyuu araaraan yoo furmaata argachuu dhabe gaaffi gam tokkoon dhiyaatuun jaarsummaaf dhiyaachuu ni danda'a. Gaaffichi dhiyaatee yeroo ji'a jahaa keessatti, akkaataa gurmmaa'ina jaarsmumichaa dhimma araarichi, irratti gareen walfalman waliigaluu yoo dhaban, gami

tokko danbii ittiin bulmaataa haala hordofeen Manni Murtii Idil-addunyaa akka isaaniif ilaaluuf gaaffii dhiyeeffachuu ni danda'a.

2. Tokkoo tokkoon biyyaa Waadaa kana wayita mallatteessu,ykn wayita raggaasisuu ykn wayita fudhatu, keewwata kana keewwata xiqqaa 1 kanaatiin kan hindirqisiifamne ta'uu ibsachuu ni danda'a. Biyya of-qusannoo akkasii ibsate haala ilaaluun biyyoonni biroo Waadicha seenanis tumaalee keewwata xiqqaa 1 kanaa kabajuuf dirqamni isaanirra hinjiraatu.
3. Bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 kanaatti, biyyi of-qusannoo isaa galmeessise, Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii beeksisuudhaan of-qusannoo isaa yeroo kamiyyuu kaasuu ni danda'a.

KEEWWATA – 30

Waadaan kun afaan Arabiffaan, afaan Chaayinaan, Ingiliffaan, afaan Faransaayiin, afaan Ruusiyaafi Ispaanishiin kan qophaa'e yommuu ta'u, hundi isaanii walqixaafi sirriidha. Waadaan kun Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii bira taa'a.

Kanaafis ragaa ta'uuf namoonni taayitaan kennameef maqaan isaanii armaan gaditti galmaa'e, kunoo Waadaa kanaa irratti mallatteessaniiru.

ADABA YKN QABIINSA HAMMEENYAA GIDIRSAA YKN SALPHISAA TA’EE Fi HIRAARSA HAMAA HAMBISUUF WALIIGALTEE TAASIFAME

Biyyoonni Waadaa kana fudhatan:

Qajeelfamoota Chaartarii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniirratti hundaawuun ulfinni namummaa ilma namaa, walqixxummaafi mirgoonni hin tuqamne addunyaarratti bu'uroota bilisummaa, haqaafi nagayaa tahuu isaanii yaada keessa galchuudhaan;

Mirgoonni kunneen kabajaa ilmi namaa uumamaan qaburra akka burqan fudhachuudhaan;

Bu’uuronni Chaartarichaa keessattuu Keewwanni 55 mirgoota dhala namoomaa fi bilisummaawwan idil-addunyaatti fudhatamummaa fi raawwatamummaa akka argatan tattaaffachuun itti gaafatamummaa Biyyootaa tahuu isaa hubachuudhaan;

Seereffamoota Mirgoota Namoomaa Waliigalaa Keewwata 5 fi Mirgoota Siviiliitii fi Siyaasaa ilaalchisee Wadaa Idil-addunyaa Keewwata 7 irra kan kaa'ame, namni kamiyyuu gocha hiraarsaa, ykn adabbiifi qabiinsi hammeenya gidirsaan, isa salphisuufi saaxilamuu hinqabu isa jedhu yaada keessa galchuudhaan;

A.L.A. Muddee 9 bara 1975 Yaa'ii Waliigalaatiin kan tumame murtee lakk. 3452 (xxx), namni kamillee gochi hiraarsuu akka irratti hin raawwatamne, adabaafi qabinsi hamaan gidirsaa fi salphisaa ta’e

akka irra hin geenye eegumsa argachuu akka qabu seera hubachiisuuf xiyyeeffannaa kennuudhaan.

Adaba ykn qabiinsa dhala namaa hiraarsu, gocha hammeenyaa, gidirsaa fi salphisa dhala namaa hambisuuf qabsoo adeemsifamu cimsuuf qophaa'ummaa qaban ibsuudhaan akka armaan gadiitti waliigalaniiru

KUTAA TOKKO
KEEWWATA – 1

1. Waliigaltee kana keessatti "hiraarsuu" jechuun nama sanarraa ykn garee sadaffaarraa odeeffannoo argachuuf ykn amansiisuuf karoorfachuudhaan kan adeemsifamu dararaafi gidiraa qaamaa ykn sammuu jechuudha. Akkasumas namtichi ykn gareen sadaffaa kan biraa dhimma raawwate ykn raawwateera jedhamee itti shakkameen adabuuf, sodaachisuuf, namtichaaf ykn garee sadaffaa biraatiif dirqisiisuuf ykn gocha gara jabeenyummaa kan loogiirrati hundaawe kamiyyuu raawwachuuf kan adeemsifamu gocha hiraarsuuti. Gara jabeenyummaa ykn gidiraa kana kan raawwatu ykn akka raawwatamu dhiibbaa kan godhu hayyama qondaala mootummaatiin ykn beekkamummaa qondaala mootummaatiin ytkn sadarkaa itti gaafatamummaa mootummaatiin nama socho'u. Inni kun gadadoo fi gidiraa uggurrii seera qabeessa ta'een uumame ykn maddisaa kana qofa kan ta'e hindabalatu.
2. Keewwanni kun seeroota biyyummaafi mara addunyummaa kanneen akkaataa hojiirra oolchaniin bal'aa qabu bifa wal faallessuun hin raawwatamu.

KEEWWATA - 2

1. Tokkoon tokkoon Biyya waliigaltee kana fudhatee naannoo kutaa isaa kamiyyuu keessatti seera gochi nama hiraarsuu akka hin raawwatamne ittisuu isa dandeessisu baasa. Kanaafis barbaachisaa kan ta'an tarkaanfiilee saffisaa kan seeraa, kan bulchiinsaafi kanneen biraa ni fudhata.
2. Haalli adda kamiyyuu, lolli labsame ykn osoo hin eegamiin banamu, lubbama biyya keessaa, ykn haalli yeroo saffisiisaa biraa ilma namaa hiraarsuuf dahoo seerummaa tahuu hin dandahu.

KEEWWATA - 3

1. Biyyi Waliigaltee kana fudhate namni naannoo kutaa isaa keessa jiraatu biyya biraatiif dabarfamee yoo kenname balaarratti kufa ykn gocha hiraarsaaf saaxilama amantaa jedhu yoo qabaate namticha dabarsee kennuun irra hin jiraatu.
2. Haalli akkasii kan jiru tahuu isaa murteessuuf qondaaltonni dhimmichi ilaallatu haala biyattii keessa jiru qorachuu, barbaachisaa tahee yoo argames dhiitama mirgoota namummaa kan jilmaatiifi deddeebi'uun biyyattii keessa jiru shallaggi keessa galchuutu isaanirra jira.

KEEWWATA - 4

1. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee gochi nama hiraarsuu gocha yakkaa tahuu isaa Seera adabaa yakkamaan ittiin adabamu keessa galchuu qaba. Haala walfakkaatuun gocha hiraarsaa raawwachuuf ijibbaanni godhamuufi gocha hiraarsaa irratti tumsuufi hirmaachuuf yakka tahuu isaa tumuu qaba.

2. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee yakkoonni kunneen adaba gahaa ta’een akka nama adabsiisan seericha keessa kaayuu qaba; akkasumas adabichi haala gaddisiisaa yakkichaa madaallii keessa galchuu qaba.

KEEWWATA – 5

1. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigalticha fudhatee yakkoota Keewwata 4-n eeraman ilaalchisee yeroo tarkaanfii fudhatu daangaa aangoo inni qabaatu:
    a. Yakkichi naannoo kutaa mataa isaa keessatti ykn doonii ykn xiyyaara maqaa isaatiin galmeeffameen yoo raawwatame;
    b. Namni yakkichaan shakkame lammummaa biyya isaa kan qabu yoo ta'e;
    c. Yoo namni yakka kanaan miidhame lammii biyya sanaa ta’e fi biyyi sun yoo itti amane.
2. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee daangaa aangoo kana hujiirra oolchuun akkumma ni qaba jedhee yoo amane kan yakkichaan shakkame naannoo kutaa biyya isaa kamiyyuu keessatti kan argamu yoo ta'eefi biyya keewwata 8 keewwata xiqqaa 1 irratti eerameef dabarsanii kennuun sirrii yoo hin taane, haala walfakkaatuun aangoo dhimmicharratti murteessuudhaa ni qabaata.

KEEWWATA - 6

1. Biyyi Waliigaltee kana fudhate odeeffannoo harka isaa keessa seene eega qoratee booda akkaataa haalli isaa hayyamuun naannoo kutaa isaa keessatti kan argamuufi Keewwata 4 irratti kan eerame namicha yakka raawwateera jedhamee shakkame to'annoo jala oolchuu ykn tarkaanfii seera qabeessa biraa irratti

fudhachuu qaba. To'annoo jala oolchuuniifi to'annoo seera qabeessa fudhachuun kun seera biyyattiirratti hundaawuun kan raawwatamu yammuu tahu, dhimmichi barbaachisaa tahee yoo argame ammas adeemsi biyya biraatiif dabarsanii kennuudhaa itti fufa.

2. Biyyi kunis dhugaa jiru qulqulleessuuf battalumatti qorannoo sadarkaa jalqabaa ni adeemsisa.
3. Akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-tti namni to'annoo jala oole battalumatti bakka bu'aa Biyya inni lammii itti tahee kan dhiheenyatti argamuun akka walqunnamu deeggarsi ni kennamaaf. Namtichi biyya nama hinqabne yoo tahe ammas irra caalaadhaan bakka bu'aa biyya keessa jiraatutti dhihaata.
4. Akkaatuma Keewwata kanaatiin biyyi shakkamaa to'annoo jala oolche sababa namtichaa to'annoo jala itti oolche biyya Keewwata 5 keewwata xiqqaa 1 jalatti eerameef battalumatti beeksisa. Qulqulleessuu sadarkaa jalqabaa kan Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2-n eerame Biyyi adeemsise xumura irra gahe Biyya eerame kana beeksisuufi dabarsanii kennuun barbaachisaa yoo ta'es eeruu qaba.

KEEWWATA - 7

1. Biyyi Waliigalticha fudhate yakkoota Keewwata 4 irratti eeraman raawwataniiru jechuun shakkamaa to'annoo jala oolche Keewwata 5 irratti bu'ureeffatee dabarsee kan hin kennineef yoo ta'e dhimmicha gara qondaaltoota himata dhiheessaniitti dabarsa.
2. Qondaaltotiin kunneenis akkaataa seera Biyyattii kan yakki haala hammeenyaa qabu hundi ittiin ilaalamuun murtee itti kennu. Dhimmoota Keewwata 5 keewwata xiqqaa 2 irratti eeramanirratti himata dhiheessuufi murtee kennuuf kan tajaajilan ulaagaaleen odeeffannoo dhimmoota Keewwata 5 keewwata xiqqaa 1 irratti eeramaniif ulaagaalee tajaajilanii gad tahuu hin qaban.

3. Yakkoota Keewwata 4 irratti eeraman raawwachuu isaatiin namni mana murtiitti dhihaate sadarkaa murtee ittiin kennaniin hundattuu qabiinsi madaalawaa tahe godhamuufi qaba.

KEEWWATA - 8

1. Yakkoonni Keewwata 4 jalatti eeraman waliigaltee Biyyoota Waliigalticha mallatteessan gidduu jiru kan yakkamaa dabarsanii kennuudhaa hin ittisan. Biyyoonni Waliigalticha fudhatan yeroo waliigaltee shakkamaa waliif dabarsanii kennuudhaa mallatteessan yakkoota eeraman kana waliigaltee isaanii keessa galchuu ni dandahan.
2. Biyyi Waliigalticha mallatteesse kan yakkamaa waliif dabarsanii kennu akka haal dureetti ilaalu biyya yakkamaa dabarsee kennuuf Biyya Waliigaltee hin godhinirraa kan dhihaattuuf gaaffii yakkamaa dabarsanii kennuudhaa Waliigaltee kana akka bu'ura seera qabeessaatti fudhachuudhaan yakkamaa dabarsee kennuu ni dandaha.
3. Biyyoonni Waliigalticha fudhatan kanneen yakkamaa dabarsanii kennuu akka haal dureetti hin ilaalle namoota yakkoota raawwatan kana dabarsanii kennu ilaalchisee faaydaarra ni oolchan. Kun tahuu kan dandahu garuu seera biyya isaanii keessa kan kaa'ame yoo ta'e dha.
4. Biyyoota Waliigalticha mallatteessan gidduuti yakkoonni yakkamaa dabarsanii kennuuf ka'umsa tahan kanneen biyya isaanii keessatti raawwataman qofa osoon taane kanneen naannoolee keewwata 5 keewwata xiqqaa 1-n eeraman keessatti raawwataniis ni dabalata.

KEEWWATA - 9

1. Biyyoonni Waliigalticha fudhatan yakkoota Keewwata 4 irratti eeraman ilaalchisee adeemsa dhaddachoota siviilii saffisuuf kan godhamu wal jijjiira odeeffannoo dabalatee gidduu isaaniitti waliif tumsa barbaachisu kanneen biroo ni godhu.
2. Biyyoonni Waliigalticha fudhatan dirqamoota Keewwatuma kana keewwata xiqqaa irratti eeraman raawwachuuf, akkaataa waliigaltee hojiiwwan haqaa gamtaan adeemsisuuf godhaniitiin deeggarsa taasisuu ni dandahu.

KEEWWATA - 10

1. Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan namoonni to'annoo jala oolaniifi hidhaman hidhuudhaan, qorachuudhaan, qabuudhaan kan bobbahan raawwachiistootii seeraa, siviilootii ykn loltootii, ogeeyyota fayyaa, qondaaltota mootummaa ykn namoota biraa barnnoota ykn odeeffannoo leenjisaniin nama hiraarsuun gonkumaa kan dhowwame tahuu mirkaneessuu qabu.
2. Biyyoonni Waliigalticha fudhatan hojjattoota damee hojii kanaarratti bobbaasaniif hujiifi dirqama qopheessan qajeelfama ibsu keessa ilma namaa hiraarsuun kan dhoowwame tahuu hubachiisu qabu.

KEEWWATA - 11

Biyyoonni Waliigaltee kana fudhatan qajeelfamootaafi seeroota namoota naannoo kutaa isaanii keessatti qabaman, to'annoo jala olan ykn hidhaman ittiin qorataniin tooftaaleefi hojiiwwan akkaataa namoonni hidhaman itti qabamuu qabaniin ilaalan yeroo hunda sakatta'uudhaan hiraarsa namaa hanbisuuf hojjachuu qabu.

KEEWWATA - 12

Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee waytii naannoo kutaa isaa keessatti hojiin nama hiraarsuu adeemsifameera jedhee amane qondaaltoota dhimma kana qulqulleessuuf gahummaa qaban muuduudhaan qulqulleessuu garee hundarraa walaba tahe adeemsisuu akka dandahan mirkaneessuu qabu.

KEEWWATA - 13

Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee naannoo kutaa isaa keessatti namni tokkolleen hojiin hiraarsaa yoo irra gahe himata dhiheessuuf mirga akka qabuufi qondaaltoota gahummaa qabaniif dhihaatee qulqulleessuun loogiirraa walaba tahee akka adeemsifamuuf mirkaneessuu qaba. Himataan ykn ragaaleen odeeffannoo dhiheessaniin wal qabatee dararuuniifi sodaachisuun akka isaanirra hin geenye kan isaanirraa ittisu wabummaa argachuu qabu.

KEEWWATA - 14

1. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee nama hojiin hiraarfamaa mudateef sirni seera qabeessa tahe kan rakkoo tanarraa bilisa baasu, kan mirga beenyaa gahaafi haqa qabeessa tahe argachuu isaa mirkaneessu, akkasumas miidhaa isarra gaherraa haala isa kabjsiisu uumu mirkaneessuu qaba. Namni rakkoon tun mudatte sababa hiraarfama isarra gaheetiin yoo du'e dhaaltoonni isaa beenyaa argachuu qabu.
2. Keewwanni kun nama gochi hiraarfamaa mudate seera biyyummaarratti hundaawe mirga beenyaa argachuusaa hin faallessu.

KEEWWATA - 15

Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee jechi of saaxilu kan hojii hiraarsuutiin argame dhaddachuma kamittuu akka ragaatti akka hin dhihaanne mirkaneessuu qaba. Haa tahuu malee jechi of saaxilu kun hojii hiraarsaa raawwachuu isaatiin kan himatameef akka odeeffannootti dhihaachuufii ni dandaha.

KEEWWATA - 16

1. Tokkoon tokkoon Biyya Waliigaltee kana fudhatee gocha nama hiraarsuu kan Keewwata 1 irratti hin eeramin, garuu ammoo naannoo kutaa isaa keessatti qondaala mootummaatiin ykn sadarkaa qondaaltummaatiin namni socho'u gochoota gara jabeessa raawwatu, qabiinsa nama salphisuu fi namummaa hin qabne itisuuf tarkaanfii dandeessistu fudhachuu qaba. Keessattuu waliigaltee kana Keewwatoota 10, 11, 12 fi 13 irratti dirqamoota eeraman gocha hiraarsuu ykn akaakuulee gara jabeessa birootiif, qabiinsa namooma hin qabneefi nama salphisu ykn adaba bakka buusuudhaan fayyadamuun ni dandahama.
2. Keewwatootiin Waliigaltee kanaa, seeroota gara jabeenyummaa, gidiraa namummaan alaa ykn qabinsa ykn adaba nama salphisu itisuuf kanneen bahan akkaataalee hojii idil-addunyaatiifi seeroota biyyummaa kanneen biraa ykn seeroota yakkamaa dabarsanii kennuudhaa ykn biyyaa arihuutiin seeroota walitti hidhaman hin faallessan.

KUTAA LAMA
KEEWWATA - 17

1. Nama hiraarsuu mormuudhaan Koree hojjatu (kanaan booda Koree jedhamee kan waamamu) ni ijaarama. Hojiiwwan kanatti aananii tarreeffamanis ni raawwata. Koreen kun ogeeyyota

naamusa ol-aanaafi damee mirgoota dhala namummaarratti gahummaa qaban, akkasumas mataa isaanii bakka bu'uudhaan kan hojjatan kudhan miseensummaan kan qabu taha. Ogeeyyonni kunneen Biyyoota waliigaltee kana fudhatanirraa kan filaman hoggaa tahu, filannichis miseensotiin Koree kanaa bakka bu’ummaa biyyoota naannoo adda addaa kan hirmaachiseefi tokkoon tokkoon isaanii muuxannoo seeratti qaban yaada keessa kan galche taha.

2. Miseensotiin Koree kanaa Biyyoota Waliigaltee kana fudhatan irra kaadhimamtoota dhihaatan gidduudhaa sirna kenna sagalee kennu iccitiitiin filaman. Mata mataan Biyya Waliigaltee kana fudhatee lammiiwwan isaa keessaa filannichaaf kaadhimamaa tokko dhiheessa. Akkaataa Waliigaltee Mirgoota Siviilii fi Siyaasaa Idil addunyaatiin kan dhaabbate miseensota koree mirgoota dhala namummaa namoonni ta'an koree ilma namaa hiraarsuu ittisu keessa galanii tajaajiluuf fedhii kan qaban, Biyyoonni Waliigaltee kana fudhatan wayitii filannichaa isa kana tilmmaama keessa ni galchan.
3. Filannoon miseensoota Koree kanaa walgahii Biyyoota Waliigaltee kana mallatteessanii kan Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii waggaa lama lamaan waamurratti adeemsifama. Walgahii kanarratti Biyyoota Waliigaltee kana mallatteessan harka sadiirraa harki lama yoo argaman guutummaan yaa'ii ni taha. Miseensota Koree kanaa tahuun kan filataman sagalee ol aanaa kanneen argataniifi walgahicharratti kan argaman bakka bu'oota Biyyoota Waliigalticha mallatteessanii keessa walakkaa ol kan tahan kanneen deggaran ni tahu.
4. Filannoon jalqabaa guyyaa Waliigaltuichi dirqisiisaa itti taherraa jalqabee yeroo ji'oota jaha hin caalletti adeemsifama. Barreessaan Muummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii tokkoon tokkoon filannoorratti xalayaa ji'oota afuriin dura Biyyoota Waliigalticha fudhataniif barreessuun ji'oota sadii keessatti maqaa

nama kaadhimamtummaaf filanii akka ergan gaafata. Barreessaan Muummichi gama isaatiin maqaa filatamtootaatiifi biyya bakka bu'anii walduraa duubee qubeetiin qopheessuudhaan Biyyoota Waliigaltee kana mallatteessaniif dhiheessa.

5. Miseensootiin Koree kanaa yeroo hojii waggootii afuriitiif filaman. Lammata kaadhimamtummaan yoo dhihaatan filatamuu ni dandahan. Haa ta'uu immoo filannoo jalqabaatiin kan filaman miseensotiin Koree kanaa shan yeroon hojii isaanii waggootii lama qofaaf taha. Maqaan namoota kanaa filannoon jalqabaa eega adeemsifamee booda akkaataa Keewwata xiqqaa 3 irratti eerameen dura ta'aan walgahichaa carraa baasuun adda baafama.
6. Miseensi Koree kanaa du'aan ykn fedhii mataa isaatiin hujii yoo gad dhiise ykn sababa biraa kamiinuu hojii Koree kanaa hojjachuu osoo hin dandahin yoo hafe Biyyi kaadhimamtummaan isa dhiheesse kan Waliigaltee kana mallatteesse, lammiilee isaa keessaa yeroo hafteef kan tajaajilu nama biraa ramada. Ta’us kun hojiirra kan oolu Biyyoota waliigaltee kana mallatteessan keessaa irra caalaan yoo isa deeggarani dha. Biyyoota Waliigalticha fudhatan keessaa walakkaa ykn walakkaa ol kan tahan barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitiin eega isaaniif ibsameen booda torban jaha keessatti deebii mormii yoo hin ergin hafan namni bakka buufame sun deeggarsi akka kennameefitti lakkaawama.
7. Koreen kanaaf baasiin itti gaafatamummaa itti kenname raawwachuuf isa barbaachiftu Biyyoota Waliigaltee kana fudhataniin kaffalama.

KEEWWATA - 18

1. Koreen kun qondaaltota waggootii lamaaf tajaajilan ni fila. Lammata filatamuus ni dandahan.

2. Koreen kun seera danbii mataa isaatiis ni baafataa. Ta'ullee haalli inni seerra ittiin baasu kanneen asitti aanan of keessaa qabaachuu qaba:
    a. Miseensonni jaha yoo argaman guutumman yaa'ii ni taha;
    b. Murteewwan Koree kanaa sagalee caalmaan murteeffaman;
3. Barreessaan Muummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Koree kana hujii isaa sirriitti hojjachuu kan dandeessisu humna namaatiifi waantoota barbaachisaa tahan ni guutaafi.
4. Walgahii Koree kanaa inni jalqabaa Barreessaa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin waamama. Danbiifi seera walgahii jalqabaa kana booda bahurratti hundaawuudhaan yeroo wal fakkaatu wal gahama.
5. Biyyoonni Waliigaltee kana fudhatan baasii yeroo walgahiilee Koree kanaatiifi Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan yeroo walgahan baasii baatu ni kaffalan. Dabalataanis Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii Koree kanaaf humna namaatiifi waan barbaachisu guutuuf kanaan dura baasii baase Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan akka keewwata xiqqaa 3ffaa Keewwata kanaatti bakka buusan.

KEEWWATA - 19

1. Biyyoonni Waliigaltee kana fudhatan, hojiiwwan Waliigaltee kana hojiirra oolchuuf raawwatan gabaasaa ilaalu gama Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin Koree kanaaf ni dhiheessu. Waliigalticha yeroo biyyattiitti dirqisiisaa tahuu itti jalqaberraa kaasee yeroo waggaa tokko keessatti gabaasichi ni dhihaata. Kana booda Biyyoonni Waliigalticha fudhatan gabaasaa dabalataatiifi tarkaanfiiwwan hahaarayaa fudhatan odeeffannoolee ilaalan waggaa afur afuriin dhiheessu.

Dhimmi biraa kan Koreen kun gaafatu yoo jiraates dabalaniiti ergan.

2. Muummichi Barreessaanis gabaasaalee kanneen gama Biyyoota Waliigalticha mallatteessan hundaa ni raabsa.
3. Tokkoon tokkoon gabaasa Koree kanaan kan ilaalamu hogga tahu, Koreen kun gabaasaa kanarratti odeeffannoo ykn yaada yoo qabaate Biyya Waliigalticha mallatteesse kan ilaallatuuf erga. Biyyi mallatteesse kun dhimmicharratti diddaa qabu ilaalchisee deebii ni kenna.
4. Koreen kun keewwatuma kana keewwata xiqqaa sadiirratti hundaawuun odeeffannoofi yaanni kennu, akkasumas diddaa Biyya Waliigalticha mallatteesserraa ergamteef barbaachisaa tahee yoo argate akkaataa Waliigaltee kana Keewwata 24-tti gabaasaa dhiheessu keessa galchuu ni dandaha. Biyya mallatteesse kan dhimmi ilaallatuun gaaffiin yoo dhihaateefiis waraabbii gabaasaa keewwata xiqqaa tokkoon eeramee dabaleeti qopheessa.

KEEWWATA - 20

1. Koreen kun kutaa Biyya Waliigaltee kana mallatteessee tokko keessatti idilummaan hiraarsuun adeemsifamuuisaa odeeffannoon amansiisaan biyya isa gaherra hojii odeeffannoo qulqulleessuurratti akka gargaaruufi maayyiirrattis dhimma eerame kanarratti taajjaba qabu akka ergu waamicha dhiheessa.
2. Koreen kun Biyya dhimmichi ilaallatu kan Waliigaltee kana mallatteesserra taajjaba dhihaateefi odeeffannoo bu'a qabeessa biraarra ka'uudhaan, dhimmichi qulqulleeffamuu akka qabu murtee yoo dabarse miseensoota isaa keessa nama tokko ykn tokkoo ol ramaduudhaan qulqulleessi walabaa akka godhamuufi gabaasnisaas saffisaan koree kanaaf akka dhihaatu qajeelfama ni kenna.

3. Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2 irratti hundaawuun qulqulleessuun kan adeemsifamu yoo ta'e koreen kun Biyya dhimmichi ilaallatu deeggarsa gaafachuu ni dandaha. Walta’iinsa biyya waliigaltee kana fudhatee waliin godhamu irratti hundaawuun hojiin dhimmicha qulqulleessuudhaa kun kutaa biyya isaa keessa daawwannaa adeemsisuus ni dabalata.
4. Koreen kun Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2 irratti hundaawuun miseensi ykn miseensootiin koree kanaa xumura irra gahan eega qoratee booda xumura kana dhimmichaa waliin wal simsiisuudhaan odeeffannoofi yaada mataa isaa itti dabaluudhaan biyya waliigaltee kana mallatteesse kan dhimmisaa ilaallatuuf erga.
5. Keewwata xiqqaa 1 irraa hanga 4 kan tarreeffaman hojiiwwan koree kanaa hundaahuu iccitiidhaan qabuudha qaban. Sadarkaalee hujii tanaa hundarrattuu tumsi biyya waliigaltee kan mallatteessee jiraachuudha qaba. Keewwata xiqqaa 2 bu'ura godhachuun qorannoofi qulqulleessi adeemsifamu yoo xumurameefi Biyya Waliigaltee kana mallattsse kan dhimmichi ilaallatuu waliin mariin eega adeemsifameen booda firiin qulqulleessa kanaa gabaasaa waggaa kan Keewwata 24-n eerame keessa akka galfamu Koreen kun murteessuu ni dandaha.

KEEWWATA - 21

1. Biyyi Waliigaltee kana fudhate Keewwata kanarratti hundaa'uudhaan, biyyi Waliigalticha mallatteesse kan biraan dirqamoota Waliigaltee kanarra kaayaman hin guunne jedhee yeroo amane Koreen kun aangoo himata fuudhuufi qorachuu dandeessiftu akka qabu yeroo kamiyyuu beekkamummaa kennuu ni dandaha. Koreen kun akkaataa danbiiwwan Keewwatuma

kanaan kaa'amanitti himata akkanaa kan fuudhuufi qulqulleessuun aangoon koree kanaa himata biyya beekkamummaa kennerraa dhihaatu qofaafi. Biyya beekkamummaa akkanaa hin kenninirra himanni dhihaatu qulqulleessi hin godhamuufi. Keewwata kanarratti hundaawuudhaan himanni dhihaatu akkaataalee kanatti aanuun keessumeeffamu.

a) Biyyi Waliigaltee kana fudhate biyyi Waliigalticha fudhate kan biraa seeroota waliigaltee kanaa hojiirra hin oolchine jedhee yoo amane, Biyya Waliigalticha mallatteesseef barreeffamaan beeksisa. Biyyi barreeffamni kun gahes barreeffama dhimmicha ifa taasisu ykn addeessu Biyya isaaf ergeef ji'oota sadii keessatti erguu qaba. Barreeffama ergame kana keessa danbii biyya keessaatiifi tarkaanfii sirreessaa fudhatamte ykn fudhatamuuf adeeminsarratti argamtu galchuu qaba.

b) Adeemsa dhimmichaaf furmaata kennuu keessatti Biyyoonni ilaallatu lamaanuu yoo waliif galuu baatan Biyyi tokichi dhaamsi isa jalqabaa eega isa gahee booda ji'oota jaha keessatti gama xalayaa Koree kanaafi Biyya kaaniif erguutiin dhimmi isaa koree kanaan akka ilaalamuuf mirga gaafachuu ni qaba.

c) Koreen akkaataa keewwata kanaatiin dhimma dhihaateef kan qulqulleessu qajeelfamoota seera idil-addunyaa waliigala fudhatamummaa qaban bu'ura godhachuudhaan tarkaanfiileen sirreessaa biyya keessa hundinuu faayidaarra ooluu isaanii eega mirkaneessee booda. Raawwiin takraanfiilee sirreessaa garmalee kan dheeratan yoo ta'aniifi namticha sababa seerri waliigaltee kanaa cabsamuu isaatiin miidhameef firii qabatamaa kan hin umne yoo ta'an seerichi raawatamummaa hin qabaatu.

d) Koreen kun himannoolee keewwata kanarratti hundaa'uun dhihaataniif kan qulqulleessu walgahii cufaadhaani.

e) Keewwatuma kata keewwata xiqqaa (c) irratti hundaawuun koreen kun kan ilaalu Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan dirqamoota Waliigaltichi kaaye bu'ura godhachuudhaan dhimmicha mariidhaan akka hiikan tajaajila waajjiraa ni dhiheessaafi. Koreen kun dhimmichaaf furmaata kennuuf gargaara jedhee yoo amane komiishina manguddummaa kan yeroodhaa ijaaruu ni dandaha.

f) Keewwatuma kanaan walqabatee keewwatuma xiqqaa kana kutaa (b) irratti kan eeraman Biyyoota Waliigalticha mallatteessan kanneen dhimmichi ilaallatu odeeffannoo barbaachiftu akka dhiheessan waamicha dhiheessuufii ni dandaha.

g) Koreen kun dhimmicha wayita qulqulleessu keewwatuma xiqqaa kana kutaa (b) irratti kan eeraman Biyyoonni dhimmichi ilaallatu gama bakka bu'aa isaaniitiin mirga walqunnamuudhaatiifi ibsa afaaniitiifi barreeffamaa dhiheessuudhaa ni qaban.

h) Koreen kun keewwatuma xiqqaa kana (b) irratti hundaawuun xalayaan eega isa gaheen booda ji'oota kudha lama keessatti gabaasaa dhiheessa.

i) Keewwata xiqqaa (g) irratti hundaawuun dhimmichi furmaata argachuu yoo dhabe gabaasaan Koreen kun dhiheessu yaada cunfaa dhugaa jiruutiifi Biyyoota Waliigalticha mallatteessan kanneen dhimmichi ilaallatuun kan dhihaateef sanadii barreeffamaatiifi sanadii jechaan waraabame gabaasaa dhiheessu ta'a.

Dhimmoota hundarrattuu Biyyoota dhimmichi ilaallatuufi Waliigalticha mallatteessaniif ergama.

2. Keewwatuma kana keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawuun Biyyoonni Waadaa kana fudhatan shan beekkamummaa eega kennanii booda seeroonni keewwatichaa dirqisiisoodha ta'un. Ibsoonni beekkamummaa kennuu ilaallatan kunneen Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bira taa'an. Muummichi Barreessaan gama isaatiin waraabbiilee kanneen gama Biyyoota waliigaltecha mallatteessanii kanneen biraatti tamsaasa. Ibsa beekamummaa kennuu ilaallatu xalayaa Barreessaa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ergamtuun kaasuun ni dandahama. Keewwatuma kana irratti hundaawuun dhimmi adeeminsa qulqulleessuutiin argamu ibsa beekkamummaa kaasuudhaan hin gufatu. Biyyi Waliigalticha mallatteesse tokko kan erge xalayan beekkamummaa kaasuu isaa ibsitu Barreessa Muummichaaf eega geessee booda lammata xalayaa beekkamummaa kaasuu isaa ibsitu yoo erguu baate keewwata kanarratti hundaawee himata dhiheessuu hin dandahu.

KEEWWATA - 22

1. Biyyi Waliigaltee kana fudhate naannoo kutaa isaa keessatti gochi seeroota waliigaltee kanaa cabsan nurratti raawwateera jechuudhaan namoonni dhunfaa ykn bakka bu'oonni isaanii himata dhiheessan ilaalchisee itti gaafatamummaa Koreen kun qabu tan himaticha fuudhuufi qulqulleessuudhaan Keewwatuma kanarratti hundaawuun yoomiyyuu beekkamummaa kennuu ni dandaha. Biyya beekkamummaa akaakuu akkanaa hin kenniniin kan dhihaatu himanni namoota dhunfaa koree kanaan fudhatamumma hin qabaatu.
2. Seeroota Waliigaltee kanarra kaayamaniin kan wal hin simanne, mirga himata dhiheessuudhaa sirriitti kan hin fayyadamin ykn

himanni maqaan himataa irra hin jirre Koree kanaan fudhatamummaa hin qabaatu.

3. Keewwata xiqqaa 2 irratti kan eerame akkuma eegametti ta'ee, himanni koree kanaaf dhihaate Biyya keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawee beekkamummaa kenneefi seeroota waliigaltee kanaa hin kabajne jedhameef ergama. Biyyi himata kana fudhatuus iftiinsa dhimmicha ilaalu ykn dhimmicha sirreessuuf tarkaanfiin fudhatamte yoo jiraatte barreeffama kana ibsu ji'oota jaha keessatti koree kanaaf dhiheessa.
4. Koreen kun Keewwatuma kanarratti hundaawuun namticharra ykn bakka bu’aa isaarraa fi biyya dhimmi kun ilaallatu kan Waliigaltee mallattesserraa erga fuudhee ni qorata.
5. Koreen kun Keewwatuma kanarratti hundaawuun himanni nama dhuunfaarraa fuudhu dhimmoota kanatti aananii dirqama guutuu qaba.:
   a) Dhimmichi qorannoo idil-addunyaa kan biraatiin ykn manguddummaan kan hin ilaalamin ykn adeemnsa ilaaluurratti kan hin argamne tahuu qaba.
   b) Namtichi kun karaalee dhimmicha ittiin sirreessaniifi beenyaa argataniin kan biyya isaa keessaa hundaahuu xuruursee kan itti fayyadame tahuu qaba. haa ta'uu immoo adeeminsi dhimmicha sirreessuu baay'ee kan dheerateefi abbicha rakkoo tana mudateef bu'aa kan hin kennin yoo ta'e seerichi raawwatamummaa hin qabaatu.
6. Koreen kun keewwatuma kanarratti hundaawuun himata dhihaateef kan qulqulleessu walgahii cufaadhaani.
7. Koreen kun yaada isaa Biyya Waliigalticha mallatteesse kan himanni irratti dhihaateefi abbicha himateef dhiheessa.
8. Keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawuun Biyyoonni Waliigaltee fudhatan shan beekkamummaa isaanii yoo ibsan seeroonni keewwata kanaa dirqisiisaa ni ta'an. Beekkamummaan kun Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummootaa Gamtoomanii

bira taa'a. Barreessaan Muummichi gama isaatiin gara Biyyoota Waliigaltee kana mallatteessanii kaneen birootti raabsa. Beekkamummaan kun xalayaa Barreessa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitti dhihaachuun kaafamuu ni dandaha. Hojiin beekkamummaa kaasuu akaakuu akkanaa kuni Keewwatuma kanarratti hundaawuun dhimma adeeminsa qulqulleessuurratti argamu hin gufachiisu. Gaaffiin beekkamummaa kaasuu tan biyyi eerame kun kaasu harka Barreessa Muummicha Mootummootaa Gamtoomanii eega seentee booda xalayaa beekkamummaa kennuu ilaalu lammata yoo erguu baate nama dhuunfaarraa ykn bakka bu'aa isaarraa himanni Koree kanaaf dhihaatu fudhatamummaa hin qabaatu.

KEEWWATA - 23

Miseensootiin Koree kanaa, keewwata 21 keewwata xiqqaa 1(g) irratti hundaawuun kan ijaaramu miseensootiin komiishiina manguddummaa yeroodhaa, akkasumas qaamootiin Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kanneen ergamni adda kennameef hojii seeroonni dhaabbatichaa hayyamuuf sirriitti raawwachuu kan isaan dandeessisan faaydaaleefi waantoota barbaachisan akkasumas mirga himatamuu dhabuudhaa argachuudha qabu.

KEEWWATA - 24

Koreen kun sochiiwwan hojii Waliigaltee kanaan eeraman ilaalchisuudhaan kan qopheessu gabaasaa waggaa Biyyoota waliigaltee kana fudhataniifi Yaa'ii Waliigala Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif dhiheessa.

KUTAA SADII

KEEWWATA - 25

1. Waliigalteen kun mallattoo Biyyoota hundaatiif banaa dha.
2. Waliigalteen kun raggaasifamuu qaba. Sanadootiin raggaasisaniiniis Waajjira Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii taa'a.

KEEWWATA - 26

Waliigalteen kun Biyyoonni hundinuu akka fudhataniif banaa dha. Waliigalticha fudhachuun kan mirkaneeffamu sanadicha ittiin fudhataniin Waajjiraa Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomanii kaa'uudhaani.

KEEWWATA - 27

1. Sanadiin Waliigaltichaan raggaasisaniin ykn fudhatan ini digdammaffaan Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif yeroo itti dhihaaterraa jalqabee guyyaa soddommaffaa irratti kan sirne ta'a.
2. Sanadiin Waliigaltichaan raggaasisaniin ykn fudhataniin inni digdamaffaan Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif eega dhiheessee booda tokkoon tokkoon Biyya sanada ittiin raggaasisaniin ykn fudhataniin dhiheessuutiif waliigalteen kun kan sirnuuf yeroo sanadii raggaasisaniin ykn fudhataniin itti dhiheesserraa jalqabee guyyaa soddommaffaa irratti ta'a.

KEEWWATA - 28

1. Mata mataan Biyya yeroo Waliigalticha mallatteessu ykn raggaasisu Waliigaltee kana Keewwata 20 irratti hundaawuun koree ijaaramu aangoo isaa beekkamummaa kennu dhabuu ni dandaha.
2. Keewwata 1 irratti hundaahuun didda isaa kan dhiheesse Biyyi Waliigalticha mallatteesse kamiyyuu yeruma kamittuu Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif xalayaa barreessuun diddaa isaa kaasuu ni dandaha.

KEEWWATA - 29

1. Biyyi Waliigalticha mallatteesse tokkolleenuu yaada fooyyessaniin dhiheessuu ni dandaha. Yaada fooyyessaniin kana kan dhiheessuus Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif ta'a. Barreessaan Muummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniis yaadni fooyyessaniin kun akkuma isa ga’een Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan wal gahanii yaada fooyyessa dhihaate irratti haasawuufi murteessuu yoo kan barbaadan ta'e gaafachuudhaan yaada fooyyessaniin kana ni ergaafi. Kun eega ta'ee ji'oota afur booda yoo xiqqaate miseensoota harka sadii keessaa harki tokko walgahuu tana yoo deeggaran Barreessaan Muummichi Mootummoota Gamtoomanii maqaa Dhaabbatichaatiin waamicha walgahii dabarsan. Yaadni fooyyessaniin kun Biyyoota miseensoota walgahii kanarratti argamuun sagalee kennataniin sagalee caalmayaan kan deeggarame yoo ta'e Biyyoonni Waliigalticha mallatteessan hundi akka fudhatan Barreessaan Muummichi ni raabsa.
2. Yaadni fooyyessaniin kan keewwata xiqqaa 1 irratti hundaawuun fudhatamummaa argate Biyyoonni Waliigaltee mallatteessan

harka sadiirraa harki lama akkaataa heerri mootummaa isaanii ittiin hojjatu bu'ura godhachuudhaan akka fudhatan ibsuudhaan Barreessaa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiif eega beeksisanii booda yaadni fooyyessaniin kun kan sirraahe ta'a.

3. Yaadni fooyyessaniin kun eega siranee booda Biyyoota Waadaa mallatteessan kanneen isa fudhataniif dirqisiisaadha ta'a. Biyyoonni Waadicha mallatteessan kanneen biraa immoo seeroota Waadaa kanaatiiniifi yaadoowwan fooyyessaniin kanneen armaan dura mataan isaanii fudhatan ni kabajan.

KEEWWATA - 30

1. Akkaataa Waliigaltee kana ittiin hiikan ykn raawwatanirratti hundaawuudhaan Biyyoota Waadicha mallatteessan lama ykn lamaa ol gidduutti wal diddaa uumamtu mariidhaan hiikuun yoo hin dandahamne gaaffii tokkoon isaaniitiin manguddummaaf dhihata. Biyyoonni wal didan ji'oota jaha keessatti gara dhaaba tajaajila manguddummaa kennuutiin waliigalteerra yoo gahuu baatan Biyyi tokkichi dhimmicha gara Mana Murtii Idil-addunyaa dhiheessuu ni dandaha. Kun kan ta'u Danbii Mana Murtichaarratti hundaawuudhaani.
2. Tokkoon tokkoon Biyyaa yeroo Waliigaticha mallatteessu, raggaasisu ykn fudhatu Keewwatuma xiqqaa kanaan akka hin dirqamne ibsuu ni dandaha. Biyyoonni biraatiis Biyya diddaa isaa kaayee waliin walqunnamtii qabaniin seera keewwatuma xiqqaa kanaatiin hin dirqaman.
3. Keewwatuma xiqqaa kanaan Biyyi diddaa isaa kaaye yeruma kamiyyuu gama xalayaa Barreessa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif erguutiin didda isaa kaasuu ni dandaha.

KEEWWATA - 31

1. Biyyi Waliigalticha mallatteesse kamiyyuu xalayaa Barreessaa Muummicha Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif barreessuun Waliigalticha mallatteessa tahuu isaa dhiisuu ni dandaha. Mallatteessa tahuun isaa kan hafu barreeffamni isaa yeroo Dhaabata Mootummoota Gamtoomaniitiif itti dhihaaterraa jalqabee waggaa tokko booda ta'a.
2. Biyyi Waliigalticha mallatteesse mallatteessaa tahuu isaa dhiisuuf barreeffama dhiheessuu isaa dura Waliigalticha kanarratti hundaawuun itti gaafatummaa isaa raawwachuuf ykn raawwachuu diduuf dirqamootiin fudhate raawwatamummaa ni qaban. Gaaffiin miseensummaa dhiisuu raawwatamuun dura dhimmoonni harka Koree kanaa seenan hin gufatan.
3. Gaaffiin miseensummaa dhiisuuf Biyya Waliigalticha mallatteesseen dhihaattu yeroo fudhatamummaa argaterraa jalqabee kan dhihaatu himanni haarayni Koree kanaan fudhatamumma hin qabaatu.

KEEWWATA - 32

Barreessaan Muummichi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Biyyoota Miseensoota Dhaabbatichaa hundaafi Biyyoota Waliigaltee kana mallatteessan ykn fudhatan hundaaf keessattuu dhimmoota asitti aanan kana ni beeksisa:

a) Keewwata 25 fi 26 irratti hundaawuun kan adeemsifamu mallattoo, raggaasisuudhaafi fudhachuu,
b) Keewwata 27 irratti hundaawuun guyyaa Waliigalticha dirqisiisaa itti tahuufi Keewwata 29 irratti hundaawuun guyyaa yaadawwan fooyyessaniin dirqisiisaa itti tahan,

c) Keewwata 31 irratti hundaawuun kan dhihaatu murtee miseensummaa gargar muruudha.

KEEWWATA – 33

1. Sanadootiin Waliigaltee kanaa kanneen afaan Arabaa, Chaayinaa, Ingiliz, Faransaayiifi Ispaanishiin qophaa'an walqixa fudhatamummaa kan qaban hoggaa ta'u, mana galmee Dhaabbata Gamtaa Mootummootaa taa'an.
2. Barreessaan Muummichi Dhaabbata Mootumoota Gamtoomanii waraabbiilee Waliigalticha kanneen sirrii tahuun isaanii mirkaneeffame gara Biyyoota hundaa ni raabsa.

WAADAA MIRGOOTA DAA'IMMANII
(CONVENTION ON THE RIGHTS OF THE CHILD)

Murtii Yaa'ii Waliigala akk. 44/25 Sadaasa 11 bara 1982 tiin kan ragga'eefi biyyoonni Waadaa kana seenan akka mallatteessaniif, akka raggaasisaniifi akka fudhataniif banaa kan ta'e.
Bu'ura keewwata 49 tti Hagayya 27 bara 1982 jalqabee kan ragga'e.

SEENSA

Biyyoonni Waadaa kana seenan, bu'ura qajeelfamoota Chaartarii Mootummoota Gamtoomaniitiin labsamaniitti, namoonni hundi uumamaan kabajamoo ta'uu isaaniifi walqixaafi mirgoota addadda hin sarbamne ykn hin mulqamne kan qaban ta'uu beekanii fudhachuun, addunyaaf bu'ura bilisummaa furmaata haqaafi nageenyaa ta'uu isaa hubachuudhaan,

Mootummoonni Gamtooman, ummattoonni mirgoota namoomaa bu'uraaf amantii ulfinaafi ilaalcha guddaa namootaaf qaban Chaartarichaan waan mirkaneessaniifi guddina sadarkaa jireenya hawaasaa isa fooyya'aa bilisummaa bal'aadhaan tarkaanfachiisuuf murteessuu isaanii hubachuudhaan,

Tokkoo tokkoon namaa sanyiidhaan, bifaan, saalaan, afaaniin, amantiin, siyaasaan, ykn ilaalcha kanbiraan, sabaan ykn madda hawaasaan, qabeenyaan, dhalootaan ykn ejjannoowwan kanbiroo kunneen fakkaataniin garaagartummaan utuu irratti hintaasifamin, ibsa mirgoota namoomaa hunda-qabeessaafi mirgootaafi bilisummoota Waadaalee mirgoota namoomaa idil-addunyaatiin

labsamanitti fayyadamuuf mirga kan qabu ta’uu Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii kan labse ta’uu beekuudhaan,

Mootummoonni Gamtooman daa’imman kunuunsi addaafi gargaarsi akka isaan barbaachisu ibsa mirga namoomaa hunda - qabeessaan kan labse ta’uu yaadachuudhaan,

Maatiin hundee hawaasaafi miseensota isaatiif, keessumatti ammoo guddinaafi nageenya daa’immaniif hundee ykn bu’uura uumamaa waan ta’eef, itti-gaafatamummaan hawaasa keessatti qabu haala quubsaa ta’een ba’uu akka danda’uuf, deggarsaafi eegumsa barbaachisaan godhamuufii akka qabu amanuudhaan,

Daa’imichi, guddinni namummaa isaa guutuu fi qabbana ykn nagaa qabeessa akka ta’uuf, maatii keessatti gammachuudhaan, jaalalaa fi haala wal-hubannaa mul’isu keessatti guddachuu akka isa barbaachisu hubachuudhaan,

Daa’imichi hawaasicha keessatti jireenya dhuunfaa isaa of danda’ee gaggeeffachuu akka danda’uuf, haala gaariin qophaa’uun waan isarra jiraatuuf, yaadota bu’uraa Chaartarii Mootummoota Gamtoomanii irratti labsameetti, keessumatti ilaalcha nagaa, kabajaa, waldanda’uu, bilisummaa, walqixxummaafi wal-ta’umsaatiin guutamee akka guddatu gochuun barbaachisaa ta’uu isaa hubachuudhaan,

Daa’immaniif kunuunsa addaa gochuun barbaachisummaan isaa Ibsa Mirgoota Daa’immanii Jeneevaa kan bara 1924ttiifi Yaa’iin Waliigalaa Sadaasa 20 bara 1959 ibsa mirgoota daa’immanii fudhate irratti ibsamuun isaafi ibsa mirgoota namoomaa hunda qabeessa, Waadaa Mirgoota Civiiliifi Siyaasaa Idil-addunyaa (keessumatti keewwata 10) fi nageenya daa’immanii kan isaan ilaallatu danbiiwwaniifi sanadoota

seera-qabeeyyii dhaabbileen garaagaraafi dhaabbilee idil-addunyaatiin beekamummaa kan argate ta'uu yaadachuudhaan,

Ibsa Mirgoota Daa'immanii irratti bu'ura argisiifameetti, daa'imni tokko qaamaafi sammuudhaan kan hinbilchaanne sababa ta'eef, eegumsa seeraa barbaachisaa ta'e argachuu dabalatee, dhalachuu isaa duras ta'e erga dhalatee booda, of eeggannoon addaafi kunuunsi akka isa barbaachisu yaadachuudhaan,

Ibsa qajeelfamoota hawaasummaafi seeraa waa'ee nageenya eegumsaafi kunuunsa daa'immanii, keessumatti sadarkaa biyyaalessaafi idil-addunyaatti labsiiwwan daa'imman dhaabbilee guddisaaf haala itti kennamaniifi daa'ima guddifachaa haala itti ta'an, Danboota Bulchiinsa Haqaa Dargaggoowwan Balleessitootaa Mootummoota Gamtoomanii(Dambiiwwan Beejiingi) fi yeroo lubbamaa yeroo waraanaa waa'ee eegumsa dubartootaafi daa'immaniif taasifamuu ibsa ba'e yaadachuudhaan,

Biyyoota hunda keessattiyyuu, daa'imman haala rakkisaa keessa jiraatan jiraachuu isaaniifi daa'imman kunis xiyyeeffannoon addaa akka isaan barbaachisu beekuudhaan,

Barmaatileefi aadaan tokko tokko ummataa eegumsaafi guddinni sirreeffamaan daa'immanii faayidaa inni qabu tilmaama keessa galchuudhaan,
Tokkoo tokkoo biyyaatti, keessumatti biyyoota misoomaan guddataa jiranitti, haala jireenya daa'immanii fooyyessuuf wal-deggarsi idil-addunyaa faayidaa inni argamsiisu hubachuudhaan,..
Akka kanatti aanee argamutti waliigalaniiru.

KUTAA TOKKO
KEEWWATA – 1

Seera daa'imman ilaalu irratti umriin gaa'elaaf itti qaqqaban kanaa gadi yoo ta'e malee, Waadaa kanaan "Daa'ima" jechuun, nama umriin isaa waggaa 18 gadi ta'e kamiyyuu jechuudha.

KEEWWATA – 2

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'ima biyya isaanii keessa jiraatan hundi sababa sanyii, bifa, koroniyaa, qooqa, amantii, siyaasa ykn ilaalcha kanbiraa, saba, gosa, ykn madda hawaasaa, qabeenyaa, hir'ina qaamaa, dhaloota ykn haala kanbiroo isaa, kan warra isaa ykn kan guddiftuun isaa garaagartummaan tokkollee utuu irratti hingodhamin, mirgoota Waadaa kana keessatti tarreeffaman kabajuufiifi mirkaneessuufiif waliigalaniiru.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, haala daa'ima isa kamiiyyuu, ykn haala guddiftuun isaa ykn haala miseensota maatiiwwan isaatiin, ykn sochii hojiitiin, ykn yaada kennameen, ykn sababa amantiitiin, loogiin bifa kamiyyuu akka irratti hingodhamne, ykn adabni akka irratti hinraawwatamne mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda fudhachuu qabu.

KEEWWATA – 3

1. Dhaabbilee mootummaa ykn nageenya hawaasaa dhuunfaatiin, manneen murtiitiin, abbootii taayitaa bulchiinsaatiin, ykn qaamolee seera tumaniin, tarkaanfiin daa'imman ilaalu kamiyyuu wayita fudhatamu haalli faayidaa daa'immanii itti eegamu hundarra dhimma dursi kennamuuf ta'a.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirgootaafi dirqamoota warraa(maatii), guddiftuuwwan isaa ykn namoota biroo seeraan

itti-gaafatamummaan kennameefii, tilmaama keessa galchuudhaan, eegumsaafi of eeggannoo nageenya daa'immaniitiif barbaachisu hundi godhamuu isaa mirkaneessuuf, kanaafis tarkaanfiiwwan seeraafi bulchiinsaa fudhachuuf waliigalaniiru.

3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dhaabbileen kunuunsaafi eegumsa daa'immaniif itti-gaafatamummaa qabaniifi dhaabbileen tajaajila kennan, sadarkaalee ittisa balaa, eegumsa fayyaa, baay'inaafi qulqullina humna namaa, akkasumas to'annoo ilaalan eegamuu isaanii ni mirkaneessu.

KEEWWATA – 4

Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirgoota Waadaa kanaan beekamummaa argatan hojiirra oolchuuf tarkaanfiiwwan seeraa, bulchiinsaafi kanneen biroo barbaachisoo ta'an hunda ni fudhatu. Mirgoota dinagdee, hawaasummaafi aadaa haala ilaaluun tarkaanfiiwwan biyyoonni Waadaa kana seenan fudhatan sadarkaa humni qabeenyaa biyya isaanii eyyamuufi barbaachisaa ta'ee yeroo argamus wal deggarsa idil-addunyaatiin gargaaramuun ta'a.

KEEWWATA – 5

Biyyoonni Waadaa kana seenan, warri daa'imaa, akka barbaachisummaa isaatti firoottan daa'imichaa firootaa, ykn aadaan naannoo kan eyyamu yoo ta'es hawaasichi, guddiftuun, ykn namoonni biroon daa'imicha guddisuuf itti-gaafatamummaan kennameef, daa'imichi mirgoota Waadaa kanaan beekamaniin yeroo fayyadamu, qajeelfama dandeettii isaa waliin wal simatu haala kennuufi to'achuutiin itti-gaafatamummaa, mirgaafi dirqama jiru ni kabaju.

KEEWWATA – 6

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imni kamiyyuu lubuudhaan jiraachuuf mirga uumamaa akka qabu ni beeku.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, tarkaanfii humni danda'e hunda fudhachuudhaan, lubbuun jiraachuufi guddachuu daa'immanii ni mirkaneessu.

KEEWWATA – 7

1. Daa'imni kamiyyuu, akka dhalatee ni galmeeffama. Erga dhalatee jalqabees maqaafi lammummaa argachuuf, haadhaafi abbaa isaa beekuufi warra isaa irraa kunuunsa argachuuf mirga qaba.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, keessumatti daa'imichi kan biyya hinqabne akka hintaaneef, bu'ura seera biyyaalessaa isaaniitti, akkasumas sanadoota idil-addunyaa waa'een dhimma kanaa isaan ilaallatuun dirqamoota isaanirra kaa'ame kabajuudhaan mirgoonni kun hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessu.

KEEWWATA – 8

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imichi keessa seenuun seeraan ala ta'e utuu isarratti hinraawwatamin, lammummaa isaa seeraan mirkanaa'e, maqaa isaafi walitti-dhufeenya maatii isaa dabalatee, eenyummaa isaa eeguuf mirga inni qabu ni kabaju.
2. Daa'michi mallattoowwan eenyummaa isaa keessaa tokko ykn hunda isaa akka dhabu kan taasifame yammuu ta'u, eenyummaan isaa haala guutuu ta'een deebi'ee hatattamaan akka mirkanaa'uuf, biyyoonni Waadaa kana seenan eegumsaafi gargaarsa barbaachisaa ta'e ni godhu.

KEEWWATA – 9

1. Dhimmichi haala gara mana murtiitti deebi'ee ilaalamuu danda'uun, abbootiin taayitaa dandeettii qaban bu'ura seeraafi naamusa dhimmichaatti faayidaa daa'imichaaf jedhamee daa'imichi warra isaa irraa adda ba'ee akka jiraatu yoo murteessan malee, daa'imni kamiyyuu eyyama warra isaatiin ala maatii isaarraa akka adda hinbaane biyyoonni Waadaa kana seenan ni mirkaneessu. Daa'imichi warra isaarraa adda ba'ee akka jiraatuufi iddoo kam jiraachuu akka qabu murteessuun kan barbaachisu, warri isaa daa'imicha irratti miidhaa wayita raawwatan, ykn wayita daantaa dhabaniif, ykn adda adda yeroo jiraatan ta'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1, jalatti bu'ura caqasameen yeroo dhimmichi ilaalamaa jiru qaamoleen nu galcha jedhan hundi akka irratti hirmaatanii yaada isaanii dhiyeessaniif carraan ni kennamaaf.
3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, faayidaafi nageenya daa'imichaaf faallaa ta'ee yoo argame malee daa'ima haadhaafi abbaa isaa keessaa isa tokkorraa ykn lamaan isaanii irraa adda ba'eef, yeroo yerootti warra isa waliin dhuunfaattiifi kallattiidhaan wal qunnamuuf mirga inni qabu ni kabajuuf.
4. Daa'imichi haadhaafi abbaa isaa irraa kan adda ba'e biyyi Waadaa seene tarkaanfii fudhateen yoo ta'e, fakkeenyaaf, haadhaafi abbaa isaa keessaa namni tokko, ykn lamanuu, ykn daa'imichi sababa hidhameef ykn sababa mana sirreessaa seeneef, sababa biyyaa baqateef, sababa biyyaa ari'ameef ykn du'eef (mana hidhaatti sababa kamiiniyyuu du'a isa qunnamuu danda'u dabalatee), daa'imichaaf, ykn kan isa ilaallatu yammuu ta'us miseensa maatichaa kan biroof, miseensi maatii tarkaanfiin irratti fudhatamee iddoo jiru haala ilaaluun odeeffannoo kennuun nageenya daa'imichaa balaarra kan buusu yoo ta'e malee,

biyyichi Waadaa seene warri daa'imichaa yammuu gaaffii dhiyeessaniif haadhaafi abbaaf odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an ni kenna. Kanarratti dabalees, biyyoonni Waadaa kana seenan gaaffii akkasii dhiyeessuuniyyuu namoota dhimmichi isaan ilaallatu irratti rakkoo kan hin-uumne ta'uu mirkaneessu.

KEEWWATA – 10

1. Bu'uura dirqamoota biyyoota Waadaa kana seenanii isa keewwata 9 keewwata xiqqaa 1 irratti caqasamaniitti, daa'imni tokko gara biyya Waadaa kana gale seenee, ykn keessaa ba'ee warra isatti akka makamu daa'imichi ykn haadhaafi abbaan isaa yammuu iyyannoo dhiyeessan, dhimmichi yaada qajeelaafi gara-laafinaan ilaalamee hatattamaan tarkaanfiin fudhatama. Kanarrattis dabalee, biyyoonni Waadaa kana seenan gaaffii akkasii dhiyeessuun iyyattootaafi maatiiwwan isaanii irratti rakkoo tokkollee kan hin-uumne ta'uu ni mirkaneessu.
2. Haalli adda ta'e yoo qunname malee, daa'imni haadhaafi abbaan isaa biyyoota garaagaraa jiraatan, haadhaafi abbaa isaa waliin yeroo yerootti dhuunfaaniifi kallattiidhaan wal qunnamuuf mirga qaba. Keewwata 9 keewwata xiqqaa 1, jalatti kan ibsame dirqama biyyoota Waadaa kana seenanii bu'ura taasisuun, mirga kana hojiirra oolchuuf, biyyoonni Waadaa kana seenan daa'imichiifi warri isaa, biyya mataa isaanii dabalatee, biyya isa kam keessaayyuu ba'uufi gara biyya isaaniitti galuuf mirga isaan qaban ni kabajuuf. Biyya isa kamiiyyuu keessaa ba'uun daangeffamuu kan danda'u, haala dursee labsameefi nageenya biyyaalessaa, tasgabbii, fayyaafi naamusa gaarii ummataa, ykn mirgootaafi bilisummootaa, warra biroo kabajsiisuuf barbaachisoo kan ta'aniifi mirgoota biroo Waadaa kana keessattis ibsaman waliin haala wal ta'umsa qabu qofaan ta'a.

KEEWWATA – 11

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman karaa seeraan alaa biyyaa baasuufi gara biyya isaaniitti akka isaan hindeebine ittisuu hambisuuf tarkaanfiiwwan ni fudhatu.
2. Kaayoo kanaafis, biyyoonni Waadaa kana seenan qaamolee Waadaa taasian lama ykn baay'ee isaanii ammatan akka mallatteeffaman; ykn Waadaawwan duraan turan fudhatama akka argataniif ni jajjabeessu.

KEEWWATA – 12

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imni yaada isaa ibsachuuf dandeettii qabu kamiyyuu dhimma isa ilaallatu hundatti yaada isaa bilisaan ibsuuf mirga inni qabu ni mirkaneessu. Yaadi daa'imichi dhiyeessus, haalli umrii isaafi bilchina sammuu isaa ilaalamee fudhatamni cimina qabu ni kennamaaf.
2. Kaayoo kanaaf jedhamee, keessumatti dhimmi daa'imicha ilaallatu abbaa seeraan ykn qaama bulchiinsaatiin wayita ilaalamu, seera deemsa falmii biyyattii waliin haala wal simatuun mataan isaa of danda'ee, ykn karaa bakka bu'aa isaatiin, ykn qaama seeraan fudhatama qabuutiin akka dhaga'u carraan ni kennamaaf.

KEEWWATA – 13

1. Daa'imichi yaada isaa ibsachuuf mirga ni qaba. Mirgi kunis daangaalee biyyootaatiin utuu hindaangeffamin odeeffannoowwaniifi yaadota hunda, jechaan, Barreeffamaan, ykn maxxansaan, ykn bifa ogummaa artiitiin, ykn haalota qunnamtii kan biroo daa'imichi filateen, gaaffii dhiyeessuuf, fudhachuufi dabarsuuf mirga qabu ni dabalata.

2. Itti-fayyadama mirga kanaa irratti daangaan tokko tokko kaayyamuu ni danda'u. Haa ta'u malee, daangessuun kun duratti seeraan kan labsamanii fi,
    a. Mirgaafi maqaa gaarii namoota biroo eeguuf, ykn
    b. Nageenya biyyattii ykn nageenya ykn fayyaa ummataa, ykn hamilee eeguuf kan barbaachisan qofa ta'u.

KEEWWATA – 14

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, bilisummaa yaadaa, sammuufi amantii daa'imichaa ni kabaju.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, haadhaafi abbaan, ykn yeroo barbaachisaa ta'etti, daa'immaniifi haala guddina isaanii waliin wal gituun waa'ee itti-fayyadama mirga isaanii ilaalchisuun qajeelfama kennuuf mirgaafi itti-gaafatamummaa isaan qaban ni kabaju.
3. Amantiifi dhugeeffannaa ibsuudhaan daangessoonni walabummaa irratti taasifaman kanneen seeraan labsamaniifi nageenya tasgabbii, fayyaa, ykn hamilee ummataa, ykn mirgoota bu'uraafi walabummoota warra biroo kabajsiisuuf barbaachisoo kanneen ta'an qofadha.

KEEWWATA – 15

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman waldaan gurmaa'uuf walga'ii nagayaa gochuuf mirga kan qaban ta'uu ni mirkaneessu.
2. Hawaasa demokraatawaa keessatti nageenya biyyaalessaa, nageenya ummataa, ykn tasgabbii, ykn naamusa gaarii ykn mirgootaafi walabummoota namoota biroo eeguuf barbaachisoo ta'aniifi haala seera waliin wal-ta'umsa qabuun kanneen labsaman malee, itti-fayyadama mirgoota kanaa irratti daangessuun kamiyyuu hingodhamu.

KEEWWATA – 16

1. Daa'imni kamiyyuu jireenya dhuunfaa isaa, kan haadhaafi abbaa isaa, mana jireenyaa isaa, ykn xalayaa namoota waliin waliif barreessan keessa seeraan ala gidduu-seenuun dhorkaadha Kabajaafi maqaa gaariin inni qabus haala seeraan ala ta'een hintuqamu.
2. Daa'imicha irratti gidduu-seenuufi tuqaatiin kana fakkaatu akka hinraawwatamne eegumsa seeraa argachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 17

Biyyoonni Waadaa kana seenan, meeshaalee sab-qunnamtii hojii faayidaa-qabeessa akka hojjetan hubachuudhaan, daa'imicha keessumatti nageenya ilaalchaafi hamilee isaa, fayyummaa qaamaafi sammuu isaa, eeguuf kan gargaaran odeeffannoowwaniifi meeshaalee madda biyyaalessaafi idil-addunyaa garaagaraa irraa argachuu danda'uu isaa ni mirkaneeffatu. Biyyoonni Waadaa kana seenan haala kana hojiirra oolchuufis,

a. Bu'uura keewwata 29tti, meeshaleen sab-qunnamtii odeeffannoowwaniifi meeshaalee aadaa waliin-jireenya daa'immaniif faayidaa qaban akka tamsaasaan ni jajjabeeffamu.
b. Odeeffannoofi meeshaalee warra kanaas, maddoota aadaa, biyyaalessaafi idil-addunyaa irraa baay'ifamee ba'uu, wal-geddaruufi akka tamsa'u gochuu ilaalchisuun wal-gargaarsi idil-addunyaa akka jiraatan ni jajjabeeffamu.
c. Kitaabonni daa'immanii akka barreeffamanii fi baay'ifamanii akka raabsaman ni jajjabeeffamu.

d. Meeshaaleen sab-qunnamtii garee saba xiqqaaf, ykn daa'imman naannawatti dhalataniif, fedha afaanii isaan qabaniif xiyyeeffannaan addaa akka kennamu ni jajjabeeffamu.
e. Isa keewwattoota 13 fi 18 jalatti labsame hubachuudhaan, daa'imman odeeffannoofi meeshaalee nageenya isaanii irratti hubaatii qaqqabsiisan irraa eeguuf qajeelfamoonni barbaachisoo ta'an akka ba'an ni jajjabeeffamu.

KEEWWATA – 18

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, qajeelfamni warri daa'immanii lamaanuu haala daa'imichi itti qabamuufi itti guddifamu ilaalchisuun itti-gaafatamummaa walii wajjinii ni qabaatu jedhu fudhatama argachuu isaa mirkaneessuuf waan isaaniif danda'ame mara ni raawwatu. Haala daa'imichi itti qabamuufi itti guddatu irratti haadhaafi abbaan, ykn akka haala isaatti guddiftuun eenyuun caalattiyyuu itti-gaafatamummaa kan qaban yammuu ta'u, xiyyeeffannaan isaanii inni guddaanis, faayidaafi nageenya daa'imichaa ta'a.
2. Mirgoota daa'immanii Waadaa kana keessatti ibsaman mirkaneessuuf, jajjabeessuufi itti-gaafatamummaa daa'imman guddisuuf qaban akka ba'an taasisuuf, biyyoonni Waadaa kana seenan haadhaafi abbaa daa'immaniifi warra seeraan guddiftoota ta'aniif gargaarsa barbaachisaa ni godhu. Jaarmiyaaleen, dhaabbattoonniifi tajaajiloonni daa'immaniif kunuunsa godhan hundeeffamuu isaaniis ni mirkaneessu.
3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman haadhaafi abbaan isaanii hojjettoota ta'an, tajaajilootaafi dhaabbilee kunuunsa daa'immaniif ramadamaniitti fayyadamuuf mirga isaan qaban mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda ni fudhatu.

KEEWWATA – 19

1. Daa'imichi haadhaa fi abbaa isaa, ykn kan seeraan isa bulchu, ykn nama kanbiraa kamiyyuu bira yammuu jiraatu, gadi-qabaan qaamaafi sammuu, miidhaan, daantaa dhabuun, hirraanfatamuun ykn dagatamuun miidhaa of-eeggannoo dhabuu irraa maddu, garjabeenya, dhamaasisuun, ykn humna isaa saamuun, miidhaa saalqunnamtiin akka hin miidhamne, biyyoonni Waadaa kana seenan tarkaanfiiwwan seeraa labsuu, tarkaanfii bulchiisaa, hawaasummaa fi barnootaa ta'an ni fudhatu.
2. Tarkaanfiiwwan eegumsaa kana fakkaatan, akka barbaachisummaa isaatti namoota daa'imicha kunuunsaniif deggarsa kan kennan sagantaalee jireenya hawaasummaa diriirsuuf, akkasumas haalonni qabiinsa daa'immaniif fokkisoo ta'an, akka kanneen armaan olitti ibsamanii wayita mul'atan eenyummaa ifa baasuuf, gabaasa dhiyeessuuf, qaama dhimmichi isa ilaallatuuf qajeelchuuf, qorachuuf, yaala gochuuf, hordofuufi akka barbaachisummaa isaatti manni murtii gidduu akka seenu taasisuu kan dandeessisan haalota qabatamoo of keessatti ni qabatu.

KEEWWATA – 20

1. Daa'immni yeroodhaaf ykn guutummaatti haadhaafi abbaa isaa irraa adda ba'e, ykn daa'ima faayidaa mataa isaaf jedhamee warra isaarraa adda akka ba'u taasifameef, mootummaan eegumsa addaafi gargaarsa ni godha.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, bu'ura seerota biyyaalessaa isaaniitti, daa'ima akka kanaatiif, kunuunsi kanbiraan filmaataaf ta'u qophaa'uu isaa ni mirkaneessu.
3. Kunuunsi akkasii, oolmaa daa'immanii, akka amantii Islaamaatti kaffaalah gochuu, guddifachaa kennuu, ykn wayita barbaachisaa

ta’u dhaabbata daa’imman guddisu gaarii ta’etti kennuufi kanneen biroo kana fakkaatan dabaluu ni danda’a. Furmaatonni wayita xiinxalaman, hojiin daa’imicha guddisuu akka itti-fufu gochuuf barbaachisummaan jiru hundee amantii, aadaafi afaan gosa daa’imichaaf ilaalcha guddaa ni kenna.

KEEWWATA – 21

Biyyoonni Waadaa kana seenan kanneen haala sirna guddifachaa beekan ykn eyyaman, hunda caalaatti faayidaa daa’imichaaf dursi kennamuu isaa mirkaneessu. Bu’ura kanaan biyyoonni kun:

a. Daa’imichi guddifachaaf kan kenname abbootii taayitaa kana gochuuf aangoo qabaniin ta’uu, abbootiin taayitaa kunis seeraafi deemsa seeraa kana eyyamuun, akkasumas odeeffannoo barbaachisaa ta’e kamiyyuu irratti hundaa’uun haalli haadhaafi abbaa daa’imichaa, firootaafi kanneen isa guddisan, daa’imichi guddifachaaf akka kennamu kan eyyamu ta’uu, murteessuu isaaniifi yommuu barbaachisaa ta’us, namoonni dhimmichi isaan ilaallatu bu’ura gorsa isaaniif kennameetti, guddifachaa kanaaf eyyama kennuu isaanii ni mirkaneessu.
b. Daa’imicha biyya isaa keessatti dhaabbata guddiftuu daa’immanii ykn maatii guddifachaan fudhatuuf kennuu ykn tooftaa gaarii ta’e kan biraan guddisuu yoo hindandeenye, biyya kan biraa keessatti, guddifachaan kennuu akka filmaata furmaataatti ni fudhatu.
c. Daa’imni biyya kanbiraa keessatti guddifachaaf kenname, guddifachaa biyya keessatti godhamu waliin eegumsaafi kunuunsi walqixa ta’e kan godhamuuf ta’uu ni mirkaneessu.
d. Biyya kanbiraatti guddifachaa kennuun, namoota hojii guddifachaa sana keessatti hirmaannaa qabaniif tooftaa ittiin seeraan ala maallaqa argatan akka hintaaneef tarkaanfiin barbaachisaa ta’e ni fudhatu.

e. Akka barbaachisummaa isaatti, biyyoota lama ykn baa'yee waliin waliigaltee gochuudhaan kaayoowwan keewwata kanaa ni tarkaanfachiisu. Hojii daa'imicha biyya kanbiraaf guddifachaa kennuu abbootii taayitaa ykn qaamolee isaan ilaallatuun raawwatamuu isaa mirkaneessuuf tattaaffii ni godhu.

KEEWWATA – 22

1. Daa'imni biyyoota Waadaa kana seenan da'oo gaafatu, ykn bu'ura seeraafi deemsa seeraa idil-addunyaa ykn biyyaalessaa fudhatama qabuuutti, daa'imni kooluu galaa ta'uun isaa beekame qofaa isaa, haadhaafi abbaa isaa ykn namoota kan biroo waliin ta'us Waadaa kanaafi biyyoonni caqasaman kan irratti Waadaa kana seenan mirgoonni namoomaafi dokmantoonni namoomaa idil-addunyaa kanneen biroo keessatti mirgoota barbaachisoo labsamanitti akka fayyadamuuf gargaarsaafi eegumsa namoomaa barbaachisoo ta'an ni fudhatu.
2. Kanaafis, biyyoonni Waadaa kana seenan barbaachisaa ta'ee wayita argan, Mootummoonni Gamtoomaniifi biyyoonni dhaabbilee mootummummaa aango-qabeeyyii gidduu isaaniitti uummatan ykn Mootummoota Gamtoomaniif deggarsa kan gumaachan dhaabbileen miti-mootummaa, daa'ima akka kanaatiif eegumsaafi gargaarsa gochuuf, akkasumas daa'ima koolu galaa ta'e kamiiniyyuu deebisanii warra isaa waliin walqunnamsiisuuf kan gargaaran odeeffannoowwan walitti qabuufi haadhaafi abbaa isaa ykn miseensota maatii isaa kanneen biroo iyyaafachuuf tattaaffii godhan irratti deggarsa ni godhuuf. Haadhaafi abbaa isaa ykn miseensota maatii isaa kanneen biroo argachuun yeroo itti hindanda'amne, bu'ura Waadaa kanaan labsameetti, daa'imichi sababa kamiiniyyuu yeroodhaaf ykn yeroo daangaa hinqabneef,

daa'ima kanbiraa maatii isaa dhabeef eegumsa taasifamuun walfakkaataa ta'e isa kanaafi ni godhama.

KEEWWATA – 23

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imni miidhama qaamaafi dhibee sammuu qabu, haala kabaja namoomaa inni qabu mirkaneessuuf, haala mataa ofii isaatti amanuu cimsuuf, akkasumas hawaasa keessatti dammaqinsaan hirmaannaa akka qabaatuuf haala mijeessuufiin, jireenya guutuufi gaarii jiraachuun akka isaarra jiraatu ni hubatu.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imni miidhama sammuufi qaamaa qabu, egumsa of eeggannoo addaa qabu argachuuf mirga inni qabu ni beeku. Hanga humni qabeenyaa isaanii eyyameettis, gaaffiin wayita dhiyaatu, daa'imichaafi namoota isa kunuunsuuf itti-gaafatamummaa qabaniif, daa'imichiifi haadhaafi abbaan isaa, ykn namoonni daa'imichaaf kunuunsa godhan haala irratti argaman waliin gargaarsi wal-simatu kennamuun isaa ni mirkaneessu.
3. Daa'ima miidhama qaamaa ykn sammuu qabu fedhii addaa inni qabu hubachuudhaan, bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsameen gargaarsi godhamu human maallaqaa haadhaafi abbaa isaa ykn warra daa'imicha bulchanii tilmaama keessa galchuudhaan, hanga danda'ametti kafaltii malee bilisaan kan kennamuufi dandeettii daa'imichaa guddisuuf, hawaasatti haala daran ol'aanaa ta'een makamee akka jiraatu dandeessisuufi guddinni aadaafi amantii isaa guutuu akka ta'u taasisuuf, tajaajila barnootaa, leenjii, fayyaafi haaromsaa mija'aa argachuu isaa mirkaneessuuf kan karoorfame ta'uu qaba.
4. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman miidhamtoota qaamaa ykn sammuu ta'an haala ilaaluun, gama yaalaatiin, fala ittisa dhukkubaa, waa'ee wal'aana qaamaa, xinsammuufi yaalii

qaamarratti miidhaa hin qaqqabsiifne gochuu ilaalchisee waljijjiirraa odeeffannoo ilaalcha wal-deggarsa idil-addunyaatiin ni jajjabeessu. Kunis, biyyoonni Waadaa kana seenan gama kanaan dandeettiifi ogummaa qaban fooyyessuufi muuxannoo bal'isuuf kanneen gargaaran odeeffannoowwan tooftaalee haaromsaa, tajaajiloota barnootaafi leenjii ogummaa tamsaasuufi argachuu ni dabalata. Gama kanaan, biyyoonni misoomaa jiran fedhii isaan qabaniif tilmaamni addaa ni kennama.

KEEWWATA – 24

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman kunuunsa fayyaa sadarkaa ol'aanaa irratti argamuu argachuu fi tajaajila yaalaafi haaromsaa irraa fayyadamoo ta'uuf mirga isaan qaban ni hubatu. Biyyoonni Waadaa kana seenan daa'imni kamiyyuu tajaajiloota fayyaa kanneen akkasii argachuuf mirgi inni qabu akka hindhorkamne mirkaneessuuf tattaaffiin ni taasifama.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirgi kun guutummaan hojiirra ooluu isaa ni hordofu. Keessumatti ammo:
   a. Du'a daa'imman reef dhalataniifi daa'immanii hamma isaa gadi xiqqeessuuf,
   b. Guddina kunuunsa bu'ura fayyaatiif dursa kennuudhaan, daa'imman hundaaf tajaajiloonni yaalaafi fayyaa kennamuu isaa mirkaneessuuf,
   c. Xuraa'inni naannoo balaafi gaaga'ina inni fayyaa irratti fidu tilmaama keessa galchuudhaan, karaa caasaa kunuunsa bu'ura fayyaa bishaan qulqulluu dhugaatiifi nyaata qaama ijaaran dhiyeessuufi akkasumas teeknolojii salphaatti argamuutti fayyadamuun dhukkubaafi hanqina nyaata ijaaruu ittisuuf,

d. Haadholii of eeggannoowwan barbaachisoo da'umsa duraafi tajaajila fayyaa da'umsa boodaa argachuu isaanii mirkaneessuuf,
e. Kutaan hawaasaa kamiyyuu, keessumatti haadhaafi abbaafi daa'imman waa'ee fayyaafi akkaataa nyaachisuu daa'immanii, faayidaa harma hoosisuun qabu, waa'ee qulqullina dhuunfaafi naannoo, akkasumas odeeffannoo waa'ee ittisa balaa akka argatan, akka barataniifi beekumsa bu'uraa argatanitti akka fayyadamaniif deggarsi barbaachisu godhamuu isaa mirkaneessuuf,
f. Tooftaa dhukkuba ittisuuf eegumsa fayyaa fooyyessuuf, barnoonniifi tajaajilli qusannaa maatii maatiiwwaniif akka babal'atu taasisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an ni fudhatu.

3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, barmaatilee fayyaa daa'immaniif miidhaa qaban maqsuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoofi bu'aa buusuu danda'an ni fudhatu.
4. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirga keewwata kana keessatti ibsame guutummaatti sadarkaa sadarkaan hojiirra oolchuun akka danda'muuf wal-gargaarsa idil-addunyaa ni jajjabeessu. Gama kanaan, fedhiiwwan biyyoota misoomuurra jiraniif tilmaamni addaa ni kennama.

KEEWWATA - 25

Biyyoonni Waadaa kana seenan, of-eeggannoo qaamaa ykn sammuu, daa'imni eegumsa ykn gargaarsi yaalaa akka godhamuufiif murtii qaama aangoo qabuun iddoo murtaa'e tokko akka taa'u taasifame, gargaarsi yaalaa inni argatuufi haalonni akka inni iddoo murtaa'e taa'u itti taasifame yeroo yerootti akka qoratamuuf taasisuuf mirga inni qabu ni beeku.

KEEWWATA - 26

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, tokkoo tokkoon daa'imaa wabummaa jireenya gamtaa dabalatee wabummaa inshuraansii gamtaatti fayyadamuuf mirga inni qabu ni beeku. Mirga kana guutummaatti hojiirra oolchuuf, tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'anis bu'ura seera biyya isaaniitti ni fudhatu.
2. Faayidaaleen kun kan kennamuu qaban, akka barbaachisummaa isaaniitti, namoota daa'imicha guddisuuf itti-gaafatamummaan isaanirra jiraatu haala jireenyaafi qabeenyaa isaanii, akkasumas iyyata faayidaan akka kennamuuf daa'imichaan ykn maqaa isaatiin dhiyaateef dhimmoota seera-qabeeyyii ta'an kanbiroo tilmaama keessa galchuudhaan ta'a.

KEEWWATA – 27

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, tokkoo tokkoon daa'imaa guddinni isaa qaamaan, sammuun, amantiin, yaadaan, jireenya gamtaan, sadarkaa jireenyaa hanqina hinqabne argachuuf mirga inni qabu ni beeku.
2. Haadhaafi abbaan ykn daa'imicha guddisuuf itti-gaafatamummaa kan qaban namoonni kanbiroon, humni maallaqaafi dandeettiin isaanii hanga eyyametti, haalota jireenyaa guddina isaaf barbaachisoo ta'an mijeessuufiif sadarkaa jalqabaatti itti-gaafatamummaa qabu.
3. Haadhaafi abbaafi namoonni kanbiroon daa'imichaaf itti-gaafatamummaa qaban, mirga kana akka hojiirra oolchaniif gargaaruuf, biyyoonni Waadaa kana seenan akka haalota biyyoota isaanii fi qabeenya isaaniitti tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhatu. Keessumatti gama midhaan nyaataan, uffannaafi

iddoo jireenyaatiin, fedhiin wayita jiraatu, deggarsa meeshaalee ni kennu. Sagantaalee gargaarsaas ni qopheessu.

4. Haadhaafi abbaa isaa ykn daa'immicha maallaqaan gargaaruuf dirqama kan qaban namoonni biroon biyyoota Waadaa kana seenan keessa ykn biyya alaa jiraatan irraa daa'imichaaf nyaata argamsiisuuf, biyyoonni Waadaa kana seenan tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an hunda ni fudhatu. Keessumatti, maallaqa daa'imichi ittiin guddifamu kennuuf namni itti-gaafatamummaa qabu biyya daa'imichi keessa jiraatuun ala kan jiraatu yoo ta'e, biyyoonni Waadaa kana seenan, waliigalteewwan idil-addunyaa gocha kanaaf tajaajilan fudhannaa akka argatan ykn waliigalteewwan haarawoon akka godhaman ykn tarkaanfiiwwan biro barbaachisoo ta'an akk fudhataman ni jajjabeessu.

KEEWWATA – 28

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirga daa'imman barachuuf qaban ni beeku. Yaada mirga kana sadarkaa-sadarkaadhaan hojiirra oolchuu fi mirga kana hundaafuu walqixa kennuu jedhurratti hundaa'uudhaan:
   a. Barumsi sadarkaa tokkoffaa dirqama akka ta'uufi hundaafuu kafaltii irraa bilisaan akka kennamu ni taasisu.
   b. Barumsa waliigalaa fi barumsa ogummaa dabalatee, barumsi sadarkaa lammaffaa gosa addaddaa akka babal'atan ni jajjabeessu; barnoonni kunis tokko tokkoo daa'imaaf akka ga'an tarkaanfiiwwan barbaachisoo kan akka barumsa kafaltii irraa bilisaa ta'e kennuu fi barattoota hiyyeeyyii ta'aniif gargaarsa maallaqaa gochuu fakkaatan ni fudhatu.
   c. Karaa fudhatamaa ta'e kamiiniyyuu, dandeettii bu'ura taasisuun, barumsi sadarkaa ol'aanaa hundaaf akka qaqqabu ni taasisu.

d. Deggarsi gorsaa fi odeeffannoon barumsaa fi ogummaa daa'imman hundaaf akka ga'an ni godhu.
e. Barattoonni barumsarratti idileedhaan akka argamanii fi lakkoofsi barattoota barnoota utuu hin xumuriin irraa citan xiqqataa akka deemu gochuuf tarkaanfiiwwan ni fudhatu.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, naamusa mana barumsaa eeguun kabaja namoomaa daa'immaniifi Waadaa kana waliin haala wal simatuun qajeelfamuu isaa mirkaneessuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e hunda ni fudhatu.
3. Biyyoonni Waadaa kana seenan dhimmoota barnoota ilaallatan irratti, keessumatti wallaalummaafi doofummaa addunyaa irraa balleessuuf gumaacha gochuuf, tooftaa saayinsawaan, beekumsi teeknikaafi tooftaan barumsi ammayyaa ittiin kennaman hundaaf akka qaqqaban haala mijeessuudhaaf walgargaarsi idil-addunyaa akka jiraatu, ni jajjabeeffamu. Gama kanaan, biyyoonni misoomaan guddataa jiran fedhiiwwan isaan qaban filmaanni addaa ni kennamaaf.

KEEWWATA – 29

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, barumsi daa'immaniif kennamu qixa kanatti aanee argisiifame akka qabatuuf waliigalaniiru.
   a. Namummaa, kennaa uumamaa, dandeettii sammuufi qaama daa'imichaa haala guutuu ta'een gabbisuuf,
   b. Mirgoota namoomaafi bilisummoota bu'uraa, akkasumas qajeelfamoota Chaartarii Mootummoota Gamtoomanii keessatti labsaman kabajuuf fedhii mul'atu cimsuu,
   c. Haadhaa fi abbaan aadaa, afaan, haalaa fi naamusa jireenyaa, haalotaa fi akkaataa jireenya biyyaalessaa biyya itti dhalatani, akkasumas qaroominoota kan mataa isaaniirraa adda ta'an kabajuuf fedhii jiru cimsuuf,

d. Ummattoonni hundi, gosoonni, saboonniifi gareewwan, akkasumas dhalattoota biyyattii kan ta'an hawaasni walaba ta'an bakka itti jiraatan keessa seenuudhaan, nagaan, wal danda'uun, walqixxummaa koroniyaa haala eegeefi haala michooma gaariin daa'imman jireenya itti-gaafatamummaa qabuuf qopheessuuf,
e. Fedhii naannoo uumamaa kabajuufi cimsuuf.

2. Qajeelfamoonniifi keewwata xiqqaa 1 kan keewwata kanaa jalatti labsamaniifi biyyoonni akkaata barumsi itti kennamu ilaalchisuun sadarkaaleen yeroo yerootti baasan akka eegamanitti ta'anii, kutaan keewwata kanaa ykn kan keewwata 28 kamiyyuu, namoonni dhuunfaa dhaabbattoota ykn jaarmiyaalee barnootaa hundeessuufi qajeelchuuf mirga qaban keessatti gidduu-seenuu akkaataa dandeessisuun taasifamee hiikni itti hinkennamu.

KEEWWATA – 30

Gosaalee lakkoofsi ummata isaanii xiqqaa ta'e, gareewwan afaanii ykn amantii ykn dhalattoonni biyyaa, biyyoota jiranitti daa'imni qaama garee namoota muraasa qabu kanaa ta'e, ykn daa'imni dhalataa biyyichaa ta'e, miseensota garee mataa isaatii waliin gamtaadhaan aadaa mataa isaa hordofuuf, amantii isaa ifa taasisuufi sirna isaa kabajuuf, akkasumas afaan isaatti fayyadamuuf mirgi inni qabu hindhorkamu.

KEEWWATA – 31

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman boqonnaa fudhachuuf, bashannanuuf, taphaafi bashannana sadarkaa umrii isaaniif ta'u irratti hirmaachuuf aadaafi artii waan ilaalurratti walaba ta'anii hirmaachuuf mirga isaan qaban ni beeku.

2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman sochiiwwan aadaafi artiirratti hirmaachuuf mirga isaan qaban kabajuufi deggaruudhaan sagantaalee aadaa, artiifi bashannanaa irratti mirgi guutummaa hirmaachuu hundaafuu haala walqixaafi qajeelaa ta'een akka wal ga'u ni jajjabeessu.

KEEWWATA – 32

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan daa'imicha saamicha diinagdeefi hojii balaaf saaxilu, ykn barumsa isaa kan gufachiisu, ykn fayyaa daa'imichaaf, ykn deemsa guddina qaamaa, sammuu, amantii, hamilee ykn jireenya hawaasummaa isaaf miidhaa qaburraa eegumsa argachuuf mirga kan qabu ta'uu isaa ni beeku.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, keewwati kun hojiirra ooluu isaa mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan seera baasuu ykn tumuu, bulchiinsaa, jireenya gamtaafi barnoota ilaallatan ni fudhatu. Kaayoo kanaafi sanadoota idil-addunyaa kanneen biroon labsiiwwan barbaachisoo labsaman tilmaama keessa galchuudhaan, biyyoonni Waadaa kana seenan keessumatti,
   a. Umrii mindeeffamaa isa xiqqaa ni murteessu.
   b. Danbii barbaachisaa yeroo hojiifi haala mindeeffamaa ilaallatu ni baasu.
   c. Keewwati kun sirriitti hojiirra ooluu isaa mirkaneessuuf adabbiiwwan barbaachisoo ykn tarkaanfiiwwan kanbiroo ni labusu.

KEEWWATA – 33

Biyyoonni Waadaa kana seenan bu'ura Waadaawwan idil-addunyaatiin hiiki itti kennameetti, daa'imman wantoota araada qabsiisaniifi sammuu hadoochaniin seeraan ala akka hinfayyadamne

taasisuuf, akkasumas namoonni daa'iman hojii wantoota kana oomishuu ykn raabsuu irratti akka hinbobbaafne ittisuuf tarkaanfiiwwan seeraa, bulchiinsaa, jireenya hawaasummaafi barumsa kennuu dabalatee, tarkaanfii barbaachisaa ta'e kaminiyyuu ni fudhatu.

KEEWWATA – 34

Biyyoonni Waadaa kana seenan, bifa kamiiniyyuu gochi miidhaa saalqunnamtii daa'imman irratti akka hinraawwatamne eegumsa gochuuf waliigalaniiru. Kaayoowwan kunneeniif jecha biyyoonni Waadaa kana seenan keessumatti:

a. Daa'imman saalqunnamtii seeraan alaa akka raawwataniif sossobuu ykn dirqisiisuu,
b. Daa'imman gocha sagaagalaa ykn hojii saalqunnamtii seeraan alaa kanbiroo irratti bobbaasuun bu'aa isaan gocha kana irraa argatan saamuu,
c. Daa'imman suuraalee fi fiilmiiwwan leeyyaasisoo saalquunnamtii agarsiisanfi meeshaaleewwan biroof itti fayyadamuun bu'aa dadhabbii isaanii saamuuf gocha raawwatamu ittisuuf sadarkaa biyyaalessaatti ykn wal ta'umsa biyyoota lamaaf ykn lamaa oliitiin tarkaanfiiwwan waldeggarsarratti hunda'an kamiiniyyuu ni fudhatu.

KEEWWATA – 35

Biyyoonni Waadaa kana seenan, kaayoo kamiiniyyuu ykn bifa kamiiniyyuu, gocha buttaa, gurguraa, ykn daldala daa'immanii ittisuuf sadarkaa biyyaalessaafi wal-deggarsa biyyoota lamaafi sanaan ol ta'anii irratti kanneen hunda'an tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an kamiiniyyuu ni fudhatu.

KEEWWATA – 36

Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imman gochoota saamichaa nageenya isaaniitiif miidhaa fidan kamirraayyuu ni eegu.

KEEWWATA – 37

Biyyoonni Waadaa kana seenan, kanneen armaan gaditti argaman kabajamuu isaanii ni mirkaneessu.

a. Daa'imni kamiyyuu, adabbii isa gidiruun, gara-jabinaan kan raawwatamuun, faalla namoomaa ta'een, kabaja namoomaa haala salphisuun, hin-adabamu. Namoonni umriin isaanii waggaa 18 gadi ta'e irratti yakkoota raawwataniif, adabbii du'aa ykn adabbiin hidhaa keessaa bahuu hinqabne kan umrii guutuu hinmurtaa'u.
b. Daa'imni kamiyyuu karaa seeraan ala ta'een ykn gocha daanfaa dhabiinsaan raawwatamuun walabummaan isaa hinhaqamu. Daa'imni tokko kan qabamu, kan to'annoo jala ooluu fi kan hidhamu bu'ura seeraatiin ta'a. Hidhaan isaas akka filmaata isa dhumaatti kan raawwatamuufi tilmaama sammuutiif gaarii ta'een yeroo gabaabaaf qofa kan turu ta'uu qaba.
c. Daa'imni akka walabummaa isaa dhabu taasifame kamiyyuu, fedhiiwwan umriin isaa barbaadu tilmaama keessa galchuudhaan, kabajaafi gara-laafina uumama dhala namaaf kennamuu qabuun qabamuutu isarra jiraata. Keessumatti, hidhamtoota biro gaa'ila gahan adda ba'uun daa'imichaaf kan hintolle yoo ta'e malee, da'imni akka walabummaa isaa dhabu taasifame kamiyyuu, hidhamtoota biro gaa'ila gahan akka adda ba'u taasifama. Haalonni addaa yoo qunnaman malees

dhaamsa wal jijjiiruufi do'annaadhaan maatii isaa waliin walitti-dhufeenya gochuuf mirgi inni qabu ni eegama.

d. Daa'imni walabummaa isaa akka dhabu taasifame kamiyyuu, karaa seeraafi qixa barbaachisaa seera-qabeessa ta'e kan biroon gargaarsa argachuufi mana murtii ykn abbaa taayitaa walabaafi adda ba'aa ta'e kan aangoo qabu bira dhiyaatee haalli inni itti walabummaa isaa akka dhabu taasifame seerummaa isaa gaafachuufi dhimmicha irrattis murtii ariifataa argachuuf mirga qaba.

KEEWWATA – 38

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, yeroo waraanaa seerotaafi danbiiwwan qabiinsa namoomaa idil-addunyaa daa'immaniif ta'aniifi raawwatamumma qaban ni kabaju. Kabajamuu isaaniis ni mirkaneessu.
2. Biyyoonni Waadaa kana seenan, namoonni umriin isaanii waggaa 15 gadi ta'e, waraana irratti kallattiin akka hinhirmaanne tarkaanfii isaaniif danda'ame hunda ni fudhatu.
3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, namoota umriin isaanii waggaa 15 hinguunne humnoota waraanaa isaanii keessatti filachuu irraa ni ittifamu. Umriin isaanii waggaa 15 fi 18 gidduu warra jiran yeroo filachuu, warra umrii gurguddaa qabaniif dursa kennuuf tattaaffii godhu.
4. Biyyoonni Waadaa kana seenan yeroo waraanaa nageenya ummata siviilii eeguuf bu'ura seera qabiinsa namoomaa idil-addunyaan dirqama isaanirra jiruutti daa'imman waraanni rakkoo isaanirratti uumeef, eegumsaafi of-eeggannoon taasifamuu isaa mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan isaaniif danda'ame hunda ni fudhatu.

KEEWWATA – 39

Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'ima dhabiinsa kunuunsaaf, saamichaaf, dhamaatiif, gidiraaf ykn adaba kabaja namoomaa salphisuuf, ykn daa'ima waraanaaf saaxilame miidhaa qaamaafi xinsammuu isaarra ga'e irraa fayyee gara hawaasaatti dhimmi makamuu isaa fayyaa daa'imichaaf kan toluufi ilaalcha mataa isaaf ulfina gaariifi kabaja jabaa inni ittiin ofiif kennu cimsuuf naannawa mija'aa ta'etti raawwatama.

KEEWWATA – 40

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa'imni seera adaba yakkaa cabseera jedhamee himatame, ykn cabsuun isaa kan beekame kamiyyuu qabiinsa waa'ee kabajaafi gatii mataa isaatiif bilchina ilaalchaa inni qabu waliin kan wal simatu, mirgoota namoomaafi walabummoota bu'uraa namoota kanbiroof kabaja kennuu kan cimsu, umrii isaa akkasumas hawaasichatti akka makamuufi hawaasa keessatti shoora gaarii akka qabaatuuf deeggarsa gochuun barbaachisummaa inni qabu tilmaama keessa kan galche argachuuf mirga qabaachuu isaa ni beeku.
2. Galma ga'iinsa kaayoo kanaatiif, biyyoonni Waadaa kana seenan sanadoota seera-qabeeyyii idil-addunyaa tilmaama keessa galchuudhaan, keessumatti kanneen kanatti aananii argaman raawwachuuf ni tattaafatu:
   a. Daa'imni kamiyyuu, seerota biyyaalessaa ykn idil-addunyaatiin gochoota hindhorkamne sababa raawwachuu isaaf, ykn hinraawwatin hafuu isaatiif, seera adaba yakkaa cabseera jedhamee kan hinhimatamne, ykn akka cabseetti kan hinlakka'amne ta'uu;

b. Daa’imni seera adaba yakkamaa cabseera jedhame ykn cabsuu isaaf kan himatame kamiyyuu, yoo xiqqaate wabummoota kanatti aananii argaman ni qabaata:
   i. Bu’uura seeraatti, balleessaa ta’uun isaa hanga mirkanaa’utti, akka qulqulluutti tilmaamamuuf;
   ii. Himata isarratti dhiyaate hatattamaafi kallattiidhaan, yommuu barbaachisaa ta’us karaa haadhaa fi abbaa isaa ykn karaa guddiftuu isaa beekuuf, akkasumas himannichas ofirraa ittisuuf wayita qophii godhu gargaarsa seeraa ykn deeggarsa biroo barbaachisaa ta’an argachuu;
   iii. Qaama dandeettii, bilisummaa fi walabummaa qabuun ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabuutiin dhimmi isaa utuu lafarra hin harkifamiin haala gaarii fi seera qabeessa ta’een dhagahamee, umurii daa’imichaa ykn haala inni ykn haatii fi abbaan isaa ykn guddiftuun isaa keessa jiran tilmaama keessa galchuudhaan daa’imicha kan hin fayyadne yoo ta’e irraan kan hafe, bakka gargaarsi seeraa ykn deeggarsi biroo barbaachisoo ta’an jiranitti murtii argachuu;
   iv. Jecha ragummaa isaa kennuuf ykn balleessaa ta’uu isaa amanuuf hin dirqamu; namoota ragaa isarratti bahan gaaffii qaxxamuraa ofiin gaafachuuf ykn ormi akka isaaf gaafatan gochuu fi; haallan carraan walqixa ta’e jiraachuu isaa agarsiisuun, ragoonni inni waammates jecha isaanii akka kennanii fi dhimmicha keessatti gama isaa goranii akka hirmaatan gochuu;
   v. Seera adaba yakkamaa cabseera jedhamee yoo itti murteeffame, murtiin kunii fi bu’ura murtii kanaatiin tarkaanfiiwwan isarratti fudhataman hundi qaama ol’aanaa dandeettii, bilisummaa fi walabummaa qabun ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabun irra deebi’amee akka ilaalamuuf taasifachuu;

vi. Qooqa ittiin hojjetamu kan hinhubanne ykn dubbachuu kan hindandeenye yoo ta’e, gargaarsa qooqa hiikuu bilisaan argachuuf;
vii. Sadarkaa dhimmisaa itti ilaalamu kam irrattiyyuu dhuunfummaan jireenya mataa isaa isaa akka kabajamuuf taasifachuuf,

3. Biyyoonni Waadaa kana seenan, daa’imman seera adaba yakkamaa cabsaniiru jedhaman, yakkaan himataman, ykn cabsuun isaanii mirkanaahe ilaalchisee, seerri sirnii, waajiroonniifi dhaabbileen akka jiraatan gochuuf, keessumatti:
   a. Umrii xiqqaa daa’imman ittiin seera adaba yakkaa cabsuu akka hindandeenyeetti lakka’aman murteessuuf,
   b. Barbaachisaafi kan ta’uu qabu ta’ee wayita argamu, mirgoonni namoomaafi wabiiwwan seeraan gonfataman hanga kabajamanitti, dhimmi daa’imman akkanaa sirna falmiitti dhimma bahuu utuu hin barbaachisiin ilaaluun akka danda’amu tarkaanfiiwwan fudhachuu;

4. Kunuunsi gosa adda-addaa kana akka oggansaa fi to’anna, gorsaa, amakkiroon, oolmaa daa’immaniitti, sagantaaleen barumsaafi leenjii ogummaa, akksumas kunuunsa dhaabbilee kan bakka bu’an kanbiroon filatamoo ta’an addaddaa, nageenya daa’immaniif amansiisoo ta’aniifi haala irratti argamaniifi yakkicha waliin kan wal gitan ta’uu qabu.

KEEWWATA – 41

Waadaan kun, mirga daa’immanii hojiirra oolchuuf caalmaatti mijaa’oo kan ta’aniif

(a) seera biyya Waadaa seeneetti; ykn

(b) Labsiiwwan seera idil-addunyaa biyya sanatti raawwatamummaa qaban irratti ibsaman kan tuqu hinta’u.

KUTAA – LAMA
KEEWWATA-42

Biyyoonni Waadaa kana seenan yaadnii fi tumaaleen Waadaa kanaa namoota gayeessota ta'anii fi daa'imman biratti bal'inaan akka beekaman taasisuuf tarkaanfiiwwan barbaachisoo fi qabatamoo ta'an hunda ni fudhatu.

KEEWWATA – 43

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, dirqamoota Waadicharratti fudhatan raawwachuuf tarkaanfiiwwan fudhataman kan qoratu Koreen Mirgoota Daa'immanii hojiiwwan kanatti aananii argaman hojjetu tokko ni hundeeffama.

2. Koreen kun ogeessota naamusa ol'aanaafi dhimmoota Waadaa kana keessatti ammatamanirratti dandeettii ol'aanaa qaban kudhan miseensummaan of keessatti ni qabata. Miseensonni Koree lammiiwwan biyyoota Waadaa kana seenani keessaa biyyoota Waadaa kana seenaniin filatamanii dhuunfaa isaaniitti tajaajila kennu. Yeroo filannichaa hirmaannaan biyyoota qixa addaddaa jiranii akka jiraatuufi deemsonni sirnoota seeraas akka bakka bu'aman xiyyeeffannoon ni kennama.

3. Miseensonni Koree maqaa kaadhimamtoota biyyoota Waadaa kana seenanii keessaa filannoo sirna iccitiin adeemsifamuun filatamu. Tokkoo tokkoon biyya filannoo kanaaf lammiiwwan isaa keessaa kaadhimamaa tokko dhiyeessuu ni danda'a.

4. Filannoon miseensota Koree inni jalqabaa Waadaan kun guyyaa hojiirra oolee jalqabee yeroo ji'a jaha hincaalle keessatti fi filannoowwan itti aanan ammo waggaa lama-lamaan kan raawwatamu ta'a. Tokkoo tokkoon filannoo raawwatamuu isaa dura yoo xiqqaate ji'a afur dursee Muummichi Barreessaa

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii, biyyoonni kaadhimamtoota isaanii yeroo ji'a lamaa keessatti akka beeksisan xalayaadhaan isaan gaafata. Itti aansuudhaanis Muummichi Barreessaa maqaa kaadhimamtootaa bu'ura tartiiba qubee maqaa isaaniitti biyya kamirra akka dhiyaatan waliin tarreeffamaan galmeessee biyyoota Waadaa kana seenaniif akka qaqqabu taasisa.

5. Filannoowwan kan taasifaman walga'iiwwan Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniin waamamaniifi biyyoonni Waadaa kana seenan waajjira giddugaleessaatti deemsiifamaniin ta'a. Biyyoota Waadaa kana seenan keessaa harka sadii keessaa harki lama (2/3) yoo argaman, walga'iin kan adeemsifamu ta'ee, bakka bu'oota biyyoota Waadaa kana seenan kanneen walga'iiwwan kanarratti argamanii sagalee waliigala kennan keessaa kaadhimamtoonni sagalee walakkaa oliifi ol'aanaa argatan miseensota Koree ta'anii filatamu.
6. Miseensonni Koree, turtaa yeroo hojii waggaa afuriitiif filatamu. Yoo yeroo lammaffaaf kaadhimummaan dhiyaatanis, yeroo lammaffaaf filatamuuf dorgomuu ni danda'u. Turtaan waggoota hojii miseensota Koree keessaa kanneen nama shanii filannoon inni jalqabaa raawwatamee dhuma waggaa lammaffaatti xumurama. Filannoon jalqabaa raawwatamee battalumatti, dura-taa'an walga'ichaa carraa buusuun, maqaan miseensota shanan kana adda ba'ee beekama.
7. Koreen kun raggaasisuuf aangoon inni qabu akka eegametti ta'ee miseensi Koree tokko yoo du'e ykn fedhii mataa isaatiin hojii isaa yoo gadi dhiise, ykn sababa kamiiniyyuu hojii Koree kanaa adeemsisuu kan hindandeenye ta'uu yoo beeksise, bara hojii isa hafeef biyyi duraan kaadhimummaan isa dhiyeesse oggeessa kan biraa tokko lammiiwwan isaa keessaa filatee ni muuda.
8. Koreen kun danbii naamusa hojii mataa isaatii ni baafata.

9. Koreen kun muudamtoota yeroo hojii waggaa lamaatiif isa ogganan ni filata.

10. Walga'iiwwan Koree kanaa waajjira giddugaleessa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ykn iddoo kanbiraa Koreen murteessuutti adeemsifamu. Koreen waggaatti yeroo tokko walga'ii taa'a. Walga'iiwwan Koree hojiirra yeroo hammamiif akka turan walga'ii biyyoonni Waadaa kana seenan adeemsisan irratti murtaa'a. Akka barbaachisummaa isaattis ni fooyyeffama. Yaa'ii Waliigalaa irrattis akka ragga'u taasifama.

11. Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii, Koreen kun hojiiwwan isa Waadaa kana irratti kaa'aman kan ga'umsaan raawwachuu isa dandeessisu humni namaafi qophiin barbaachisu akka qixaa'uuf taasisa.

12. Yaa'ii Waliigalaa irratti yammuu raggaasifamuufi bu'ura haalota Yaa'ichi murteessuutti, miseensonni Koreen Waadaa kanaan hundeeffamuu kaffaltii tajaajilaa Mootummoota Gamtoomanirraa fudhatu.

KEEWWATA – 44

1. Biyyoonni Waadaa kana seenan, mirgoota Waadaa kana keessatti eegumsa argatan hojiirra oolchuuf waa'ee tarkaanfiiwwan fudhataniifi mirgoota kanatti fayyadamuu ilaalchisee fooyya'insa mul'ate yeroo itti aanee ibsame keessatti gama Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomaniitiin Koree kanaaf gabaasa dhiyeessuuf waliigalaniiru.
   a. Biyya dhimmichi isa ilaallatuuf, guyyaa Waadaan kun hojiirra oolee jalqabee yeroo waggaa lamaa keessatti,
   b. Sana booda waggaa shan- shanitti.
2. Gabaasonni bu'ura keewwata kanaatti dhiyaatan, akkaataa raawwii dirqamoota Waadaa kana keessatti labsamanii haala ilaaluun haalotaafi rakkoowwan isaan qunnaman yoo jiraatan ibsuutu isaanirra jiraata. Biyya dhimmi gabaasichaa isa ilaallatu

keessatti, waa'ee raawwatamummaa waliigaltichi qabuu irratti Koreen kun hubannoo waliigalaa akka argatuuf, odeeffannoowwan gahaa of keessatti qabaachuu qabu.

3. Biyyi gabaasa waliigalaa isa jalqabaa Koree kanaaf dhiyeesse bu'ura keewwata xiqqaa 1(b) kan keewwata kanaatti, gabaasota itti aananii jiran yeroo dhiyeessu, odeeffannoowwan bu'uraa gabaasa isa duraa keessatti dhiyeessee ture irra deebi'ee dhiyeessuu isa hinbarbaachisu.
4. Koreen ragaalee dabalataa Waadicha raawwachuuf isa barbaachisu biyyoota Waadaa kana seenan irraa gaafachuu ni danda'a.
5. Koreen kun waa'ee sochii hojii isaatii gama Mana Maree Dinagdee fi Hawaasummaa Mootummoota Gamtoomanii, Yaa'ii Waliigalaatiif waggaa lamatti yeroo tokko gabaasa dhiyeessa.
6. Biyyoonni Waadaa kana seenan, gaabaasoti isaanii ummatoota biyyoota isaaniitiif bal'inaan akka qaqqaban ni taasisu.

KEEWWATA – 45

Waadicha haala gaariin hojiirra akka oolu gochuufidhimma Waadichaan hammatamerratti wal deggarsa idil-addunyaa jajjabeessuuf:

a. Dhaabbattoonni Mootummoota Gamtoomanii itti-gaafatamummaan hojii addaa kennameefii, Dhaabbati Gargaarsa Daa'immanii Mootummoota Gamtoomaniifi qaamoleen dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii kanneen biroon marii labsiiwwan Waadaa kanaa hojiirra oolchuuf adeemsifamu irratti itti-gaafatamummaa hojii isaaniif kenname ilaalchisuun bakka bu'ummaan hirmaachuuf mirga ni qabaatu. Koreen kun dhaabbilee Mootummoota Gamtoomanii itti gaafatamummaan hojii addaa kennameef, Dhaabbata

Gargaarsa Daa'immanii Mootummoota Gamtoomaniifi qaamolee dhaabbatichaa kanneen biroo barbaachisoodha jedhee itti amane akka akka gahee itti-gaafatamummaa isaaniitti, gama waliigalticha hojiirra oolchuutiin gorsa eksipartummaa akka kennaniif afeeruu ni danda'a. Koreen kun dhaabbilee Mootummoota Gamtoomanii itti-gaafatamummaan hojii addaa kennameef, Dhaabbati Gargaarsa Daa'immanii Mootummoota Gamtoomaniifi qaamoleen dhaabbatichaa kanneen biroon akka akka gahee hojii isaaniitti, waa'ee raawwatamummaa waliigalichaa ilaalu irratti gabaasa akka dhiyeessan gaaffachuu ni danda'a.

b. Koreen kun barbaachisaa ta'ee yammuu argu gaaffiiwwan gorsa teeknikaa ykn gargaarsaa biyyoonni miseensota ta'an dhiyeessan kamiyyuu, yaada isaa itti dabaluudhaan dhaabbilee Mootummoota Gamtoomanii itti-gaafatamummaan hojii addaa kennameef, Dhaabbanni Gargaarsa Daa'immanii Mootummoota Gamtoomaniifi qaamolee Mootummoota Gamtoomanii dhimmichi isaan ilaallatu kanneen biroof ni dabarsa.
c. Koreen kun dhimmoota mirgoota daa'immanii ilaalchisuun murta'an irratti maqaa Koree kanaatiin qu'annaan akka godhamu, Yaa'iin Waliigalaa Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii akka gaafatuuf yaada murtii dhiyeessuu ni danda'a.
d. Koreen kun bu'ura keewwata 44 fi 45tti odeeffannoowwan argamanirratti hundaa'uudhaan yaadotaafi waliigalli yaadota murtii biyyoota Waadaa kana seenan kanneen dhimmichi isaan ilaallatu kamiifiyyuu akka darban taasifamu. Yaa'ii Waliigalaatiifis yaada biyyoonni Waadaa kana seenan dhiyeessan waliin gabaasa ni dhiyeessu.

KUTAA – SADII
KEEWWATA – 46

Waadaan kun biyyi kamiyyuu akka mallatteessuuf banaa ta'a.

KEEWWATA – 47

Waadaan kun raggaasifamuu isa barbaachisa. Sanadoonni inni ittiin raggaasifamu Muummicha Barreessaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bira taa'u.

KEEWWATA – 48

Waadaan kun biyyi kamiyyuu akka fudhatuuf banaa ta'ee ni tura. Sanadoonni ittiin fudhatamus Muummicha Barreessaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bira taa'u.

KEEWWATA – 49

1. Sanadni Waadichi ittiin raggaasifame ykn ittiin fudhatame inni digdamaffaan Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii bira kaa'amee irraa eegalee guyyaa soddomaffaatti kan ragga'e ta'a.
2. Sanadni Waadichi ittiin raggaasifame ykn ittiin fudhatame inni digdamaffaan erga Muummicha Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii bira taa'ee booda, tokkoo tokkoo biyya Waadicha fudhatu ykn raggaasisu, sanadni Waadicha itti raggaasifamu ykn fudhatamu kaa'ee gaafa guyyaa sodommaffaa Waadichi kan ragga'e ta'a.

KEEWWATA – 50

1. Biyyi Waadaa kana seene Waandaan kun akka fooya'u yaada murtii dhiyeessuu ni danda'a. Yaada fooyyee ta'es qopheessanii Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniitiif dhiheessuu ni dandaha. Barreessaan Muummichis yaadonni fooyyessaa biyyoota Waadaa kana seenaniif akka ergaman taasisa. Akkasumas yaadota fooyyessaa dhiyaatanirratti mari'achuufi sagalee kennuuf korri biyyoota Waadaa kana seenanii akka adeemsifamu kan barbaadan yoo ta'e yaada isaanii akka isa beeksisan gaafata. Yaadonni fooyyessaa biyyoota Waadaa kana seenaniif akka ga'u godhamee yeroo ji'a afurii keessatti biyyoota Waadaa kana seenan keessaa yoo xiqqaate harka sadii keessaa harki tokko (1/3) korichi akka qophaa'u kan deggaran yoo ta'e, Barreessaan Muummichi qopheessummaa Mootummoota Gamtoomaniitiin kora ni waama. Biyyoota Waadaa kana seenan kanneen kora kana irratti hirmaatan keessaa harki caalu kan deggare yaadni fooyyessaa kamiyyuu akka raggaasifamuuf Yaa'ii Waliigalaaf dhiyaata.
2. Bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 kanaatti yaadni fooyyessaa fudhatama argate Yaa'ii Waliigalaatiin yammuu raggaasifamuufi biyyoota Waadaa kana seenan keessaa harka sadii keessaa harki lama yammuu fudhatan kan ragga'e ta'a.
3. Yaadi fooyyessaa tokko wayita ragga'u, biyyoota isa fudhatan irratti humna dirqisiisummaa ni qabaata. Biyyoonni Waadaa kana seenan kanneen biroon garuu keewwattoota Waadichaa warren jiranii fi fooyyessoota duraan fudhataniin ni dirqamamu.

KEEWWATA – 51

1. Biyyoonni Waadicha yammuu raggaasisan ykn yammuu fudhatan, dhimmoota akka isaan biratti raawwii hin-arganneef danqoo itti ta'an ykn irraa of qusatan Muummichi Barreessaa Mootummoota Gamtoomanii barreeffamaan fuudhee, biyyoota hundaaf akka ga'an taasisa.
2. Kaayoo fi yaada Waadaa kana waliin bifa wal hinsimanneen raawwii irraa ittisuun kan dhorkamedha.
3. Dhimmoota akka hinraawwatamne ittifaman Barreessaa Muummicha beeksisuudhaan yeroo kamiyyuu kaasuun ni danda'ama. Barreessaan Muummichis dhimmuma kana biyyoota hundaaf beeksisa. Beeksisni akkasii guyyaa itti Barreesaa Muummicha qaqqabee jalqabee bu'aa kan qabaatu ta'a.

KEEWWATA – 52

Biyyi Waadaa kana keessa jiru tokko, Barreessaa Muummicha Mootummoota Gamtoomaniif barreeffamaan beeksisuudhaan, Waadaa kana keessaa bahuu ni danda'a. Waadaa keessaa ba'unis kan ragga'u beeksifnichi Barreessaa Muummichaa Mootummoota Gamtoomanii guyyaa qaqqabe irraa eegalee waggaa tokko booda ta'a.

KEEWWATA – 53

Waadaan kun Barreessaa Muummichaa Mootummoota Gamtoomanii bira taa'a.

KEEWWATA – 54

Orginaalli Waadaa kanaa muummicha barreessaa mootummoota Gamtoomanii bira taa'a. Garagalchoonni afaan Arabiffaa, afaan Chaayinaa, Ingiliffaa, afaan Faransaay, afaan Ruusiyaafi Ispaaniish walqixa beekamummaa qabaatu.

Waadaan kun namoota mootummoota isaaniif bakka bu'oota guutuu ta'aniifi aangoo kennameetiin mallatteeffamuun isaa mirkanaa'eera.